# XIINXALA BARREEFFAMA XALAYAALEE HOJII WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA: HAALA AANAA GAWOO QEEBBEE

**TOLAA AYYAANAA YAADDESSAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/12019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA BARREEFFAMA XALAYAALEE WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA: HAALA AANAA GAWOO QEEBBEE

TOLAA AYYAANAA

GORSAAN: Dr. AMAANU'EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN  GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuun guuttachuuf, Tolaa Ayyaanaa Mata duree: *"Xiinxala xalayaalee Waajjiraalee mootummaa Aanaa gawoo Qeebbee"* jedhurratti qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo ________________ Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa ___________________ Mallattoo ________________Guyyaa ____________

Gorsaa ___________________________Mallattoo _______________ Guyyaa ____________

_____________________________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii 2ffaa (MA)

## Axereeraa

*Qorannoon kun xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon qorannoo kanaa xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee xiinxaluudha. Kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uufis meeshaaleen funaansa ragaalee sadii: sakatta'a dookumantii, bargaaffiifi afgaaffiitti dhimma ba'ameera. Haaluma kanaan, xalayaaleen hojii waajjiraalee mootummaa keessatti argaman suuraan isaanii kaafamuun kan fudhataman yoo ta'u, qaamota dhimmi ilaallaturraa, bargaaffiifi afgaaffii caaseffamaa qopheessuun ragaan walitti qabameera. Ragaaleen walitti qabamanis mala makaa (akkamtaafi ammamtaa)n akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin walitti dabalamuun xiinxalamuun hiikni itti kennameera. Haaluma kanaan, cuunfaa ragaalee argame kanarraa argannoon qoratichi adda baase xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessa hanqinoonni hedduun jiraachuudha. Akaakuuwwan hanqinaalee kunneen, hanqina ulaagaa xalayaan hojii ittiin barraa'u wal'aaluu, barreeffama xalayaa keessatti fayyadama afaanii wal'aaluufi hanqina qulqullina barreeffamaafaa akka ta'e sakatta'a dookumantiirraa adda ba'eera. Madda hanqina xalayaalee ilaalchisee, ariitiin barreessuu, akka waan beekaniitti tuffatanii ilaaluu, barnoota sadarkaa adda addaatti kennaman haalaan barachuu dhabuu, xiyyeeffannoon ilaaluu dhabuu, ga'umsa barreessuu dhabuu, qaamni ogummaa xalayaalee kana gulaalu dhibuu, sirreeffamniifi leenjiin dhimma xalayaa barreessuu irratti kennamuu dhabuu ta'uun isaa adda baafameera. Tooftaaleen hanqina kanneen ittiin maqsuuf oolan, xiyyeeffannoon barreessuu, suuta itti yaadaa barreessuu, ergaa xalayaafi dubbiftoota isaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barreessuu, irradeebi'uun waliif gulaaluufi nama ga'umsa barreessuu qabu gulaalchisuu, kitaabilee waa'ee barreessuu barsiisan dubbisuu, afaanicha akka waan beekaniitti tuffachuu dhiisuu, leenjiin dhimma xalayaa barreessuu irratti kennamuufi qaamni hanqina uumame sirreessuufi deggersa kennu jiraachuu akka ta'e kallattiin furmaataa agarsiifamee jira.*

## Galata

Waan hundumaa dura isa fayyaafi nagaa naaf kennee hojii qorannoo koo kana jalqabaa hanga xumuraatti akkan fiixaan baafadhu nataasise waaqayyo Uumaadhaaf galanni guddaan haata'u.

Itti aansuudhaan, mata duree Xiinxala xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti barreeffamanii jiran irratti yeroon qorannoo geggeessaa ture nuffii tokko malee gorsaafi sirreeffama garagaraa cimee akkan hojjedhuuf naaf kennan gorsaa koo Amaanu'eel Alamaayyoo (PhD) guddaan galateeffadha.

Kana malees, Haadha warraa koo najajjabeessuufi deggersa maallaqaan cinaa koo dhaabatte Ayyaanee Olaanaa utuun hingalateeffatin hindarbu. Dabalees, Hojjetoota waajjiraalee Aanaa Gawoo Qeebbee xalayaalee garagaraa naaf kennaniif odeef-kennitoota waakkii tokko malee odeeffannoo naa kennaa turan baay'een galateeffadha.

Kana malees, Mana Barumsaa an iraa barsiisu Mana Barumsaa Qophaa'ina Qeebbee 'laptop'fi deggersa maallaqaatiin nabira dhaabate akkasumas, Barsiisaa Toliinaa Guutaa deggersa ogummaa kompiyuutaraan nuffii tokko malee nadeggeran utuu hingalateeffatin darbuu hinbarbaadu.

## Gabaajeefi Kottoonfachiisa

### Gabaajee

Dip.:  Dippiloomaa

Dh.L.B: Dhaabbat Leenjii Barsiisotaa

W/M/M/A/G/Qeebbee : Waajjira Mana Murtii Aanaa Gawoo Qeebbee

W/Dhi/Du/Daa'i/A/G/Qe. : Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Aanaa Gawoo Qeebbee

W/Bul./A/G/Qeebbee :Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Gawoo Qeebbee

W/E/M/Q/A/G/Q : Waajjira Ejensii Beeyladaafi Misooma Qurxummii

W/P/S/M/Q/N: Waajjira Paabilik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Namaa

Waajjira bar/A/G/Q: Waajjira Barnootaa Aanaa Gawoo Qeebbee

W/Q/M/B/A/G/Qeebbee: Waajjira Qabeenyaafi Misooma Beeyladaa Aanaa Gawoo Qeebbee

### Kottoonfachiisa

k.k.f  :  kan kana fakkaatan

fkn.  :  fakkenya

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ........................................ i
Galata ........................................ ii
Gabaajeefi Kottoonfachiisa ........................................ iii
Kottoonfachiisa ........................................ iii
Tarree Gabatee ........................................ vi
Boqonnaa Tokko: Seensa
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........................................ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........................................ 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........................................ 5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........................................ 5
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........................................ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........................................ 7
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........................................ 7
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee ........................................ 8
2.1.1. Maalummaa Barreessuu ........................................ 8
2.1.2. Xalayaa ........................................ 8
2.1.3. Akaakuu Xalayaa ........................................ 9
2.1.3.1. Xalayaa Dhuunfaa ........................................ 10
2.1.3.2. Xalayaa Hojii ........................................ 10
2.2. Ulaagaalee Xalayaa Gaarii ........................................ 11
2.2.1. Ergaa/Yaada/Ifaa Barreessuu ........................................ 11
2.3. Ulaagaalee Xalayaa Gaarii Tokko Barreessuuf Hordofamuu Qaban ........................................ 13
2.4. Caacculee Xalayaa Gaarii ........................................ 15
2.5. Sadarkaalee Xalayaa Barreessuu ........................................ 15
2.6. Hanqina Barreeffama Xalayaalee Waajjiraalee Keessatti Mul'atanii ........................................ 16
2.7. Waantota Hanqina Dogongora Barreessuun Dhufan ........................................ 18
2.8. Wantoota Hanqina Xalayaa Barreessuutiif Sababa Ta'an ........................................ 19
2.9. Karaalee Ittiin Hanqinaaleen Xalayaa Barreessuu Furamuu Danda'an ........................................ 21
2.10. Sakatta'a Barruu Wal-fakii ........................................ 21

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa
3.1. Saxaxa Qorannichaa........23
3.2. Madda Ragaalee........23
3.3. Mala Iddatteessuu........23
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa........25
3.4.1. Sakatta’a Xalayaalee........25
3.4.2. Bargaaffii........26
3.4.3. Afgaaffii........27
3.5. Mala Ragaaleen Ittiin Xiinxalaman........28
Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee
4.1. Seen-Duuba Odeef-Kennitootaa........29
4.2. Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Xalayaa........30
4.2.1 Xiinxala Qabiyyee Xalayaa........30
4.2.1.1. Hanqina Ulaagaalee Xalayaa Gaarii Barreessuu........30
4.2.1.2. Hanqina Fayyadama Afaanii........47
4.2.2. Qaaccessa Unka Xalayaa........53
4.2.2.1. Hanqina Dogoggora Barreessuun Dhufan........54
4.2.2.1.1. Hanqina Itti Fayyadama Sirna Tuqaalee........54
4.2.2.1.2. Hanqina Qubeessuun Walqabatan........58
4.2.1.4. Hanqinaalee Barreeffama Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa Mul'ataniif Madda Isaanii Tarreessuu Waliin Kan Walqabate........67
Boqonnaa Shan: Cuunfaa Argannoofi Yaada Furmaataa
5.1. Cuunfaa........71
5.2. Argannoo........72
5.3. Yaada Furmaataa........73
Dabaleewwan........

## Tarree Gabatee

**Fuula**


Gabatee 1: Umuriidhaan ....................................................................................29
Gabatee 2: Koorniyaadhaan...................................................................................29
Gabatee 3: Sadarkaa barnootaan..............................................................................29
Gabatee 4: Bara tajaajilaan .......................................................................................30
Gabatee 5: Xiinxala Bargaaffii Iftoomina Ergaa Xalayaa Waliin Walqabate ..................31
Gabatee 6: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Dubbuftoota Xiyyeeffachuu Waliin Walqabate ..............................................................................................34
Gabatee 7: Xiinxala Bargaaffii Keeyyata Gaggabaabootti Qoqqooduun Walqabate........37
Gabatee 8: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Qindoomina Yaadaa Qabaachuurratti...............39
Gabatee 9: Xiinxala Bargaaffii Sirrummaa Waliin Walqabate.........................................43
Gabatee 10: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Jechoota Salphaatti Hubatamaniifi Ifaa Ta'anii Barreeffamuu Waliin Waalqabate.................................................................44
Gabatee 11: Xiinxala bargaaffii Hanqina Kaayyoo Qabaachuu Waliin Walqabate..........46
Gabatee 12: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Afaan kabajaa fayyadamuu irratti...................48
Gabatee 13: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Afaan Walkeessa Makanii Fayyadamuu.........50
Gabatee 14: Xiinxala Bargaaffilee Xalayaalee Barreessuu Keessatti Hanqinni Sirna Tuqaalee Maal Akka Ta'an Adda Baasuun Walqabatan ........................55
Gabatee 15: Xiinxal Bargaaffii Hanqina Qubeessuun Walqabatanii Mul'atan..................58
Gabatee 16: Hanqina Gabaabsuufi Dheeressuu Sagalee Dubbachiisaa irratti...................59
Gabatee 17: Hanqina Sagalee Dubbifamaa Jabeessuufi laaffisuurratti Mul'atan ..............62
Gabatee 18: Hanqina Dubbifamaa Sadiin Dhiheessuu .....................................................64
Gabatee 19: Jechoota Hanqina Irrabutaan Uumaman.......................................................65
Gabatee 20: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Barreeffama Xalayaa Waajjiraalee Eessaa Akka Maddan Ibsuun Walqabatan...............................................................67
Gabatee 21: Xiinxala Bargaaffii Rakkooleen Xalayaa Barreessuu Waajjiraalee Biratti Mul'atan Akkamitti Fooyya'uu Akka Danda'amu Waliin Walqabatan ..........69
Gabatee 22: safaree sakatta'a dookumantii .......................................................................82

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan uummata bal'aadhaan dubbatamuudha. Afaan kun carraa barruun dagaaguu utuu hinargatin hanga jaarraa 19ffaatti turuu isaa Makuraan (1995:36) nidubbata. Jaarraadhuma kanaa kaasee wantoonni hedduun Afaan Oromoo irratti barreeffamuu isaa Gragg (1976) ni ibsa. Kana malees, dhalootaan Oromoo kan ta'an Onesmoos Nasiibiifi Asteer Gannoo kitaabilee adda addaa qubee Saabaatiin Afaan Oromootti kan hiikaniifi ofii isaaniitiis barreessanii akka maxxansiisan hayyoota adda addaan ibsameera. Yaaduma kana deggeruun Gadaa Meelbaa (1998:16) namoota biyya alaatii dhufanii Oromiyaa daawwataa turaniin wantoonni hedduun waa'ee Afaan Oromoo ilaalchisee kan barreeffame akka jiru, keessumaa iyyuu Misiyoononni Awurooppaa hojii baay'ee qubee Roomaa, Saabaafi kan Arabaa fayyadamuudhaan Afaan Oromoon kan barreessan yeroo ta'u, meeshaaleen maxxanfaman, kitaaba qulqulluu dabalatee faaruu amantaafi miti amantaa, galmee jechootaa, mammaaksa, walaloo, kitaabilee mana barumsaa, seer-lugaafi k.k.fn akka barreeffaman ni ibsa.

Chaarteriin mootummaa ce'umsaa Itoophiyaa Afaan Oromoo Afaan mootummaa naannoo oromiyaa ta'ee bara 1991 irraa eegalee hojiirra akka oolu heera mootummaa Naannoo Oromiyaa keeyyata 5ffaa irratti yeroo murteessu kan barreeffamus qubee Afaan Laatiniitiin ta'uu isaa mirkaneessee jira (Misgaanuu, 2011). Kanarraa ka'uun bara 1993 irraa eegalee Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti akka Afaan barnootaatti manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti immoo, akka gosa barnootaa tokkootti akka kennamu ta'uun yeroo ammaattis Kolleejjiifi Yuunivarsitii adda addaa keessatti sadarkaa digirii 1ffaatti kan kennamaa jiruudha. Dabalataanis, Yuunivarsitoota hedduu keessatti barnoota digirii 2ffaafi PhDtti kennamaa jira.

Barnoonni adda addaa kunneen Afaan Oromootiin kennamuun isaa kun immoo, ogummaan barreessuu akka dagaaguuf haala mijeessee jira. Kana malees, Nunan (1989), Halliday (1985) wabeeffachuun barbaachisummaa ogummaa barreessuurratti yeroo ibsitu, barreessuun sirrii ta'e guddina afaaniifi jijjiirama aadaa keessatti fedhii uummanni dubbii afaaniin guuttachuuf hindandeenye furuuf akka gargaaru ibsiti. Dabalataan, akka Misgaanuu (2011:94) ibsutti, "Barreeffamni ulaagaa gaarii guuteera kan jedhamu; barreeffama walquunnamtiii yaadaa ifaa, qulqullinaafi ga'aa ta'e tokko argachuuf

tarsiimoo, caasima, qabiyyee, adeemsa barreessuu, qaama barreeffamaa, dhimma filannoo jechootaafi qindoomina seer-lugaa, sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa yoo qabaateedha," jedha. Kanaafuu, namni Afaan Oromootiin barreessu tokko kana xiyyeeffannoo keessa galchuun ofeeggannoon barreessuutu isa barbaachisa jechuudha.

Barreessuun ergaa keenya karaa dubbisaan gaariitti hubachuu danda'uun akka dabarfannuuf kan nu gargaaruudha. Yaada kana deggeruun Pincas (1982:5) hiika barreessuu jedhu akkas jedhee lafa kaa'a, "Writing is an instrument of both communication and self expressions" jedha kana jechuun, barreessuun meeshaa quunnamtiifi yaada sammuu ofii keessa jiran kan ittiin ibsaniidha. Barreessaan tokkos yeroo dhimma barreessuu tokko raawwatu yaada isaa haala caasaa afaanichaan barreessuun qindeessuun irraa eegama.

Haaluma walfakkaatuun, xalayaanis meeshaa karaa namoonni ergaa qaban ittiin dabarfatan keessaa tokko akka ta'e beekamaadha. Xalayaan meeshaa namoonni barreeffama fayyadamanii ittiin walquunnaman keessaa isa tokkodha. Haaluma walfakkaatuun, Xalayaan kan namoonni fedhii, hawwii, gammachuu, gadda, dhimma hojii ilaalchisee yaada, gaaffiifi gabaasa qaban waraqaarratti barreessuun kan ittiin waliif ibsaniifi walquunnamaniidha Tafarii (1998:233). Yaaduma kana maddi toora interneetii https://en.m.org yoo ibsu, "A letter is one person's written messages to another pertaining to some matter of common concern" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, xalayaan ergaa barreeffamaa dabarfachuuf kan namni tokko qaama biraaf haalaafi yeroo barbaachisu keessatti dhimmoota adda addaa ilaalchisuun dabarsu ta'uusaati.

Akka Dawson, (2004:7) ibsutti, "Xalayaan akaakuu lamatti qoodama. Innis xalayaa dhuunfaafi xalayaaa hojiiti" jedha.Yaanni kuni immoo, xalayaan xalayaa hojiifi xalayaa dhuunfaa jedhamee qoodamuu isaa kan mul'isuudha.

Xalayaan dhuunfaa kan firri firaaf, maatiin maatiif, ollaan ollaaf, dhimmoota dhuunfaaf barreessaniidha. Xalayaaleen akkasii nagaa walgaafachuu, wal affeeruufi dhimmoota dhuunfaa waliif dabarsuuf kan gargaaru ta'uu Geetaachoon (2007:136) ibsee jira. Maddi toora interneetiis yaada kana deggeruun yeroo ibsu, "Informal letter is a letter you would write to a friend, a family member or acquaintance" jedha. Yaanni kun kan agarsiisu, xalayaan dhuunfaa dhimma dhuunfaaf nama dhuunfaarraa gara nama dhuunfaatti, hiriyaafi miseensota maatiif kan barreeffamu akka ta'eedha.

Maddi toora interneetii www.qsstudy. com immoo yeroo ibsu akkas jedha.

> *Official letter is generally written for conveying various official messages such as rules, regulations, procedures, orders, actions, reactions, opinions etc. from one organizations to another; or from one department to another; or from one individual to another individual. In writing this letter, official structure, rules and procedures are strictly followed and maintained (www.qsstudy. com).*

Yaada kanarraa kan hubannu xalayaan waajjiraa walumaagala kan barreeffamu, ajaja, gorsa, akeekkachiisa, yaada waajjira keessatti mari'atamu, ademsa hojii waliigalaa akkasumas; seera, heeraafi kkf, dhaabbataa gara dhaabbataatti, waajjiraa gara waajjiraatti, waajjiraa gara nama dhuunfaatti, nama dhuunfaarraa gara waajjiraafi kkf,tti kan baarreeffamuudha.

Xalayaan hojii dhimma adda addaatiif waajjirri waajjiraaf, waajjirri tokko namoota dhuunfaaf yookaan namni dhuunfaa tokko waajjira tokkoof kan barreessu ta'uu Geetaachoo (2007:137) ibsee jira. Akka yaanni barreessaa kanaa ibsutti, namni tokko qacaramuuf, miseensa gumii tokkoo ta'uuf, dhimma hojii waajjira tokkoo waajjira biraaf ibsuuf, dhaabbata barnootaa olaanoo tokko keessa galanii barachuuf kan barreeffamu gosa xalayaa hojii ta'uusaati.

Haata'u malee, Naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Oromoo afaan hojii ta'ee tajaajiluu kan jalqabe yeroo dhihoo ta'uurraa kan ka'e, afaanicha barsiisuus ta'ee barachuu akkasumas tajaajila adda addaatiif oolchuu irratti hanqinoonni sirna tuqaalee, qubguddeessa, qubeessuu, itti fayyadama dhamjechootaa, fayyadama jechaa bal'inaan ni mul'atu. Bu'uuruma kanaan, afaanichi yeroo dhihoo keessatti afaan ogbarruu ta'uusaatiin walqabatee fayyadama isaarratti hanqinoonni akkasii yoo uumaman dhaamsa darbuufi waltina afaanichaa irratti gufuu guddaa waan ta'uuf dhimma qorannoo barbaaduudha. Kaayyoon qorannoo kanaas, xiinxala xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti xiyyeeffata.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Karaalee ergaan adda addaa ittiin daddarban hedduutu jira. Haaluma kanaan, waajjiraalee mootummaa keessatti ergaan karaalee ittiin daddarban keessaa tokko karaa xalayaati. Ergaan karaa xalayaa darbu immoo, dogongora irraa bilisa ta'uu qaba. Xalayaanis gosa barreeffamaa keessaa isa tokko waan ta'eef, hojii barreessuu keessatti iddoo olaanaa qaba.

Misgaanuun (2011:59) barreessuu yeroo ibsu, "Barreessuun hojii sammuu baay'ee walxaxaa karaa barreessaan altokkotti wantoota hedduu to'achuun agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, sadarkaa himaatti to'annaa qabiyyee, unkaa, caasaa himaa, qubeessuufi qindoomina qubeewwanii kan ofkeessatti haammatuudha" jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti barreessuun hojii cimaa kan ittiyaadamee ofeeggannoon barreeffamu ta'uusaati.

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu, xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti. Haaluma kanaan, Mata duree kanarratti akka hojjetuuf waanti qoraticha kakaase  dhimmoota adda addaatu jira. Inni jalqabaa, Barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaatii ba'anii gara mana barnootaa dhufan irratti barsiisonni adda addaa dubbisanii yaada isaarratti walmormuudhaan ergaa isaarratti qeeqa qaban yeroo dhiheessan qoratichi waan argeef mata durecharratti qorannoo geggeessuuf kaka'umsa argatee jira. Inni itti aanu, xalayaaleen dhimma hojii adda addaatiif waajjiraalee mootummaatii ba'anii gara waajjiraalee biroofi nama dhuunfaatti ergaman ergaan isaanii dubbiftoota biratti haala salphan hubatamuu dhabuu isaaniiti.

Kana malees, barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaatii baasii ta'an ilaalchisee qeeqa namoonni yeroo adda addaa kaasan qoratichaaf ka'umsa ta'ee jira. Dabalees, barreeffamni xalayaa waajjiraalee mootummaa kunniin yeroo hedduu bakka adda addaatti ergamuu isaaniirraan kan ka'e namoota hedduudhaan waan dubbifamaniif rakkina kana caalmaatti babal'isaa kan jiru ta'uu isaati. Inni dhumaa, qorannoon xalayaalee waajjiraaleerratti xiyyeeffatamee geggeeffame bal'inaan waan hinjirreef qoratichaaf ka'umsa gaarii ta'ee jira. Kanaafuu, rakkoolee eeraman kanarratti qorannoon geggeeffamee kallattiin furmaataa yoo itti kennamuu baate rakkooleen xalayaadhaan yaada waljijjiiruu bal'achuurra darbee guddina afaanichaa irratti illee dhiibbaa qabaachuu danda'a.

Kanaafuu, xiinxala xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa keessatti rakkoo gama adda addaan mul'atan kana qorachuun addaan baasanii furmaata barbaaduun guddinaafi dagaagina afaanichaaf gahee guddaa akka qabu qoratichi hubatee mata duree kana irratti qorannoo gaggeessee jira. Kanaafuu, qoratichi ka'umsa qorannoo isaatiif furmaata barbaachisu ibsuudhaaf adeemsa hojii qorannoo kanaa keessatti gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii barbaaduuf yaaliin taasifameera.

- Xalayaaleen barreeffaman unkaafi qabiyyee xalayaa hojii kan haammatanii?
- Fayyadamni afaanii isaanii hangam seera barreeffama Afaan Oromoo eegeeraa?
- Ija barreeffama gaariitiin xalayaawwan kun ciminniifi hanqinni isaanii maaliidha?
- Hanqinaaleen barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa maddi isaanii maali?
- Rakkooleen xalayaalee waajjiraalee mootummaa Afaan Oromoon barreeffaman keessatti mul'atan akkamitti fooyya'uu danda'u?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Mata duree kana keessatti kaayyoo gooroofi gooree qorannichi geggeeffameeftu ibsama.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo Gooroon qorannichaa barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee Xiinxaluu ta'a.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

1. Xalayaaleen barreeffaman unkaafi qabiyyee xalayaa hojii akka haammatan adda baasuu
2. Fayyadamni Afaan isaanii seera barreeffama Afaanii Oromoo hangam akka eege ibsuu
3. Ciminaafi hanqina xalayaalee waajjiraalee mootummaa ija barreeffama gaariitiin ilaaluun tarreessuu
4. Hanqinaalee barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa mul'ataniif madda isaanii tarreessuu.
5. Rakkoolee xalayaalee waajjiraalee Afaan Oromoon barreeffaman keessatti mul'ataniif fala barbaaduu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon adeemsifame kun kallattiidhaan yoo hojiirra oole faayidaalee armaan gadii qabaata. Bu'aan qorannoo kanaa barreessitoota yookaan hooggantoota waajjiraalee mootummaa keessatti xalayaalee barreessaniif hubannoo ga'aa kenna. Kana jechuun qorannoo kana booda bu'aa isaatiin dhimma hanqina xalayaarratti fooyya'iinsi gaariin ni argama jechuudha. Akkasumas, Hojjetoonni waajjiraalee Aanaa Gawoo Qeebbee keessaa hojjetan ulaagaalee xalayaan ittiin barreeffamuu qabu eeganii barreessuu danda'uu isaanii

akka ofmadaalaniif gargaaruu danda'a. Dabalees, Hojjettoonni mootummaa barreeffama xalayaalee xiyyeeffannoon akka barreessan taasisa. Dabalees, Hojjeettoonni mootummaa waajjiraalee mootummaa aanaa kanaa hojjetan qulqullina barreeffamaa eeganii xalayaalee barreessuu akka danda'an jajjabeessa. Akkasumas, Qaama dhimma kanarratti qorannoo geggeessuu barbaaduuf odeeffannoon qorannoo kanaa ka'umsa nita'aaf.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffate xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbeerratti. Xiinxala barreeffama xalayaalee kan jedhameefis, akkaataa Afaan Oromoo yeroo ammaa xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti barreeffamanii argaman irratti kan bu'uureffateedha. Hojii qorannichaa keessattis ijoon irratti xiyyeeffatame akka waliigalaatti xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaati. Kanatti kan daangeffameef, barreeffamoonni adda addaa waajjiraalee keessatti waan baay'ataniifi. Kunimmoo, humnaaf yeroo bal'aa gaafata. Xalayaalee kanneen xiinxaluuf immoo, ulaagaalee xalayaaleen hojii ittiin barreeffaman (iftoominni ergaa xalayaalee kanneenii maal akka fakkaatan, xalayaaleen kunneen yeroo barreeffaman dubbiftoota giddu-galeeffachuu isaanii, xalayaaleen keeyyatatti qoqqoodamanii barreeffamuufi kkf.), itti fayyadamni afaanii barreeffama xalayaalee akkam akka ta'aniifi qulqullina barreeffamaa kanneen akka sirna tuqaalee, qubeessuu, qubguddeessa, maal akka fakkaatan ibsuu, maddi rakkoolee kanneenii maal akka ta'e eeruufi furmaata rakkoolee mul'atanii kana barbaaduudha. Kanaafuu, qorannoon kun Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti xiyyeeffata. Bakka kanatti kan daangeffameef qoratichi hojii idilee isaa gadi dhiisee deemuun waan rakkoo isatti ta'eef, aanaa hojicha keessatti dalagaa jirutti daangeffamee jira. Haaluma kanaan, xalayaaleen kunis xalayaalee waajjiraalee bara 2010 barreeffamanii baasii ta'an irratti daanga'eera. Qorannoon kun, waajjiraalee hunda irratti utuu hojjetamee bu'aan isaa gaarii ture. Haata'u malee, hanqina yeroo irraa kan ka'e waajjiraalee 31 akka Aanaatti jiran keessaa waajjiraalee saddeet qofa irratti xiyyeeffate. Waajjiraaleen kunneenis:

1. Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Gawoo Qeebbee
2. Waajjira Ejensii Beeyladaafi Misooma Qurxummii Aanaa Gawoo Qeebbee
3. Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Gawoo Qeebbee
4. Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Aanaa Gawoo Qeebbee

5. Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Aanaa Gawoo Qeebbee
6. Waajjira Abbaa Taayitaa Geejjibaa Aanaa Gawoo Qeebbee
7. Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa Aanaa Gawoo Qeebbee
8. Waajjira Ganda Guddattuu Qeebbeeti.

Qorannoon kun ogummaa xalayaa barreessuu irratti xiyyeeffata. Xiinxalli kunis, gama ulaagaa xalayaa barreessuu, fayyadama afaanii barreeffama xalayaa keessatti, qulqullina barreeffama xalayaa waajjiraalee mootummaa keessatti madda hanqinaalee ogummaa xalayaalee barreessuu waliin walqabatanii jiraniif furmaata barbaaduu fa'iin kan walqabatuudha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinoonni hojii qorannoo xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa jedhu kana keessatti qoraticha mudatan gurguddoon: hooggantoonniifi barreessitoonni xalayaalee waajjiraalee mootummaa xalayaan sun suuraan kaafamee akka fudhatamu fedha dhabuu, odeef-kennitoonni odeeffannoo qulqulluu kennuuf ofkennuu dhabuu, qoratichis hojii waliin walqabatee yeroo dhabuu yoo ta'u, rakkoolee kanas furuun milkaa'eera. Kanas, xalayaalee akka suuraan hin kaaneef dhorkaman qaama sana amansiisuun akkasumas, odeef-kennitootas itti dhihaachuun amansiisuufi rakkoo yeroo waliin walqabatee mudateef yeroo boqonnaatti fayyadamee furee jira.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaawwan shanitti qoodamuun qindeeffamee jira. Boqonnaan tokko ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaa ofkeessaa qaba. Boqonnaa lammaffaan immoo, guutumaan guutuutti sakatta'a barruu ofkeessaa qaba. Kutaa inni itti aanu boqonnaa sadaffaan mala qorannichi ittiin geggeeffame yoo ta'u; madda odeeffannoo, mala filannoo iddattoowwanii, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamaniifi mala ragaaleen ittiin xiinxalaman dhiheesse. Karaa biraatiin, boqonnaa afuraffaa keessatti malleen boqonnaa sadaffaa keessatti eeramaniin odeeffannoon funaaanaman bakka itti xiinxalamaniifi hiikaman ta'ee, boqonnaa shanaffaa keessatti immoo, cuunfaa, yaada furmaataafi yabootu dhihaatee jira.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Boqonnaa kana jalatti mata-dureewwaan garaagaraa kanneen Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu waliin hariiroo qaban yookaan ulaagaalee xalayaa barreessuu, itti fayyadama Afaan Oromoo, qulqullina barreeffamaafi kanneen biroo xalayaa waliin hidhata qabantu yaada haayyootaan deeggaramee dhiyaate. Kanneenis, haala armaan gadiin kaa'amaniiru.

### 2.1.1. Maalummaa Barreessuu

Maalummaa dandeettii barreessuu ilaalchisee Beekan (2011:57) yeroo ibsu, "Barreessuun ogummaawwan bu'uuraa keessaa isa tokkoodha. Ogummaan kun, akka ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baramu osoo hin taanee; xiyyeeffannaa guddaan itti kennamee mana barnootaatti kan baratamuudha. Sababa duraan maatii biratti muuxannoonisaa hin jirreefakka haaraatti mana barnootaatti waan eegalamuuf dandeettiin barreessuu kun akka ulfaatu ta'uu isaa beektonni ni ibsu" jedha.

Dabalataanis, Geetaachoon (2006:7) yoo ibsu, Barreessuun karaa yaada yookiin ergaa ittiin dabarfatan keessaa tokko ta'ee, yaada kana immoo, waraqaarratti barreessuudhaan nama dubbisee hubachuu danda'uuf dabarsuu jechuudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa'uun kanneen akka waraqaa, sibiilaa, dhagaafi kkf, irratti barreessuun dhaloota biroodhaaf mala ittiin ergaa dabarsuuti" jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, barreessuun mallattoo irratti waliigalametti gargaaramuun yaadota qindaawaa ta'aniin ergaa dabarsuudha. Kana malees, barreessuun sagalee dubbii garagaraa mallattoo barreeffamaatti jijjiiruun hiika ykn ergaa kan ofkeessaa qabu barreessuudha.

### 2.1.2. Xalayaa

Xalayaan ergaa barreeffamaa dhaabbata tokko irraa dhaabbata birootiif yookiin nama dhuunfaa irraa gara nama birootti odeeffannoo qabatee darbuudha. Akkasumas, xalayaan walquunnamtii dhaabbilee lamaan yookiin namoota dhuunfaa lamaan gidduu akka jiraatu kan taasisuufi karaa namoonni yaada ofii bilisaan itti ibsataniidha (Geetaachoo 2007:135). Yaada kanarraa kan hubatamu, Xalayaan meeshaa namoonnis ta'e, dhaabbileen adda addaa barreeffama fayyadamanii ittiin walquunnaman yookiin dhaamsa waliif dabarsan keessaa isa tokko akka ta'eedha.

Haaluma walfakaatuun, Addunyaa (2014:158) akka ibsutti, "Maalummaa xalayaa inni guddaan, namoota gidduutti walquunnamtii uumuudha. Walquunnamtiin kunis, fageenyaafi dhiheenya, bakkaafi yeroo irratti hundaa'uun kan geggeeffamuudha," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, xalayaan karaa ittiin dhalli namaa ergaa isaa waliif dabarsu keessaa tokko akka ta'eedha. Dabalataanis, Robert (2014:158) xalayaa yeroo ibsu, "Letters that get your message across without the reader calling you for clarification, letters that pursuade your readers to accept your point of view,or take the actions you want them to take, jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, xalayaan tokko haala dubbisaa isaatiif salphaatti hubatamuu danda'uun, ergaa barreessaa bakka barbaadameen ga'uu danda'uufi dhimma barreeffamichaa haala sirriifi barbaadamuun kan galmaan ga'u ta'uu akka qabuudha.

Tafarii (1998:233) xalayaa yeroo ibsu, "Xalayaan kan namoonni fedhii, hawwii, gammachuu, gadda, dhimma hojii ilaalchisee yaada, gaaffiifi gabaasa qaban waraqaa irratti barreessuun kan ittiin waliif ibsaniifi walquunnamaniidha" jedha. Yaaduma kana maddi toora interneetii https://en.m. wikipedia.org yoo ibsu, "A letter is one person's written messages to another pertaining to some matter of common concern" jedha. Kana irraa kan hubannu, xalayaan ergaa barreeffamaa dabarfachuuf kan namni tokko qaama biraaf haalaafi yeroo barbaachisu keessatti dhimmoota adda addaa ilaalchisuun dabarsu ta'uusaati.

Gama biroodhaan, Margea (1994:18) xalayaa yoo ibsu, "Letter writing is one of the most important tasks in everyday life, particularly in business area" jedha.Yaada kanarraa kan hubannu, xalayaan hojii nuti guyya guyyaatti raawwannu waliin hidhata guddaa kan qabu akka ta'eefi keessumaa immoo naannoo hojiileen adda addaa itti hojjetaman irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati.

### 2.1.3. Akaakuu Xalayaa

Akka Dawson, (2004:7) ibsutti, "Xalayaan akaakuu lamatti qoodama. Innis xalayaa dhuunfaafi hojiiti" jedha. Yaaduma kana deggeruun maddi toora interneetii https://en.m.wikipedia.org yoo ibsu, "Letters have several different types: Formal letters and informal letters," jedha. Kanarraa kan hubannu immoo, xalayaan gosoota adda addaatti qoodamuu isaati. Kanneenis, xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojii ta'uu isaati.

#### 2.1.3.1. Xalayaa Dhuunfaa

Xalayaan dhuunfaa kan firri firaaf, maatiin maatiif, ollaan ollaaf, dhimmoota dhuunfaaf barreessaniidha. Xalayaaleen akkasii nagaa wal-gaafachuu, wal affeeruufi dhimmoota dhuunfaa waliif dabarsuuf kan gargaaru ta'uu Geetaachoo (2007:136) ibsee jira. Maddi toora interneetiis yaada kana deggeruun yeroo ibsu, "Informal letter is a letter you would write to a friend, a family member or acquaintance" jedha. Yaada armaan olii irraa kan hubannu, xalayaan dhuunfaa xalayaa jaalalleedhaaf, miseensa maatiitiif kan barreeffamu ta'uu isaati.

Xalayaan akaakuu garaagaraa qaba. Xalayaa dhuunfaa yookiin michuufi xalayaa hojiiti Tafarii (1998:233). Xalayaa dhuunfaa kan jedhamus, xalayaa dhimma dhuunfaa ilaalchisee firri firaaf, ollaan ollaaf, jaalalleen jaalalleef dhimmota adda addaa nagaa walgaafachuu, wal affeeruu, dhimma gaddaafi gammachuu walitti himuuf, waa’ee dhimma tokkoo yookiin naannoo tokkoo waliif qabaasuufi dhaamsa waliif dabarsuuf kan gargaaruudha.

Kun kan agarsiisu, xalayaan dhuunfaa dhimma dhuunfaaf nama dhuunfaarraa gara nama dhuunfaatti, hiriyaafi miseensota maatiif kan barreeffamu akka ta'eedha.

#### 2.1.3.2. Xalayaa Hojii

Margea (1994:18) xalayaan hojii akka xalayaa dhuunfaa dhimmoonni akka nageenya dhuunfaafi firaa kan keessatti barreeffamu osoo hin taane, waa'ee hojii mana hojii tokkoo yookaan dhaabbata tokko irraa dhaabbata biroof yookiin qaama birootiif seeraan galmaa'ee kan barreeffamu akka ta'e ibsa. Yaada armaan olii kanarraa waanti nuti hubannu, xalayaan waajjiraa walumaagala kan barreeffamu, ajaja, gorsa, akeekkachiisa, yaada waajjira keessatti mari'atamu, ademsa hojii waliigalaa akkasumas; seera, heeraafi kkf, dhaabbataa tokko irraa gara dhaabbata birootti, waajjiraa gara waajjiraatti, waajjiraa gara nama dhuunfaatti, nama dhuunfaarraa gara waajjiraafi kkf,tti kan baarreeffamu ta'uudha. Kana malees, waanti xalayaa dhuunfaa irraa adda taasisu seeraan galmaa'ee kan ergamuu ta'uu isaati.

Geetaachoon (2007:137) yeroo ibsu, xalayaan hojii waajjira mootummaa giddugaleessa godhachuun kan barreeffamu akka ta'eefi dhimma hojii adda addaatiif waajjirri waajjiraaf, waajjirri tokko namoota dhuunfaaf yookiin namni dhuunfaa tokko waajjira tokkoof kan barreessan ta'uu isaati. Kana malees, namni tokko qacaramuuf, miseensa

gumii tokkoo ta'uuf, dhimma hojii waajjira tokkoo waajjira biraaf ibsuuf, dhaabbata barnootaa olaanoo tokko keessa galanii barachuuf kan barreeffamu gosa xalayaa hojii ta'uusaati.

Xalayaa hojii kan jedhamu immoo, xalayaa dhimma hojii ilaalchisee namoota irraa gara waajjiraatti barreeffamu, waajjirarraa gara namootaatti barreeffamu, waajjira irraa gara waajjiraatti kan barreeffamu ta’uu danda’a. Geetaachoo (2007:136) dhimmonni xalayaan kun barreeffamuuf iyyata hojii, miseensa gumii tokko ta’uuf kan barreeffamu, xalayaan qacarrii, waa’ee sochii waajjira tokkoo irratti ibsa gaafachuuf yookiin kolleejjii tokko keessa galanii barachuuf barreeffamaan gaaffii yoo dhiyeessan barreeffamoonni akkasii barreeffama xalayaa hojii jedhama.

### 2.2. Ulaagaalee Xalayaa Gaarii

Margean (2006:18-19) xalayaa yeroo ibsu, "letter writing is often one of the most important tasks in everyday life, particularly in business area. The effectiveness of letters may mean getting a positive result" jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti xalayaan, hojii guyyaa guyyaatti raawwatamuufi jiruufi jireenya guyya guyyaa keessatti barbaachisaa akka ta'eedha. Dabalees, bu'aan xalayaarraa argamus bu'aa gaarii ta'uu akka qabuudha. Yaanni kun immoo, barreeffamni xalayaa jireenya namaa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu isaafi bu'aan isaas, kallattiin gaarii ta'uu akka qabuudha. Haaluma kanaan, barreessaan kun wantoota xalayaa tokko xalayaa gaariidha jechisiisan 10 akka armaan gadiitti tarreessee jira.

#### 2.2.1. Ergaa/Yaada/Ifaa Barreessuu

Yaada yookiin ergaa ibsanii haala salphaatti hubatamuu danda'uun irra deddeebii yaadaa malee ibsuudha. Kana malees, ergaan isaa sirriitti ifaa akka ta'uuf; akkasumas, akka nama hawwachuu danda'uufi bashannansiisuu danda'utti barreessuudha. Sababni kun barbaachiseef, ergaan xalayichaa sirriitti akka hubatamuufi.

#### 2.2.2. Dubbiftoota GidduGaleeffachuu

Barreessaan xalayaa tokko haala dubbisaa xalayichaa sirriitti xiyyeeffannoo keessa galchuun barreessuu qaba. Sababn isaa, jechoota dubbisaan sun hubachuu hindandeenye yoo ta'e ergaa xalayichaa hubachuu irratti dhiibbaa geessisuu waan danda'uuf.

### 2.2.3. Keeyyata Gaggabaabootti Qoqqooduu

Xalayaan keeyyatatti qoodamuun barreeffamuu qaba. Sababn isaa, dubbisaa akka hin nuffisiifneefi. Xalayaa keeyyatatti qoqqooduun barreessuun barreeffamichi salphaatti akka dubbifamu taasisa. Kana malees, himoota illee himoota gabaabinaan dubbifamuu danda'anitti gargaaramuun gaariidha. Sababni isaa, himni gabaabaan hima dheeraa caalaa salphaatti dubbifamuufi hubatamuu waan danda'uufi.

### 2.2.4. Qindoomina Qabaachuu

Xalayaa barreessuu keessatti hanqinni guddaan qindoomina dhabuudha. Qindoominni qindoomina yaadaa, tartiiba yaadaa kan ergaan barreeffamichaa ittiin darbu jechuudha. Haaluma kanaan, xalayaan qindoominaan hinbarreeffamne dubbisaa biratti fudhatama hin qabu. Hanqina qindoomina dhabuutiif immoo sababa kan ta'u karoorsuu dhabuudha. Kanaafuu, utuu xalayaa barreessuutti hinseenin dura itti yaadanii karoorsuun barbaachisaa ta'uu isaati.

### 2.2.5. Guutummaa Qabaachuu

Ergaan darbuuf barbaadame sun utuu irraa hinhafin, ittis hindabalamin yaada guutuun dubbisaa bira ga'uu qaba. Ergaan isaa ciccitaafi hir'uu yoo ta'e hubatamummaa irratti hanqina uumuu danda'a. Kanaafuu, ergaa barbaadame sana dabarsuuf baay'ee gabaabbachuu, baay'ees dheerachuu hinqabu.

### 2.2.6. Sirrummaa Qabaachuu

Namni xalayaa barreessu tokko wantoota xalayaa keessatti hammatamuu qaban kanneen akka, dubbifamummaa, caaslugaa, qubeessuu, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa haala sirriin dhihaachuu isaanii irradeebi'ee mirkaneeffachuu qaba.

### 2.2.7. Jechoota Salphaatti Hubatamaniifi Ifaa Ta'aniin Barreeffamuu

Xalayaan tokko jechoota filatamoo yaada waan barbaadamee sana dabarsuu danda'uun dhihaachuu qaba. Kunis, jechoota namoonni xalayaa sana dubbisan salphaatti hubachuu danda'aniin ta'uu qaba. Kana yoo ta'uu baate, ergaan xalayaa sanaa hanqina godhata jechuudha.

### 2.2.8. Kaayyoo Qabaachuu

Jechoonni xalayaan ittiin baarreeffaman waan yaadame yookaan aggaamameef kan galmaan ga'u ta'uu qaba. Kanamalees, jechoota idilee ta'aniin barreeffamuu qaba malee kanneen xalayaa keessatti hanqina uumaniin barreeffamuu hinqabu.

### 2.2.9. Jechoota Muraasaafi Barbaachisoon Barreeffamuu

Jechoota muraasaafi ergaa sana salphaatti ibsuu danda'aniin barreeffamuu qaba. Kunis, dubbisaan xalayichaa yaada ijoo barreeffamichaa dafee argachuufi ergaa darbuuf aggaamame haala guutuu ta'een hubachuuf oola.

### 2.2.10. Amanamummaa Qabaachuu

Xalayaan amanamummaa qabaachuu qaba yeroo jedhamu, xalayaan barreeffamu qaama barreessuufi nama dubbisuuf amanamaa yookaan dhugummaa qabaachuu qaba. Kunis, iccitiin yaada baarreeffamuu sun eegamuu akka qabuudha.

## 2.3. Ulaagaalee Xalayaa Gaarii Tokko Barreessuuf Hordofamuu Qaban

Robert (2004:7-14) ulaagaalee xalayaa gaariin ittiin barreeffaman yeroo ibsu, "here are twelve tips on style and word choice that kan make writing clear and pursuasive" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, xalayaa gaarii tokko barreessuudhaaf filannoo jechootaafi haala barreessuu ilaalchisee seeronni hedduun akka jiraniidha. Seeronni kunis:

### 2.3.1. Yaada Ifaa Barreessuu

Yaada yookaan ergaa ibsanii haala salphaatti hubatamuu danda'uun irra deddeebii yaadaa malee ibsuudha. Kana malees, ergaan isaa sirriitti ifaa akka ta'uuf akkasumas, akka nama hawwachuu danda'uufi bashannansiisuu danda'utti barreessuudha. Sababni kun barbaachiseef, ergaan xalayichaa sirriitti akka hubatamuufi.

### 2.3.2. Yaada Gabaabaa Barreessuu

Yaada gabaabaa barreessuun yeroo waliin walqabata. Kunis, hojjettoonni waajjiraaleedhaa hojjetan sababa baay'ina hojiitiin kan ka'e yeroo bal'aa dhabuu danda'u. Kanaafuu, xalayaan yeroo barreeffamu ergaan isaa osoo irraa hinhafin jechoota gaggabaaboodhaan barreessuun baay'ee barbaachisaadha. Kana jechuun, jechoota bakka

bal'aa fudhatan irra jechoota gabaabootti fayyadamuun irra caalaatti yaada gabaabsuu danda'a.

### 2.3.3. Ulaagaa Barreeffamaa Eeguun Barreessuu

Barreessaan tokko yeroo xalayaa barreessu, qulqullina barreeffamaa eegee barreessuu qaba. Kunis, qubeessuu, qubguddeessa, jechoota, sirna tuqaalee, gabaajewwaniifi kkf, eeganii barreessuudha. Kanaafuu, namni xalayaa barreessu kamiyyuu seera afaan sanaa caasluga, sirna tuqaalee, qubeessuu, qubguddeessa, gabaajeewwaniifi kkf, beekee itti fayyadamuun barbaachisaadha.

### 2.3.4. Jechoota Beekamoon Barreessuu

Xalayaan tokko yeroo barreeffamu, jechoota nama hunda biratti beekamtii giddu galeessa qabaniin barreeffamuu qabu. Sababni isaas, jechoota namaaf ifa hintaaneen yoo barreeffame dubbisaa sana ergaa isaa hubachuuf ni rakkisa waan ta'eef.

### 2.3.5. Jechoota Sasalphaatti Hubatamauu Danda'aniin Barreessuu

Barreessitoonni hedduun jechoota hiikni isaanii nama rakkisanitti fayyadamanii barreessu. Garuu, xalayaa tokko barreessuuf, jechoota hiikni isaanii salphaatti hubatamutti fayyadamuun barreessuun ergaa xalayichaa caalmaatti ifa taasisa.

### 2.3.6. Salphaarraa Gara Dimshaashaatti Barreessuu

Namni xalayaa dubbisu tokko xaliyicharraa odeeffannoo salphaatti argachuu barbaada. Kunis, odeeffannichi dhugummaa qabaachuu, qabatamummaa qabaachuu, yaadni kennamu xumura gaarii qabaachuu hubachuuf jechoota murtaawoo irraa gara dimshaashaatti hubachuun waan salphatuufi. Kun immoo, hanqinaafi cimina xalayaa sanaa sirriitti hubachuuf gargaara.

### 2.3.7. Keeyyata Gaggabaabootti Qoqqooduu

Xalayaan keeyyatatti qoodamuun barreeffamuu qaba. Sababn isaa, dubbisaa akka hin nuffisiifneefi. Xalayaa keeyyatatti qoqqooduun barreessuun barreeffamichi salphaatti akka dubbifamu taasisa. Haaluma walfakkaatuun, himoota illee himoota gabaabinaan dubbifamuu danda'anitti gargaaramuun gaariidha. Sababni isaa, himni gabaabaan hima dheeraa caalaa salphaatti dubbifamuufi hubatamuu waan danda'uufi.

### 2.3.8. Qindoomina Yaadaa Qabaachuu

Xalayaan yaada qindaa'aadhaan barreeffamuu qaba. Xalayaan hanqina qindoominaa qabu hubatamummaa irraatti hanqina guddaa qaba. Kun immoo, hanqina karoorsuu irraa dhufa. Kanaafuu, xalayaa barreessuun dura yaadolee ijoo ta'an adda baasuun karoorsuun barbaachisaadha.

### 2.3.9. Gabaabsanii Barreessuu

Xalayaan yeroo barraa'u fuula tokko darbee osoo barraa'uu baatee gaarii ta'a. Sababni isaa akkuma dheeratee barreeffame hubatamummaan isaa nama rakkisa waan ta'eefi.

## 2.4. Caacculee Xalayaa Gaarii

Maddi toora interneetii http://www.vistaprint.com/logo-design/add-text.aspx?xnav=Tsr Itemandrd=2. yeroo ibsu, "The most important elements of good letter is (1) your ability to identify and write to your audience, (2) you make sure your present your objective in aclear and concise manner, (3) to remain profissional" jedha. Yaanni armaan olii kun kan ibsu, caacculeen xalayaa tokko xalayaa gaariidha jechisiisan barreessaan dandeettii dubbiftoota xalayichaa ittiin adda baafachuu danda'u qabaachuu, kaayyoo barreessuuf deemu haala ifaafi odeeffannoo barbaachisaa ta'e qofaan barreessuufi ogummaa waanta barreessinuu sana qabaachuun xalayichi gaariifi fudhatamaa akka ta'u kan taasisu akka ta'eedha.

Derek (2016:14) Yaaduma armaan olii kana cimsuudhaan caacculee xalayaa gaarii yeroo ibsu, "(1) clarity, (2) personality (tone of letter), (3) focus of attentions of aletter reader" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, barreessaan tokko yaada ifaan barreessuu sirriitti beekuu akka qabuufi afaanichas sirriitti ibsee ittiin barreessuu, haala dhihaannaa barreeffamichaa hawwataa taasisuu akka qabuudha. Akkasumas, xiyyeeffannoo isaa dubbiftoota isaa irratti taasisuu akka qabuudha.

## 2.5. Sadarkaalee Xalayaa Barreessuu

Robert (2004:25) sadarkaa xalayaan ittiin barreeffamu bakka gurguddoo sadiitti qooduun kaa'a. Sadarkaalee kanneenis akka armaan gadiitti ibsa.

### 2.5.1. Barreeffama Jalqabaa Barreessuu

Sadarkaa kana keessatti, gumee wanta barreeffamuuf barbaadameetu gabaabbatee dhihaata. Sadarkaa kana keessatti yaada barreessan bilisa ta'anii toora galfachuu malee haala dhihaannaa isaa, karaa itti himaafi yaadi dhihaatu, sirna tuqaaleefi kkf dhiphachuu hinqabnu. Sababni isaa, barreeffama dhumaarratti itti dabaluu waan dandeenyuuf.

### 2.5.2. Irra Deebi'uun Barreessuu

Sadarkaan barreessuu kun immoo, olitti kan barreeffame gadi fageenyaan ilaaluu, walqabatiinsa yaadaa, qabiyyeefi akkaataan dhihaannaa bakka itti gulaalamuudha. Akkasumas, bakka itti wanti keessaa hafe itti dabalamuufi wanti irra deebi'ame keessaa baduufi bakka itti barreeffamichi itti qindaa'uudha.

### 2.5.3. Barreeffama Xumuraa Barreessuu

Sadarkaan dhumaa kun immoo, bakka itti barreeffamni xumuraa itti barreeffamuudha. Akkasumas, bakka itti haala dhihaannaa, qubeessuu, sirni tuqaalee, mallattooleen, gabaajeefi qubguddeessi haalaan itti gulaalamaniidha.

## 2.6. Hanqina Barreeffama Xalayaalee Waajjiraalee Keessatti Mul'atanii

Cross(1987) barreeffamni waajjiraalee mootummaa keessatti barreeffaman hanqinoota hedduu qabu jechuun dubbata.

### 2.6.1. Hanqina Ergaa Ifaa Barreessuu

Yaanni barreeffamu hanquu ta'uudhaan yaada barbaadame utuu guutuutti hin dabarsin akka hafu taasisa. Kana malees, irra deddeebiin yaadaa yaadichi akka hinhubatamne taasisuu danda'a.

### 2.6.2. Hanqina Dubbiftoota Xiyyeeffachuu

Dubbiftoota xiyyeeffachuun dandeettii dubbiftoota sanaa hubannoo keessa galchuudha. Kunis, ergaan xalayaa barreeffamuu dubbisaaf nihubatamaa? odeeffannoon dubbistoonni barbaadan maali? jechoota akkamiitiin yoo barreeffame ifa ta'aaf jechuun yaadamuu danda'uu qaba. Yaaduma kana Margea (1994:21) yeroo ibsu,

> *There are few points to remember when composing letter. The recipient must be happy when they finish reading. That will make them want to be helpfull The main goal of the letter is getting a positive result, not simply expressing your feeling. Finally, the message must be clear and no room for confusion. Unless, the reader confuses with its message.*

Yaada kana irraa kan hubatamu, xalayaan barreeffamu tokko qabxii ifaafi ijoodhaan barraa'uu akka qabuufi dubbiftoonni xalayichaa erga dubbisanii fixanii booda ergaa barbaadan sana karaa sirriifi ifaa ta'een hubachuu danda'uudha. Barreessaan tokko xiyyeeffannoo isaa dubbisaa irratti hintaasisu taanaan dubbisichi waliin dhahamuu qofa osoo hinta'in itti gammaduu dhiisuu danda'a.

### 2.6.3. Hanqina Himoota Salphaatti Hubatamuu Danda'anitti Fayyadamuu

Barreeffama xalayaas ta'ee kanneen biroon yeroo barreeffaman himoota salphaatti hubatamuu hindandeenyetti gargaaramuun ergaan bareeffamichaa haalaan akka hindabarreef danquu danda'a. Himoota salphaatti hinhubatamne yeroo jedhamu, himoota dhedheeroofi caasaan isaanii walxaxaa ta'e, kan dubbiftoota ofitti hin harkifneefi nuffisiisaa ta'eedha. Kanaaf, namoonni xalayaalee barreessaniifi hooggantoonni waajjiraalee ofeeggachuun hordofuun gaarii ta'a.

### 2.6.4. Hanqina Keeyyatatti Qoqqooduu Dhabuu

Xalayaaleen waajjiraalee mootummaa yeroo barreeffaman akkaataa ergaa darbuuf barbaadameetti utuu hinqoqqoodamin walumatti fufamanii barreeffamu. Kun immoo, hammuma himichi dheerachaa deemu ergaan isaas bal'achaa akka deemu taasisa. Ergaan isaa bal'achaa deemuun immoo, nuffii uumuu danda'a. Xalayaan tokko yeroo barreeffamu keeyyatatti yoo qoqqodame gaariitti ergicha galmaan ga'uu danda'a.

### 2.6.5. Hanqina Qindoomina Dhabuu

Qindoominni qindoomina yaada xalayaas ta'e barreeffama tokko keessatti dhihaatuuti, tartiiba yaadaafi dhangala'a yaadaa kan ergaa barreeffama tokkoo xiyyeeffatuudha. Qindoomina dhabuun barreeffama xalayaalee kunis karoorsuu dhabuu waliin walqabata. Kun immoo, ergaa darbu irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

### 2.6.6. Hanqina Guutummaa Dhabuu

Ergaan barreeffamichaa ciccitaa, hir'uu, irradeddeebii yaadaatiin guutee yoo barreeffame nuffisiisaa ta'a. Haalli akkasii immoo ergaa barreeffamichi dabarsuuf barbaaderratti dhiibbaa gochuu danda'a.

### 2.6.7. Hanqina Sirrummaa Qabaachuu

Barreeffamni xalayaa tokko hanqina sirrummaa qaba yeroo jedhamu, barreeffamni xalayaalee dubbifamuu dadhabuu, qubeessuu, sirna tuqaaleefi qubguddeessaatti haalaan dhimma ba'uu dadhabuudha.

## 2.7. Waantota Hanqina Dogongora Barreessuun Dhufan

Misgaanuu (2011:94-95) akka ibsutti, "Barreeffamni tokko ulaagaa barreeffamummaa isaa kan dhabu barreeffama walquunnamtii yaadaa ifaa, qulqullina barreeffamaaf ga'aa hintaane, adeemsa barreessuu, kan hinordofne, dhimma filannoo jechootaafi qindoomina seerlugaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa kan hin guunne yoo ta'eedha" jedha.

### 2.7.1. Hanqina Sirni Tuqaalee

Barreeffama xalayaalee waajjiraalee Mootummaa keessatti hanqinaalee mul'atan keessaa inni tokko rakkoo fayyadama sirna tuqaaleeti. Haaluma kanaan, sirni tuqaalee ergaan barreeffama tokkoo sirriitti akka hubatamaniif mallattoolee barreeffama keessa galanii barreeffamuun ergaa barreeffama sana ifa taasisaniidha. kanaafuu, sirna tuqaalee barreeffama keessatti bakka barbaachisoo ta'an hunda galchanii gargaaramuu barbaachisaadh. Yaaduma kana Tashoomaa (1994:9) yoo ibsu,

> *Barreeffamni tokko dubbisaaf salphaatti akka galutti mallattoolee buufata mijaawaatti hidha hidhaatti hin hiramne taanaan, kuufamni dubbii himoota barreeffama keessa jiranii guduunfituu sirrateen walitti yoo hin hidhamin hafaniif qulqullinni barreeffamichaa nixiqqaata. Kanaafuu, yeroo barreeffama afaan Oromoo barreessinu sirna tuqaalee haalaan fayyadamuu beekuun qulqullina barreeffama keenyaaf baay'ee barbaachisaadha (Tashoomaa 1994:9).*

Akka yaada kanaatti, sirni tuqaalee barreeffama keessatti haalaan fayyadamuu dhiisuun ergaa dabarsuun yaadame sanarratti hir'ina uumuu danda'uusaati. Akkasumas, mallattoolee buufata buufatatti hiruuf gargaaran, guduunfituuwwan sirriin walitti hidhuun qulqullina barreeffamallee xiqqeessuu akka danda'uudha. Kunis iddoo addaa addaatti mallattoolee adda addaa kanneen akka tuqaa, qoodduu, sarara xiqqaa, waraabbii, gaaffii,

tuq-lameefi kkf, barreeffama keessatti galuudhaan ergaa barreeffama sanaa kan murteessaniidha. Dimshaashumatti, hanqinoonni gama kanaan mul'atan hanqina ergaa barreeffamichaan darbuu barbaadame gufachiisuu danda'uusaaniiti.

#### 2.7.1.1. Tuqaa Fayyadamuu

Barreessaan tokko barreeffam isaa keessatti sirna tuqaalee keessaa tuqaa irradeddeebiin fayyadama. Kunis, yaadni sun xumuramuu isaa agarsiisuufi. Yaaduma kana bu'uura godhachuun (Levin 1996:27) yeroo ibsu, "A full stop should always be used to end a sentence" jedha. Akka yaada kanaatti, Tuqaan yeroo hunda hima tokko goolabuuf dhuma himaatti galuun kan fayyadu ta'uusaati. Haala kanaan ittigargaaramuu baannaan garuu, seera ittifayyadama afaan tokkoo kan hir'isu ta'a.

#### 2.7.1.2. Sarara Xiqqaa Fayyadamuu

Addunyaa (2014:143) yoo ibsu, "jechi tokko sarara tokkorratti kan hin dhumneefi gara sarara itti aanuutti cehuusaa agarsiisuuf dhumarra gala" jedha. Itti dabalees, "jechoota diigalaa ykn tishoofi lakkoofsa diigalaa gidduus nigala" jedha.

#### 2.7.1.3. Qoodduu Fayyadamuu

Levin (1996:27) yoo ibsu, certain adverbials may be used to coordinate independent clauses (thus, however, therefore, on the contrary, on the otherhand). Unlike the coordinating conjunction (and, but, for, yet, or, nor) which follow commas, these adverbials called conjanctive adverbs follow semecolons. Thus, however, therefore, and soforth, are most commonly used adverbials in simple.

### 2.8. Wantoota Hanqina Xalayaa Barreessuutiif Sababa Ta'an

Yaada dubbiftoota xalayaa keenyaa giddugaleeffachuu dadhabuun qaamni xalayicha dubbisu xalayichatti akka iddoo hinlaanne taasisa. Yaaduma kana Fargus (1983:3) yoo ibsu, "We have poor study habits and we have careless," jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu, amala sirriitti dubbisuu dhabuufi maalnadhibdeedhaan ofirraa baasa barreessuun barreeffamicha irratti dhiibbaa fiduu akka danda'uudha. Dhibaa'ummaan barreessuun kun immoo, barreeffamicha keessaa sagaleewwan, jechoota hir'isuu waan danda'uuf hanqina xalayaa barreessuutiif sababa ta'a. Waajjiraalee

mootummaa keessattis yoo ilaalle xalayaaleen barreeffaman hanqinooti hedduun keessatti mul'atu. Yaada kana ilaalchisee hayyoonni yaada adda addaa kennaniiru.

### 2.8.1. Waanta Barreessanitti Xiyyeeffannoo Kennuu Dhabuu

Akka Robert (2004:20) ibsutti, kaayyoo waanta xaliyicha keessatti barreessinuu haalaan hinhubannu yoo ta'e, ergaan barreeffama barreeffamuu akka hinmilkoofne dubbata. Yaanni kun, Xalayaa barreeffamu tokko galma aggaamameef xiyyeeffachuu dhabuun ergaa xalayichaa hanquu akka taasisu dubbata. Ergaan barreeffamichaa hanquu ta'uun immoo, kaayyoo isaa galma dhowwata.

### 2.8.2. Shaakala Barreessuu Dhabuu

Barreessuun dhimma salphaatti yeroodhuma tokkotti argamu osoo hintaane, dhimma irra deddeebiin shaakaluun argamuudha. Yaaduma kana Fedhaan (1999) yeroo ibsu, shaakala barreessuu dubbisaa birootiif goonutu ogummaa barreessuu keenya nuuf cimsa jechuu irra kan mataa keenyaaf goonutu dandeettii barreessuu keenya nuuf gabbisa. Yaada kana irraa kan hubannu, shaakala barreessuu yeroo heddu irradeddeebiin gochuun dandeettii barreessuu namni tokko qabu gabbisuu akka danda'uudha.

### 2.8.3. Itti Fayyadama Afaan Ittiin Barreessinu Gadi Fageenyaan Wal'aaluu

Elise (2016:9) yeroo bsu, "if a language is not clearly and accurately, the communication process can not be successfully completed." jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti, afaan ittiin barreeffamu ifaafi sirrii hin ta'u yoo ta'e adeemsi walquunnamtii addaan cituu isaati.

### 2.8.4. Dubbiftoota Keenya Giddugaleeffachuu Dadhabuu

Yaanni barreessaan tokko barreessu dubbiftoota xiyyeeffannoo keessa hin galchu yoo ta'e, fedhiin dubbiftoonni barreeffamicha dubbisuuf qaban gadi bu'aa akka ta'uufi ergaa barreeffamichaatti akka hinquufne taasisa. Yaanni kun immoo, hanqina xalayaa barreessuutiif sababa ta'a.

### 2.8.5. Waanti Barreeffamu Hammaan Ol Dheerachuu

Derek (1992) dhiibbaa hammaan oldheerachuu barreeffama xalayaa yeroo ibsu, the length of any letter affect its appearance," jedha. Yaanni kun kan inni ibsu, barreeffamni

xalayaa tokko hammaan ol yoo dheerate ergaan barreeffama xalayaa sanaa kallattiin akka hinhubatamne taasisuudha.

### 2.8.6. Seera Barreeffama Afaanichaa Wal'aaluu

Sinclair (2011:1499) akka ibsutti, wantoonni hanqina barreessuutiif sababa ta'an seera barreeffama afaanichaa wal'aaluudha jedha. Seerri afaanii kunis, rakkoolee jabeessuufi laaffisuu, dheeressuufi gabaabsuu, sirna tuqaaleefi kkf akka ta'e dubbata.

## 2.9. Karaalee Ittiin Hanqinaaleen Xalayaa Barreessuu Furamuu Danda'an

Jeffrey (2001:55) karaalee ittiin hanqinaalee xalayaa barreessuu furamuu danda'an yeroo ibsu, "(1) reread the letter to make sure you have said what you wanted to say, (2) edit out all unnecessary words and phrasses, (3) clarify untill your letter is pricise enough to get message across" jedha. Yaada hayyuu kanaarraa kan hubannu, barreessaan tokko ergaa dabarsuu barbaade sirriitti akka barreesse irra deebiin dubbisuun dhugoomsuu, jechoota yookaan gaalewwan barreeffamicha keessatti barbaachisoo hin taane keessaa baasuufi hanga ergaan xalayichaa sirriitti qaama barbaadame sana bira ga'utti irra deebi'amee gulaalamuu qabaachuudha.

## 2.10. Sakatta'a Barruu Wal-fakii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan duraa hojjetamanii mata duree qorannoo kana waliin walsimatan iddoo itti sakatta'amuudha.Barbaachisummaan mata duree kanaa tokkummaafi adda addummaa qorannoon kun qorannoo biroo waliin qabu iddoo itti adda ba'anii dhihaataniidha.

Haaluma kanaan, Bulloo (2015) mata duree, "Xiinxala dogoggora xalayaalee hojii" jedhurratti kan hojjete yoo ta'u, kaayyoon qorannoosaas, dogoggora qubeessuufi qub-guddeessaa xalayaalee hojii xiinxaluudha malee xiinxala barreeffama xalayaalee miti. Kaayyoon qorannoo kanaa immoo, barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee xiinxaluudha. Kana keessatti kan xiinxalame: ulaagaalee xalayaa gaarii barreessuu, fayyadama afaanii barreeffama xalayaa keessattiifi qulqullina barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti. Kanaafuu, mata dureen walitti hadhihaatan iyyuu malee kaayyoodhaan tokko miti. Kanaafuu, qorannoon isaa qubeessuufi qubguddeessa adda baasee jira. Qorannoon kunimmoo, isarratti dabalee rakkoo gama qabiyyee xalayaatiin jiran xiinxalee jira.

Haaluma kanaan, Zawudee (2016) mata duree, "Qaaccessa Barreeffamoota Hojjetoota Mootummaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Arsii Aanaa Collee" jedhurratti qorannoo adeemsisee jira. Kaayyoonsaas, Barreeffamoota Hojjetoota Mootummaa Aanaa Collee Qaaccessuudha malee xiinxala barreeffama xalayaalee miti. Qorannoon kun garuu, barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee xiinxaluudha. Kunis, ulaagaalee xalayaa gaarii barreessuu, fayyadama afaanii barreeffama xalayaa keessattiifi hanqina qulqullina barreeffamaa kan ilaaleedha. Kanaafuu, qorannoon kun lamaan kaayyoodhaafi mata dureedhaan adda adda ta'u jechuudha. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo isaafi qorannoo kanaa walitti hadhihaatan malee tokko miti.

Dabalees, Hiskiel (2010) mata-duree, "Xiinxala Unkaafi Qabiyyee xalayaa waajjiraalee mootummaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo" jedhurratti qorannoo adeemsisee jira. Kaayyoon isaas, Unkaafi Qabiyyee xalayaalee waajjiraalee mootummaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Magaalaa Innaangoo xiinxaluudha. Kaayyoon qorannoo kanaammoo, barreeffama xalayaalee Aanaa Gawoo Qeebbee xiinxaluudha. Kunis, ulaagaalee xalayaa gaarii barreessuu, fayyadama afaanii barreeffama xalayaa keessattiifi hanqina qulqullina barreeffamaa kan ilaaleedha. Kanaafuu, qorannoon kun lamaan kaayyoodhaafi mata dureedhaan adda adda ta'u jechuudha. Walumaagala, qorannooleen armaan olitti ibsaman kunneen dhimmoota mata-duree kanaan walqabatanirratti bakka garagaraatti kan geggeeffaman yoo ta'u, kaayyoofi argannoowwan isaanii kan qorataa kanaarra adda.

# Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan, xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee xiinxaluudha. Kana gochuuf immoo, qorataan gosa qorannoo makaa (akkamtaafi ammamtaa) fayyadamee jira. Sababni qorataan gosa qorannoo kanaa filateef ragaa odeef-kennitoonni kennan faana bu'ee hordofuun iddoo gaaffii kaasutti qulqulleeffataa akka deemuuf waan gargaaruufiidha. Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa immoo lakkoofsaafi ibsa fayyadamuun qorataan ragaalee bifa garaa garaatiin walitti qabaman gadi fageenyaan xiinxalee tokkoon tokkoon isaa adda baasee ibseera. Addunyaan (2011-61) akka ibsetti, "Malli qorannoo makoo, mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti dhimma ba'uurra hubannoo cimaa barbaada. Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkoorraa argamurra guulaadha" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluudhaaf humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuuf haala kan mijeessu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, qorataan kunis mala kanatti dhimma bahee bakka odeef-kennitoonni jiran deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannoo isaa deggeran walitti qabatee jira.

## 3.2. Madda Ragaalee

Irraawwatamni qorannoo kanaa madda tokkoffaadha. Sababiinsaas, maddi tokkoffaan odeeffannoo qorannichaa xalayaalee waajjiraalee keessatti bara (2010) faayila qabatanii argaman suuraan isaanii kaafamanii kan fudhatamaniifi namoota xalayaalee barreessuurratti bobba'an kallattiidhaan bira ga'uuni.

## 3.3. Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa hojjetoota waajjiraalee mootummaa Godin Qellemm Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti argaman yoo ta'u, sadarkaa aanaatti waajjiraalee naannoo 31 ta'antu jiru. Haaluma kanaan, iddattoo waajjiraalee fudhachuuf mala carraa tasaa kan fayyadamu ta'ee waajjiraalee jiran kanaaf carraa buusuun tokkoo hanga saddeetii kan carraan baasetu fudhatame. Sababni isaas, dhimmichi dhimma muuxannoo afaaniifi beekumsa barreeffamaa barbaaduudha. Karaa biraatiin, hojjettoonni

waajjira sanaa kan yeroo dheeraa hojjetan, kan yeroo muraasa hojjetaniifi kan reefuu qacaramanii hojiitti bobba'an nijiru. Akkasumas, waajjira tokko keessa hojjettoota jiran keessaa kan kallattiin barreessuurratti hirmaataniifi hinhirmaannes jiru. Isaan kana adda baasuun kanneen odeeffannoo ga'aa kennuuf beekumsaafi muuxannoo qabanirraa odeeffannoon hinfudhatamu yoo ta'e odeeffannoo bal'aaf barbaachisaa kaayyoo qorannichaaf ta'u argachuun baay'ee rakkisaa ta'a.

Haaluma kanaan, waajjiraaleen erga mala carraa tasaatiin fudhatamanii booda namoonni waajjira sana keessatti ulaagaa kana guutan yookaan hanga tokko itti hiiqan immoo mala mala miti carraatiin filataman. Sarantakos (2005:164) mala miti-carraa yeroo ibsu, "In purpossive sampling technique the researchers purposely choose subjects who in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondent is guided by the judgement of the investigator." Yaada kanarraa akkuma argamu, qorataan tokko odeef-kennitoota dhimma sana itti dhiheenyaan nibeeku jedhee itti amanu ofiin murteessee kan filatu ta'uu hubanna.

Kanaafuu, qoratichis qabxiilee armaan olitti jiran xiinxaluun karaa ittiin odeeffannoo ga'aa argachuu malu iddatteessuu miti-carraa keessaa akkayyoo filachuuf dirqamee jira. Haaluma kanaan, waajjiraalee filataman keessaa Dura ta'aa, Abbaa Adeemsaafi nama yeroo hedduu xalayaa barreessuurratti bobba'u waajjiricha keessatti argaman haammata. Haala kanaan, namoonni afgaaffiin dhihaateef namoota torba keessumaa xalayaa barreessuu irratti bobba'an yeroo ta'an, bargaaffiin immoo, Dura ta'aafi Abbaa Adeemsaa Hojii waajjiraalee jedhaman kanneen keessaa fudhachuun raawwatama. Kunis kan barbaachiseef, ragaa barreeffamoota adda addaa sakatta'uun argame cimsuudhaafi.

Haalli itti dookumantii filachuu immoo, bifa iddatteessuu ammargeetiin (convineint) ta'a. Sababni isaa, barreeffamoonni waajjiraalee kanaa baay'ee waan heddummataniifi. Akkasumas, harki caalaan isaanii waraqaa tokko tokkee irratti barreeffamanii hojiirra waan oolaniif yeroo barbaadaman akka barbaadametti argachuun rakkisaadha. Kun immoo amaluma dookumantiiti (Sarantakos, 2006). Kanaafuu, bifa yaadameen argamuuf nidanda'a jedhamee kan yaadame xalayaalee bara 2010 waajjiraalee eeraman armaan olii keessaa baasii ta'an akka ammargeetti fudhachuudhaani. Haaluma kanaan, waajjiraalee kanneen keessaa xalayaaleen 90 (sagaltama) ta'an kan walitti qabaman yeroo ta'u, kanneen walitti qabaman keessaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu nidanda'u jedhamanii kan yaadaman xalayaaleen (30) soddoma ta'an xiinxalamanii dhihaatanii jiru.

Kanaafuu, qorannoo kanarratti qoratichi gosa iddatteessuu keessaa mit-carraafi achi jalattimmoo iddatteessuu akkayyoo dhimma ba'uun odeeffannoo walitti qabeera. Haaluma kanaan, milkaayina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaanaman xalayaalee waajjiraalee Aanaa Gawoo Qeebbee bifa ammargeetiin hamma argame suuraa kaasuun walitti qabaman irraati. Karaa biraadhaan, odeeffannoo argaman cimsuuf, Waajjira Aadaafi Turiizimii keessaa mala akkayyoon nama lama, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Aanaa Gawoo Qeebbee keessaa nama lama, Waajjira Bulchiinsaa keessaas nama lama, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa keessaa nama lamaa, Waajjira Ejensii Beelladaa, Waajjira Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii, Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Aanaa Gawoo Qeebbee, Waajjira Ganda Guddattuu Qeebbee nama lama lamaafi barreessitoota xalayaalee waajjiraalee kanneenii nama tokko tokko irraa walumaagala, namoota 23irraa ragaan funaanamee jira.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qorataan kun dhimma itti bahe malleen funaansa ragaalee sadii. Isaanis, karaa sakatta’a dookumantii, bargaaffiifi afgaaffiiti. Meeshaalee funaansa ragaa garaagaraa fayyadamuun tarsiimoo funaansa ragaa qorannoo tokkoo cimsuu danda'a. Waa’ee kanaa Mosterfi Kalton, (1972:126) yommuu ibsan, "Different instruments provide a powerful research strategy for study" jedhu. Akka yaada namoota kanaatti meeshaalee funaansa ragaalee garaagaraatti dhimma bahuun tarsiimoolee ragaan ittiin funaanamu bu’a qabeessa taasisuu akka danda'uudha.

Akka Kumar (2005:119) ibsetti, "None of the methods of data collection provides 100 percent accurate and reliable information" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman dhibbaa dhibba odeeffannoo ga'aa ta'e argamsiisuuf hanqina qabaachuudha. Haata'u malee, qorannoo kana geggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo ga'aa kennuun qorannoo koo galmaan naaf ga'a jedhee amanuun itti fayyadame  sakatta'a xalayaalee, afgaaffiifi bargaaffiidha.

#### 3.4.1. Sakatta’a Xalayaalee

Sakatta’uun rakkoo jiru bira gahanii ilaaluun waa’ee rakkoo sanaa waan tokko jechuudha. Qoratichi qaamaan argamee rakkoo sana ilaaluun nibarbaachisa. Odeeffannoon sakatta’aan argamu isa kan afgaaffiifi bargaaffiin argamu caalaa fudhatama akka qabu qoratichi ni amana. Akka Dastaan (2013:131) ibsetti, "sakatta'a dookumantii keessatti

barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduutu jiru. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayootaa, gaazexaa, barruulee adda addaa, waraqaa ragaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kkf, ta'uu danda'u" jedha. Yaadni kun, dokumantii sakatta’uun barreeffamoota adda addaa, xalayaalee, kaartaalee, suurota, galmeewwan garaagaraafi waraabbiin sagaleewwan garaagaraa kanneen dura kuufamanii jiran irra deebi'anii ilaaluu yookiin sakatta'uu akka ta'e mirkaneessa.

Odeeffannoon sakatta'aan argame kan bargaaffiifi afgaaffiidhaan argamu caalaa fudhatama akka qabu hubatee qoratichi meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannatan keessaa mala kanatti dhimma bahee jira. Sababni isaa, ragicha qabatamaan bira ga'ee waan argeefi. Kanaafuu, xalayaalee hojii Waajjira Aadaafi Turiizimii, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Aanaa Gawoo Qeebbee, Waajjira Bulchiinsaa, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa, Waajjira Ejensii Beelladaa, Waajjira Abbaa Taayitaa Geejjibaa, Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Aanaa Gawoo Qeebbeefi Waajjira Ganda Guddattuu Qeebbee keessatti barreeffamanii dokumantii ta'an sakatta'ee odeeffannoo walitti qabatee jira. Qoratichis xalayaalee kanneen kan sakatta'e, safaree sakatta'a dookumantii qopheeffateeti.

### 3.4.2. Bargaaffii

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan, xalayaalee waajjiraalee mootummaa xiinxaluun hanqinaalee mul'ataniif furmaata barbaaduudha. Kana gochuuf immoo, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamee dhimmichi ittiin adda ba'u keessaa tokko bargaaffiidha. Kunis, gaaffilee barreeffamaan dhihaateef odeef-kennitoonni ragaa kennuu barbaadan karaa barreeffamaan ibsataniidha. Haaluma walfakkaatuun, bargaaffiin ragaa baay'ee bal'aa ta'e tokko funaannachuufillee nigargaara. Yaaduma kana ilaalchisee Dastaan (202:95) yemmuu ibsu,

> *Bar-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'ee argama. Kanaaf, wantoota kanaaf sababa guddaa ta'uu kan danda'us: yeroofi humna qusata, eenyummaa odeef-kennitootaa waan hinibsineef odeeffannoo sirriifi qabatamaa argachuuf, odeef-kennitoota hundaafuugaaffii walfakkaatu dhiheessuuf, bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'uufi qorataafi odeef-kennaa gidduutti waliin dubbiin murteessaa miti jedha.*

Kanaaf, odeef-kennitoonni bilisa ta'anii yaada kennuu barbaadan ifaaf bilisaan barreeffamaan gaaffii dhihaateef odeeffannoo quubsaa kennuu waan danda'aniif qoratichi

itti fayyadamee jira. bargaaffiin qophaa'es odeef-kennitoota dhiira 11, dubara 5 walumaagala odeef-kennitoota 16 ta'aniif waraqaan gaaffii rabsamee ragaan walitti qabameera.

### 3.4.3. Afgaaffii

Afgaffiin mala qorannoo qulqulleeffataa keessatti meeshaa oddeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa bu'uuraati. Kana malees, qorataafi odeef-kennitoonni fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo barbaachisaa kan waliif kennaniidha. Haaluma kanaan, odeeffannoon argamu sababa barreeffamuufi waraabamuu danda'uuf irra caalmaa filatamaa ta'a.

Yaada kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009:47) yoo ibsan, “Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data,” jechuun kaa'u. Yaada armaan oliirra akkuma hubatamutti mala qoranno qulqulleefataaf ragaa funaanu keessatti afgaaffiin meeshaa beekamaafi baay'ee barbaachisaa akka ta'eefi odeeffannoo namootarraa walitti qabachuuf ragaalee gadi fagoo kennuu akka danda’udha.

Kana malees, Wallace (1948:116) faayidaa afgaaffii yeroo ibsu, "The important of interview questions to the interviewee a head of the interview contributor a lot for both the researcher and the interviewee, if the interviewee knows what questions they are going to be asked, they become more related and provided fuller, more formatives answer," jedha. Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu, meeshaan kun warra odeeffannoon irraa funaanamu sana qaamaan yookaan sagalee isaanii waan dhiheessaniif odeeffannoon argamu qabatamaa akka ta'uuf fayyaduu isaati. Kanamalees, odeeffannoon argame sun amanamaa ta'uu isaati. Dabalees, yaada bal'aafi guutuu ta'e argachuuf akka fayyadu ibsa. Kanaafuu, qoratichis qorannoo isaarratti odeeffannoo amanamaa, gadifageenyaafi guutuu ta'e argachuuf meeshaalee ittiin odeeffannoo funaannatu keessaa tokko afgaaffii filateera. Sababni isaa, mata durichi odeeffannoo gadi fagoo waan barbaaduufi.

Haaluma kanaan, qoratichi afgaaffiifi bargaaffii caaseffamaarratti hundaa'uun gaaffilee dursaa daanga'oofi banaa Afaan Oromootiin qopheeffachuudhaan, jechoota wal-fakkaataafi duraa duuba wal-fakkaataadhaan waajjira Aadaafi Tuuriizimii, waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa, Waajjira Ejensii Beelladaa Waajjira Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii, Waajjira Dhimma Hojjetaafi

Hawaasummaa, Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Gawoo Qeebbeefi Waajjira Ganda Guddattuu Qeebbee irraa ragaan walitti qabameera. Ragaan kunis, Itti gaafatamaa, Abbaa Adeemsa Hojii fi namoota xalayaa barreessuu irratti bobba'an irraa walitti qabame. Waajjira Aadaafi Tuuriizimii keessaa nama lama, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa keessaa nama lama, Waajjira Bulchiinsaa keessaa nama lama, Waajjira Ejensii Beelladaa keessaa nama lama, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii keessaa nama lama, Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawasummaa keessaa nama lama, Waajjira Abbaa Taayitaafi Daandiwwaniifi Waajjira Ganda Guddattuu Qeebbee keessaa nama lamaafi barreessitoota xalayaalee waajjiraalee kanneen nama tokko tokko irraa odeeffannoo funaaneera. Walumaagalatti, meeshaan kun kan namoota dhimmichi ilaallatuuf qoratichi eenyummaafi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannateedha.

### 3.5. Mala Ragaaleen Ittiin Xiinxalaman

Odeeffannoon meeshaalee garaagaraan walitti qabame adeemsa mala akkamtaafi hammamtaa (qualitative and quantitative research) fayyadamuun xiinxalamee jira. Haala ragaa argame irratti hundaa'ee mala qorannoo kanatti dhimma bahee jira. Kana jechuun ragaalee sakatta'a xalayaaleefi afgaaffii irraa argaman mala lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsuunidha. Yaada kana Addunyaan, (2011:10) yoo ibsu, "Malli qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa," jedha. Walumaagalatti, ragaaleen afgaaffii hojjettoota irraa argameefi ragaaleen sakatta’a barreeffama xalayaalee irraa argaman mala akkamtaan ibsamanii jiru.

Ragaaleen sakatta'arraa argaman bakka tokkotti, kan afgaaffiirraa argaman bifa yaadannootiin funaannatee bakka birootti erga qoqqooddatee booda mala akkamtaan toora galchuun ibsi itti kennameera. Malli ammamtaa odeeffannoo argame gara lakkoofsaatti deebisuudhaan garaagarummaa jijjiiramoota gidduutti argaman xiinxaluudha. Haaluma kanaan, qoratichi odeeffannoowwan bargaaffiidhaan funaanaman bifa gabateetti gargaaramuudhaan xiinxalee jira. Ragaaleen bargaaffii, afgaaffiifi sakatta'aan argaman haala kanaan xiinxalamuun hiikni erga itti kennamee booda, cuunfaa argannoo kanarraa argame ibsee jira. Argannoo kanarratti hundaa'uun waanti ta'uu danda'u akka yaboo yookiin yaada furmaataatti kaa'amee jira.

# Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

Boqonnaan kun odeeffannoo argame dhiyeessuu, xiinxaluufi hiikuurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan, Ragaaleen sakatta'a dookumantii kallattii itti xiyyeeffatamanii kaayyoo galmaan ga'uu danda'an irratti hunda'uun mata duree xixiqqaatti qoodamuun ibsi adda addaa itti kennameera. Odeeffannoowwan karaa bargaaffiifi afgaaffiin walitti qabaman gabateefi ibsaan xiinxalamaniiru.

## 4.1. Seen-Duuba Odeef-Kennitootaa

**Gabatee 1: Umuriidhaan**

| Umurii | | | |
|---|---|---|---|
| 25-30 | 31-45 | 46 ol | Ida'ama |
| 6 | 9 | 1 | 16 |

Akka gabatee 1 armaan olirraa hubatamutti, odeef-kennitoonni qorannichaa umuriidhaan yeroo ibsaman namoonni 6 umuriin isaanii 25-30 yeroo ta'an, namoonni 9 immoo, kanneen umuriin isaanii 31-45 gidduu jiraniifi namni 1 immoo, umuriin isaa 46 kan ta'eedha.Odeef-kennitoonni kanneen, akka iddattootti filatamanii odeeffannoo barbaachisaa ta'e qoratichaaf kan kennaniidha.

**Gabatee 2: Koorniyaadhaan**

| Koorniyaa | | |
|---|---|---|
| Dhi. | Dub. | Ida'ama |
| 11 | 5 | 16 |

Akka gabatee 2 kanaan oliirraa mul'atutti iddaattoonni waajjiraalee saddeettan irraa filataman dhiira 11fi dubara 5 waliigala 16 iddattoo odeef-kennitoota qorannoo kanaa ta'anii warra filatamaniidha.

**Gabatee 3: Sadarkaa barnootaan**

| Sadarkaa barnootaa | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Dh. L. | Dipp. | BA/BS | MA/MS | Ida'ama |
| 1 | 5 | 9 | 1 | 16 |

Akka gabatee 3 armaan oliirraa hubatamutti, iddattoonni qorannichaa sadarkaa barnootaan yeroo kaa'aman MA/MS kan qabu nama 1, BA/BS kan qaban namoota 9, Dippiloomaa kan qaban namoota 5fi Dhaabbata Leenjii adda addaatii eebbifamanii kan ba'an nama 1 yeroo ta'an, walumaagala namoonni 16 kunneen hundi qorataa kanaaf odeeffannoo kennaniiru.

**Gabatee 4: Bara tajaajilaan**

| Bara tajaajilaa | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Waggaa | | | | | | | |
| 1-5 | 6-10 | 11-15 | 16-20 | 21-25 | 26-30 | 31-35 | Ida'ama |
| 2 | 4 | 4 | 3 | 1 | 1 | 1 | 16 |

Akka gabatee 4 armaan oliirratti ibsametti, namoonni umurii tajaajilaa waggaa 1-5 qaban namoota 2, waggaa 6-10 kan qaban namoota 4, waggaa 11-15 kan qaban namoota 4, waggaa 16-20 kan qaban namoota 3, waggaa 21- 25 kan qaban namoota 1, waggaa 26- 30 kan qabu nama 1fi waggaa 31-35 kan qabu namni 1 odeef-kennitoota qorannoo kanaa ta'anii odeeffannoo kennanii jiru.

## 4.2. Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Xalayaa

Boqonnaa sadaffaa keessatti akkuma ibsame, odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabachuuf, qoratichi sakatta'a odeeffannoo dookimentii taasiseera. Sakatta'iinsi ragaalee kun kan geggeeffame xalayaa waajjiraalee mootummaa iddattoo qorannoo kanaaf filataman keessaa, fuula tokko tokkoon waajjiraalee filataman keessaa walitti qabamuun xiinxalliin kan taasifameedha. Haaluma kanaan, hanqinootni unkaafi qabiyyee xalayaa waajjiraalee kanneen keessatti akka waliigalaatti kan mul'atan yommuu ta'an, isaanis matadureen qoqqoodamanii akka armaan gadiitti qoratichaan xiinxalamaniiru.

### 4.2.1 Xiinxala Qabiyyee Xalayaa

Qabiyyeen qaama xalayaa kan yaadni yookiin odeeffannoon gahaa waa'ee dhimmichaa qaama ilaallatuuf keessatti kennamuudha. Misgaanuu (2011:76) akka jedhutti, "Qabiyyeen dhaamsa barreeffamichaa ifa gochuuf yaadoleen keessatti dhiyaatan walii wajjin hojjechuufi odeeffannoo gahaa ta'e barreeffamichi qabaachuu isaa kan keessatti ilaalamuudha" jedha. Haaluma kanaan, xalayaa waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame sakatta'uun hanqinaaleen qabiyyee ulaagaa xalayaa gaarii, fayyadama afaaniifi qulqullina barreeffamaan walqabatan bal'inaan mul'ataniiru. Kanumaarraan kan ka'e qabiyyeen xalayaa odeeffannoo barbaadame galmaan ga'uu akka hin dandeenye xiinxala taasifameen mirkanaa'era.

#### 4.2.1.1. Hanqina Ulaagaalee Xalayaa Gaarii Barreessuu

Xalayaa barreessuu keessatti wantoota ulaagaalee xalayaan walqabatan hedduu ilaaluu ni dandeenya. Kanaafuu, xiinxala kana jalatti dhimmoonni ulaagaalee xalayaa gaariin

walqabatan hundinuu: iftoomina ergaa xalayaa, dubbiftoota xiyyeeffachuu, keeyyata gabaabaatti qoqqooduu, qindoomina qabaachuu, guutummaa qabaachuu, sirrummaa qabaachuu, jechoota salphaatti hubatamaniifi ifaa ta'aniin barreessuu, kaayyoo qabaachuun haala kanaan gadiitiin xiinxalamanii jiru.

#### 4.2.1.1.1. Hanqina Iftoomina Ergaa Xalayaa

Xalayaan meeshaa akka hoji raawwachiiftuu adeemsa seera qabeessa ta'een waajjiraaleen mootummaa adda addaa irra caalmaatti itti gargaaraman keessaa isa tokkodha. Haa ta'u malee, meeshaan tajaajila guddaaf oolu kun iftoomina ergaa dhabee yeroo inni barreeffamutu mul'ata. Dhimma kanaan walqabatee, hanqina iftoomina ergaa xalayaalee waajjiraalee Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti mul'atan ilaalchisuun odeeffannoowwan funaanaman akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 5: Xiinxala Bargaaffii Iftoomina Ergaa Xalayaa Waliin Walqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Id | % |
| 1 | Xalayaa yammuu barreessitan iftoomina ergaa qabaachuu isaatti ni amantuu? | A. Eeyyee | 6 | 3 | 9 | 56 |
| | | B. Lakkii | 2 | - | 2 | 12.5 |
| | | C. Hamma tokko | 3 | 2 | 5 | 31 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 5 gaaffii $1^{ffaa}$rraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 9(56%) eeyyee jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 2(12%) ta'an immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennitoonni 5(31%) ta'an immoo, hamma tokko jedhanii deebisaniiru. Deebii odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamu, hojjetoonni waajjiraalee mootummaa yeroo xalayaa barreessan irra caalaatti ergaa xalayichaatiif xiyyeeffannoo akka kennanidha. Yaaduma kanaan kan walfakkaatu, bifa afgaaffiitiin gaaffii gaafatameef, odeef-kennitoonni ergaa xalayaatiif hanga tokko xiyyeeffannoo akka kennan deebii kennaniiru. Ta'us, yeroo baay'ee ariitiidhaan waan barreessaniif, altokko tokko ergaan isaa quubsaa ta'uu dadhaba jedhanii deebisaniiru. Ariitiin barreessuun kun immoo, dhiibbaa inni ergaa xalayichaarratti akkaataa barbaadameen dabarsuu irratti qabu akka jirus hindhoksine.

Akkaatuma kanaan, Robert (2004:3) yeroo ibsu, "Letter that get your message across without the readrer calling you for clarification" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu,

xalayaa tokko erga barreessinee booda dubbisaa waamnee yaada isaa ibsinaaf utuu hin taane, jalqabuma ibsanii akka inni ergaa sirrii dabarsutti barreessuudha.

Haaluma kanaan, iftoomina ergaa xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataniin kan walqabate xalayaalee sadii kallattiidhaan waraabamanii akka itti aanutti xiinxalamaniiru.

- ❖ Xalayaan waajjira Daldalaafi Misooma Gabaatii fuudhame, "Akkaataa karooraa KGT qophaa'ee jiruun hojii keessaa galee kan jiru yommuu ta'uu haala amma jiruun sochii waajjirichii irraa jiruu bifa armaan gadiitti kan ibsame ta'a Ergamaa:- sirna daldalaafi gabaa ammaya'aa haqa qabeesaa ta'e diriirsuun ummtni fayyadamaa akka ta'u tasiisuudha. Mul'ata"- Bara 2011tti aanaa keenyaa kessatti misoomni daldalaafi gabaa dagaagee jiraachuufi jireenya ummataa aanichaa foyya'ee gara biyyoota galii g/galeessaa argatanitti guddatee arguudha." Jedha. Xalayaan kun Dabalee $D_1$ irraa irratti argama.

Haaluma kanaan, waraabbii armaan olii kana yoo ilaallu xalayichi ergaa yoo dabarsellee ergaan isaa akka barbaadametti sirriitti ifaa ta'ee hin teenye. Sababni isaas, ergaan xalayicha keessatti akka darbuuf barbaadame faallaa ergaa akeekamee ta'ee mul'atee jira. Kunis, ergaan xalayicha keessatti akka darbuuf barbaadame toora jalqabaarratti akkuma mul'atu, haalli waliigala hojii waajjirichaa akkaataa karooraatti hojii keessa galee hojii hojicha ciminaan itti fufuun milkeessuu ture. Garuu, yaanni xalayicha keessatti barreeffame kan agarsiisu, ergaa waajjirichi dabarsuu ykn ibsuu barabaaderraa kan maqedha. Innis, waajjirichi hojii keessaa dhiisee galuuf akka ka'e fakkaatee barreeffamee jira.

Haaluma walfakkaatuun, barreeffamicha keessatti "ergamaa" kan jedhu barreeffamee jira. Yaadni akka darbuuf barbaadame, ergama waajjirichi qabu ibsuu ture. Garuu, waanti barreeffame qaama bakka tokkotti ergamu ta'ee ibsamee jira. Kanaafuu, dhaamsi ykn ergaan xalayichaa akkaataa barbaadameen osoo hin taane ergaa biroo dabarsee akka jirutu hubatama. Kanaafuu, xalayaan kun xalayaaleen waajjiraalee hanqina iftoomina ergaa qabaachuu isaanii nuuf mirkaneessa.

- ❖ Haaluma walfakkaatuun, xalayaa kallattiidhaan W/D/M/G/A/G/Qeebbeetii fudhatame yoo ilaalles, ergaa ifaa kan hinqabne ta'uu argina. Xalayichis, "Dhimmi isaa:- Gabaasa Amajjiifi Hangaa Ji'aa kan isiniif erguu ta'a" jedha. Dabalee $D_2$ irraa argama.

Mata-dureerratti xalayichi ergaa maalii akka dabarsaa jiru hin beekamu. Himni mata-duree xalayichaa waa'ee gabaasa ji'a Amajjiitii hanga ji'a kan birootti kan jiru erguu kan jedhu barbaadamee akka ta'e yaadaan tilmaamuun ni danda'ama. Garuu, ergaan isaa maal jechuu akka barbaade ifaa miti. Gara keessoo xalayichaattis yoo dabarre, mata-dureerratti ergichi hiika akkuma dhabe, kallattiidhumaan ergaan waliigalaa isaa hiika dhabee jira. Ifaas miti. Kunis, waa'ee gabaasa ji'a Amajjii erga kaasee booda maaltu ta'uu akka qabu ifa gochuu dhabuu isaarraa hubatama. Akkasumas, waajjirri xalayichi itti barreeffame akkamitti dubbisee ergaa isaa hojiirra akka oolchu nama hundaafuu gaaffiidha. Hanqinni akkasii kunimmoo, waajjiraalee keesatti bal'inaan jiraachuu nuuf mirkaneessa.

- Xalayaa biroo waajjira Daldalaafi Misooma Gabaarraa fudhatame yoo ilaalles, "Dhimmi isaa:- Fedhii bitta meeshaa dhiyyeessuu ta'a. Akkuma armaan ol irratti ibsuuf yaalaame akka W/DMG/A/G/Qeebbeetti fedhii bitta meeshaa bara 2011 akka nuf bitamuuf gosa meeshaalee fi gatii ittiin dhiyyaattuu waliin qopheessinnee unka fuula 06 qabuun walqabsiifinnee erguu keenya kabajaan ergina" jedha. Dabalee $D_3$ irratti argama.

Xalayaa kana keessatti ergaan akka darbuuf barbaadame haala barbaadameen ifoomee darbee hin jiru. Mata-durecharratti akka barreessaan xalayichaa itti yaade barreessetti meeshaan akka bitamuuf  fedhii dhiheeffachuudha. Garuu, ergichi akka yaaadame ta'uun hafee fedhiin ofiidhumasaatii akka meeshaa tokkootti dhihaatee qaama kan biroodhaan akka bitamuuf kan ajajame ta'ee argamee jira. Kana malees, fedhiin akka meeshaatti akka hubatamutti fudhatame.

Kanaafuu, xalayaan armaan olii kun kaayyoo qabatee ka'e dhiisee ergaa waajjirichi hin barbaanne dabarsee jira. Kun immoo, qaamni xalayicha dubbisu ergicha hubatee akka hinraawwanneef burjaajii uumuu bira darbee dhimma yaadame sana akka hojiirra hinoolchine taasisuu danda'a. Dhimmuma kana Margea (2006:19) Xalayaan yeroo barreeffamu, ergaa ifaa qabaachuu akka qabu dubbata. Kana malees, dubbisaa xalayichaatiif karaa gabaabaa ta'een ifa ta'uu qaba jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, xalayaan tokko yeroo barreeffamu ergaan xalayichaa haalaan xiyyeeffatamuu akka qabudha.

Walumaagalatti, xalayaaleen sadan armaan olitti xiinxalaman kunneen odeeffannoo bargaaffiifi afgaaffiirraa argame waliin yeroo ilaalaman, odeef-kennitoonni ergaa xalayaa nixiyyeeffanna jedhanii hadeebisan iyyuu malee ragaa sakatta'ame waliin kan wal hin arginedha. Ragaan waajjira isaaniitii barreeffame garuu, hanqinni ergaa xalayaa jiraachuu isaa mirkaneesseera. kana jechuun immoo xalayaalee kallattiin waraabamanii

xiinxalaman keessatti ragaan argamu, iddoo baay'eetti mataduree isaa irraa eegalee ergaa ifa ta'e kan qabu miti. Iddoo kaanitti immoo faallaa ergaa xalayichaan dabarsuuf barbaadameetiin barreeffamee yeroo ergamutu mul'ata. Kanaafuu, akka ragaaleen xalayaa kanneenirraa argaman mul'isanitti yaanni odeef-kennitoonni ergaa ifa ta'e irratti xiyyeeffanna jedhan sirrummaa akka of keessaa hinqabne kan agarsiisudha. Yaanni ogeessaan kennames, yaada odeef-kennitootaakana kuffisee jira.

#### 4.2.1.1.2. Dubbiftoota Giddugaleeffachuu

Xalayaan tokko utuu hin barreeffamin dura haala dubbisaa xalayichaa xiyyeeffannoo keessa galchuun daran barbaachisaadha. Kunis, yaada dubbisaan sirriitti hubachuu danda'uun barraa'uu qaba jechuudha. Haaluma kanaan, hanqina dubbiftoota xiyyeeffachuu xalayaalee waajjiraalee kanneenii ilaalchisee odeeffannoowwan funaanaman akka itti aanutti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 6: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Dubbuftoota Xiyyeeffachuu Waliin Walqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 2 | Xalayaa tokko yeroo barreessitan dubbiftoota xalayaa keessaniif hagam xiyyeeffannoo laattu? | A. Akka gaariitti | 6 | 3 | 9 | 56 |
| | | B. Hanga tokko | 4 | 2 | 6 | 38 |
| | | C. Homaa | 1 | - | 1 | 6 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 6 gaaffii $2^{ffaa}$rraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 9(56%) ta'an akka gaariitti jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 6 (36%) immoo hanga tokko jechuun deebisaniiru. Odeef-kennaan 1(6) homaa jechuun deebiseera.Yaada odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamu, hojjettoonni waajjiraalee kanneenii xalayaa barreessan dubbiftootaaf xiyyeeffannoo kennuu isaaniiti. Sababa altokko tokko haalli ariifachiisaan dhufu jiruuf ariitiin yeroo barreeffamu darbee darbee dubbiftoonni yeroo xiyyeeffannoo keessa hin galle ni mul'ata jechuun ibsaniiru.

Bifuma walfakkaatuun, afgaaffii dhihaateef odeef-kennitoonni, xalayaa yeroo barreessan dubbiftoota akka xiyyeeffatanii barreessan ibsanii, altokko tokko dadhabuurraan kan ka'e ariitiin yeroo barreessan hanqinni kun uumamuu akka danda'u ibsaniiru.

Akkaatuma kanaan, xalayaaleen hanqina giddugaleeffannaa dubbiftootaa qaban lama akka armaan gaditti kallattiin waraabamanii xiinxalamanii jiru.

- Xalayaan Lakk. 246/dhi/dub/da/2010 gaafa guyyaa 1/12/2010 barreeaffame, "...Nutis kana irraattii hundaa'uun gitaa duwaa qabnu iraatii waamamaa gita Ra/Ho/Fin/Sos/Hawaasa VI lakkEenyumma gita hojii 03/G16-A09-07 sadarkaa gitaa hojii Ps-5 irraattii ramadamtanii mindaa amma argachaa jirtan qar 3740 (kuma sadiif dhibba torbaafAfurtama) isiniif kaffalamu qabattanii gaafa guyyaa1/12/2010 irraa eegaltanii hojii isinitti kennamee..." jedha. Dabalee $D_6$ irratti argama.

Waraabbiin kallattii kun, yeroo ilaalamu, dubbisaa isaa kan giddugaleeffate hin fakkaatu. Sababni isaa, jechoonni dubbisaadhaaf hiika hinkennine baay'inaan keessatti waan heddummataniifi. Mee haa ilaallu: "Nutis kana iraatii hundaa'uun gitaa duwaa qabnuu iraatii waamama ..." kan jedhu keessatti jechi gitaa duwaa jedhu ifaa miti. Dubbisaanis dubbisee adda baafachuuf nirakkata. Sababni isaa dubbisaan sun yaada keessatti dubbisee hubachuu dhiisuu waan danda'uuf. Kana malees, dubbisaa kan hin xiyyeeffanne kan taasise gabaajeewwan hiikuun isaanii nama rakkisutti waan fayyadamaniifi. Gama biroodhaanis, Xalayicharratti, "...waamamaa gita Ra/Ho/Fin/Sos Hawaasa VI Lakk eenyummaa gita hojii 03/G16-07 Sadarkaa gita hojii Ps-5 irratti ramadamtanii ..." jedhu nama dubbisu tokkoof dafee hubatamuu dhiisuu danda'a. Kunimmoo, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa hanqina dubbiftoota xiyyeeffachuu qabaachuu nu agarsiisa.

- Haaluma walfakkaatuun, xalayaan W/E/B/A/G/Qeebbeetii barreeffames, "Dhimmi isaa:- Rimiddii bakka hojii keessaan isin beekssisuu ta'a. "Armaan olitti akuma ibsamuu f yalaameet kanaan dura ogummaa saayinsii Beeylladaa tiin Kolleejjii Teekkinikkaa fi ogummaa miizan irraa ebifamtanii jiraachuun keessan beekamaata'uudhaan.***Kanumarratti hundaa'uun xalayyaa waajjirri PSMQN/A/G /Qeebbee xalaa lakk.722/PSMQN/2010 nuun gahaniin akka isin qacaramttan nu beekisisanii jiritu*** kanafu koreen manaagimentii waajjira keenya gafaa guyyaa 17/9/2010 Godhateen ganda Biiftuu cirootti akka ramadamatan murtteessisee jira. Isinis kana hubatanii guyyaa xalayaan kun isin qaqqaberraa eegalttanii akka hojii keessaniitti argamtuudhaan..." jedha. Xalayaan kun Dabalee $D_5$ irraa argama.

Xalayaa kana yoo ilaalle, sababa jechoonni barreeffaman dogoggora qubeessuutiin hiika isaanii gadi dhiisaniif dubbisaan akka ta'utti ergicha hubachuu dhabuutu mul'ata.

Kunimmoo, xiyyeeffannoon qaama xalayicha dubbisuuf kan hinkennamne ta'uu agarsiisa. Mee haalaallu, "hima armaan olii kana keessatti jechi "yalaameet" jedhu jecha afaan Oromoo keessatti hiika qabu hin fakkaatu. Dubbisaan xalayichaas jechichi maal akka ta'e hubachuutti ni rakkata. Gama biraatiin, Hima olitti gurraacheffamee jala sararame yoo ilaalle, qaamni xalayaa kana barreesse dubbisaan xalayaa isaa akka qaama birootti fuulleetti waan itti dubbataa jiru fakkaata. Dhimmichi silaa qaama biroo irraa xalayaa barreeffame dubbisaa xalayichaa beeksisuu ture. Barreessaan kun garuu, qaama xalayicha barreesseefi kan silaa inni itti barreessu sana waljala fuudhee barreessee jira. Kanaaf, dubbisaan kun xalayicha erga dubbisee booda akka isa ilaallatu hubachuu dhiisuu danda'a.

Yaaduma kanaan olitti dhihaate Derek (2016:14) yeroo ibsu, xalayaa tokko barreessuun dura dubbiftootaaf xiyyeeffannoo kennuun isa jalqabaa akka ta'eefi ifooma ergaallee qabaachuu akka qabu dubbata. Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, xiyyeeffannoo xalayaalee hojii ta'uu kan qabu keessaa dubbiftoota giddu galeeffachuun dhimma murteessaa akka ta'eedha.

Akka waliigalatti, xalayaaleen lamaan armaan olitti xiinxalaman kunneen odeeffannoo bargaaffiifi afgaaffiirraa argame waliin yeroo ilaalaman, odeef-kennitoonni dubbiftoota nixiyyeeffanna jechuun yaada isaanii yoo kennanillee ragaa sakatta'ame irraa hanqinni dubbiftoota xiyyeeffachuun barreessuu kun mul'atee jira. Kana malees, yeroo tokko tokko qofa dadhabbiirraa kan ka'e dogoggorri akkasii uumama kan jedhan dhugaa hinfakkaatu. Sababni isaas, xalayaaleen kallattiidhaan waraabaman kunneen martinuu hanqina odeef-kennitoonni waakkatan kanarraa bilisa ta'ee hinargamu. Dabalataanis, yaada hayyoonni dhimma kanarratti barreessaniin kan walhinsimne ta'ee argama.

#### 4.2.1.1.3. Keeyyata Gaggabaabootti Qoqqooduun Barreessuu

Xalayaan tokko xalayaa gaariidha kan jedhamu yoo keeyyatatti qoodamuun kaa'ameedha. Sababni isaas, xalayaan ergaa sirriifi namaaf salphaatti galuu danda'u yoo keeyyatatti qoqqoodamee barreeffame waan ta'eef. Himoonni keeyyanni ittiin barraa'an illee himoota gabaabinaan ergaa dabarsan ta'uu qabu. Yaaduma kanaan walqabatee, hanqina xalayaa keeyyatatti qoqqooduun barreessuu xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan ilaalchisee odeeffannoowwan funaanaman akka kanaan gadiitti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 7: Xiinxala Bargaaffii Keeyyata Gaggabaabootti Qoqqooduun Walqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 3 | Yeroo xalayaa barreessitan keeyyata gaggabaabootti qoqqooduun ni barreessi tuu? | A. Eeyyee | 1 | - | 1 | 6.5 |
| | | B. Lakkii | 8 | 4 | 12 | 75 |
| | | C. Darbee darbee | 2 | 1 | 3 | 19 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee7  gaaffii 3$^{ffaa}$rraa mul'atutti, odeef-kennitoonni 1(6.5%) eeyyee jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 12 (75%) ta'an immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennitoonni 3 (18.8%) ta'an darbee darbee jedhanii deebisaniiru. Haaluma kanaan, deebii odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamu, hojjetoonni waajjiraalee hedduun xalayaa yeroo barreessan keeyyatatti qoqqoodanii barreessuun akka hinjirreedha.

Kanumarratti gaaffii maaliif? jedhamee gaafatammef, odeef-kennitoonni yeroo baay'ee xalayaa fuula tokkoo waan barreessinuuf keeyyatatti qooduun nun barbaachisu jechuun yoo haalanis, dhugaan sakatta'a ragaa waajjira isaaniitii argame hanqinni kun jiraachuu nuuf mirkaneessee jira.

Kanumaan kan walfakkaatu afgaaffi dhihaateef odeef-kennitoonni yeroo baay'ee xalayaa fuula tokkoo waan barreessinuuf keeyyatatti qoqqooduun hin barbaachisu jechuun yaada isaanii kennaniiru. Kanarraas kan hubannu, xalayaan hojjetoonni barreessan keeyyataaf xiyyeeffannoo kan hin laanne ta'uudha. Kunimmoo ergaa xalayichaa gufachiisuu danda'a. Dabalees, xalayaaleen hanqina keeyyatatti qoqqooduu qaban lama akka armaan gadiitti kallattiin waraabamanii xiinxalamanii jiru.

- Waraabbiin kallattiin waajjira Bul/A/G/Qeebbeetii fuudhame kun akkas jedha. "Dhimmi isaa:- Buufata Fayyaa Gaafachuu Ta'a. Ol-mata dureerratti akkuma ife Aanaan Gawoo Qeebbee Godina Qellem Wallaggaa keessatti kan argamtu yeroo taatu haalli teessuma aanaa kanaa baay'ee bu'aa bayii fi rakkisaa kan ta'ee fi fageenyi qaxanaan buufata hin qabne buufata ollaarraa qabu baay'ee guddaa jechuun giddu galeessa 30 km waan ta'eef fayyaa hawaasaa, dubartoota ulfaa, fayyaa haadholii fi fayyaa daa'immanii ilaalchisee rakkoo guddaa keessa kan jirruudha. Kanaaf rakkoon nuti keessa jirru kun nuuf ilaalamee qaxanaa 3(sadii) jechuun Qaxanaa Iluu Goondee, Qaxanaa Haroo Abbaa Gammadaa fi Qaxanaa

Diillaa Waayyuu, irratti Buufatni Fayyaa akka nuuf heyyamamuuf ragaa dhimma kana ilaallatu waraqaa fuula___ irratti guunneee xalayaa geggeessituu kanaan walqabsiifnee gaafachuu keenya kabajaan isin beeksifna." jedha. Dabalee $D_7$ irratti argama.

Barreeffamicharraa akkuma mul'atu, akkaataan dhihaannaa himootaa baay'ee walxaxaafi salphaatti kan hin hubatamneedha. Himoota bakki isaan itti xumuraman hin beekamne fayyadamuun waan barreeffameef. Himoonni walxaxoon ykn xaxamoon barreessuun kunimmoo, qaama xalayaa sana dubbisu barreeffamicha hubachuu dadhabuu; akkasumas akka nuffu taasisa. Nuffiin dubbisuun immoo, ergaan xalayichaa haalaan akka hin hubatamne dhiibbaa guddaa taasisa. Gabaabumatti, barreeffamni kun himoota hedduufi keeyyata adda addaa sadiitti qoodamuun kan irra ture keeyyata bal'aa tokkoofi keeyyatichimmoo himoota himoota lama qofaan akka barreeffaman ta'ee jira. Kun immoo, yaada boqonnaa lama sakatta'a barruu keessatti barreeffame akka hin hubatamne, nuffisiisaafi salphaatti hubatamuu danda'aniin barreeffamuu qaba jedhu faallessee argama. Haalli kun immoo, barreeffamni xalayaa waajjiraalee hanqina keeyyatatti qoqqooduun barreessuu qabaachuu mirkaneessa.

- Kanumaan kan walfakkaatu, Xalayaan W/A/T/A/G/Qeebiitii kallattiin fudhatame, "Obbo aadde Maabiraat Tolaatiif, Dhimmi isaa:-Guddina Sadarkaa keessaan isin beekssu ta'a Ol- mata duree irratti ibsuuf akkuma yaalamee W/T/A/G/Qeebbeetti Ogeessa babal'ina sona aadaa lakk.Eenyummaa gita hojii -31/GXX-AXX-04 Irrattii beeksisa gaafa guyyaa 20/10/2010 ba'e dorgomtanii qabxii olaanaa fiduun waan mo'attaniif gaafa guyyaa 1/11/2010 irraa eegaltanii waamamaa gitaa hojii ogeessa babal'ina sona aadaa lakk. eenyummaa gita hojii 31GXX31-AXX-04 sadarkaa gita hojii PS-5 irratti guddina sadarkaa kan argattan waan ta'eef miindaa duraan isiniif kaffalamaa ture 2872(kuma lamaafi dhibba saddeetiifi torbaatamii lama)irrattii Qarshii 707(dhibba torbaa fi torba isiniif dabalamee walumaagalattii qarshii 3579(kuma sadiifi dhibba shaniifi torbaatamii sagal)ji'aan argachaa hojii isinitti kennamee amanamummaa fi qulqullinaanakka hojjettan isin beeksifna," jedha. Dabalee $D_8$ irra.

Haaluma walfakkaatuun, barreeffamni xalayaa kun yeroo ilaalamu, himoota salphaa adda addaatiin barreessuun utuu danda'amuu hima baay'ee xaxamaa ergaa isaa hubachuuf baay'ee rakkisaa ta'e tokkoon barreeffama keeyyata gurguddaa sadii ta'uu danda'u barreessanii jiru. Keeyyatichi himoota hedduutti qoodamuun barreeffamuun kan irra tures, hima tokko qofaan barreeffame. Kunimmoo, hubatamummaa barreeffamichaarratti

dhiibbaa gochuu bira darbee dubbisaa xalayichaa nuffisiisuudhaan miidhaginaafi fudhatamummaa xalayichaa xiqqeessuu danda'a. Qaama xalayicha barreessellee ni ceephaasisa.

Yaaduma kanaan olitti dhimma xalayaa keeyyatatti qoqqooduu ilaalchisee hayyuun Robert (2004:13) Xalayaan keeyyatatti qoqqoodamuun barreeffamuu akka qabu ibseera. Barreeffamicha keeyyatatti qoqqooduun barreessuun barreeffamichi salphaatti akka dubbifamu taasisa. Kunis, dubbiftiinni akka hin nuffisiifneef ni gargaara jechuun dubbata. Yaanni hayyuu kanaa kan nuhubachiisu, barreeffamni xalayaa keeyyata gaggabaabaatti qoodamuun yoo barreeffame dubbiftoota hawwachuu bira darbee barreeffamichi salphaatti akka dubbifamu taasisuu isaati.

Walumaagalatti, yaada armaan olitti bargaaffiifi afgaaffii irraa argamee akkasumas waraabbii xalayaarraa argame walbira qabnee yeroo xiinxallu, hanqinni xalayaa keeyyatatti qoqqooduun barreessuu bakka hundatti yaada waldeggeruudha. Kunis, kan odeef-kennitootarraa fuudhamee keessatti hanqinni kun jiraachuun bira ga'ameera. Kana malees, ragaa sakatta'amerraa kan argames hanqinuma walfakkaataadha. Kunimmoo, Yaada beektotaarraa argameen walbira qabamee yeroo ilaalamu, faallaa ta'ee argama.

#### 4.2.1.1.4. Hanqina Qindoomina Yaadaa Qabaachuu

Barreeffamni xalayaa kamillee qindoominaan barreeffamuun dhihaachuun miidhagina barreeffamichaafis ta'e, hawwatummaa barreeffamichaatiif baay'ee barbaachisaadha. Qindoominaan barreessuu jechuun yaada qindaa'aa irra deddeebii hin qabneen dubbisaaf sirriitti akka ifa ta'uu danda'utti kan barraa'eedha.

Yaaduma kanaan kan walqabate, hanqina qindoomina yaadaa xalayaalee waajjiraalee mul'atan ilaalchisee odeeffannoon funaanaman akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru

**Gabatee 8: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Qindoomina Yaadaa Qabaachuurratti**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 4 | Xalayaan isin barreessitan qindoomina yaadaa ni qabaa? | A. Eeyyee | 6 | 2 | 7 | 43.75 |
| | | B. Lakkii | 1 | 1 | 2 | 12.5 |
| | | C. Hamma tokko | 4 | 2 | 4 | 25 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 8 gaaffii 4[ffaa]rraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 7 (43.75%) ta'an gaaffii gaafatameef eeyyee jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennitoonni 2 (12.5%) ta'an lakkii jedhanii yeroo deebisan, 4 (25%) ta'an immoo, hamma tokko jedhanii deebisaniiru. Walumaagala, deebii odeef-kennitoota kanaarraa kan hubatamu, hojjetoonni mootummaa xalayaa yeroo barreessan qindoominaan akka barreessan ibsuu isaaniiti.

Haaluma kanaan, afgaaffii yaada kanarratti dhihaateef, odeef-kennitoonni xalayaa yeroo barreessan qindoomina yaadaatiin xalayaa isaanii akka barreessaa jiran ibsaniiru. Haaluma kanaan, yaada afgaaffiifi bargaaffii yoo ilaalle yaada walfakkaatu qaba.

Dabalees, xalayaaleen hanqina qindoominaa qaban lama akka armaan gadiitti kallattiin waajjiraalee waraabaman xiinxalamanii jiru.

- Haaluma kanaan, Barreeffamni xalayaa armaan gadii kun W/Dhi/Du/Daa'immanii irraa kallattiin kan waraabamedha. "Olitti ibsuuf akkuma yalame leenjii dhukkuba feestullaa irratti namni tokko akka iratti argamuuf xalayaa gaafa guyyaa 3/9/2017 nu gahe irratti hundaa'uun akka waajjira Dhi/Dub/Daa'immanii irraa obbo Habtaamuu shawaaraggaa kan jedhaman akka irratti argamaniif xalayaa kanaan isin beeksifna" jedha. Dabalee $D_9$ irratti argama.

Kanumarraa ka'uudhaan, barreeffamni xalayaa waraabame kanaa qindoomina yaadaa ga'aa tokko akka hin qabnetu mul'ata. Kunis, sababa irra deddeebiin jechootaafi yaadaa keessatti argamaniifi irra deddeebiifi tartiiba yaadaan dhihaachuu dadhabuun xalayaaleemmoo, ergichi haala barbaadameefi hawwataa ta'een dubbiftoota bira akka hin geenye danqa. Ergaan barreeffamichaa danqamuun immoo, xalayichi hojiin ala akka ta'u taasisa jechuudha. Haala kanaan barreessuun kunimmoo, waajjiraalee mootummaa keessa jiraachuu nuuf mirkaneessa.

- Haaluma walfakkaatuun, barreeffamni xalayaa kallattiin W/Q/M/E/F/A/G/ Qeebbeetii fudhatames, "Dhimmi isaa:- Humna namaa isin nu gaafatan gad isiinif dhisuu ta'a. Olmata dureen akkumaa ibsuuf akkuma yalamet waajiirri keessan humna namaa guuttachuu f hojjettaa wajiira keenyaa kan taa'an obbo taammiraat Asfawuu fudhachuu f xalayyaa gaafaa 25/10/2010 barreessitaniin deeggeerssa nuuf gaafachhun keessan ni beekkaamadha. Kanumarratti hundaa'uudhaan nuttis gama keenyaan yoo fudhatan kan nuy hin mormine taa'uu keenya ibssaa xalayaa deggerisa kan laachuufii keenya kabajaan isin beekisifna" jedha.

Barreeffamni kunis, hanqina qindoominaa qaba. Mata-durichumarraa yoo kaane, yaanni ykn ergaan xalayicha keessatti hadarbuuf barbaadame humna namaa waajjirri biroon akka gadi isaaniif dhiisuuf gaafatee ture duubdeebii kennuu ture. Himicha keessatti **isin** kan jedhu ramaddii 2ffaadha. Kunis, kallattiidhaan qaama xalayicha barreessetti haasa'uu mul'isa. **Nugaafatan** kan jedhu immoo ramaddii 3ffaa ykn qaama sadaffaatti haasa'uu agarsiisa. Kanaaf, humna namaa isin nugaafatan kan jedhu matimniifi gochimni isaa qindoominaan hindhihaanne. Qindoomina matimaafi gochimaa dhabuun kunimmoo, ergaan barreeffamichaa haalaan akka yaadametti akka hindabarre taasisee jira.

Walumaagala, yaada odeef-kennitoota irraa bargaaffiifi afgaaffiidhaan argame yeroo ilaallu, odeeffannoon argame walfakkaataadha. Kunis, haaluma walfakkaataadhaan xalayaa isaanii qindoominaan barreessaa akka jiran yaada isaan kennanirraa hubachuun nidanda'ama. Gama biraadhaan garuu, odeeffannoo kana ragaa sassaabame waliin walbira qabnee yeroo ilaallu, yaanni argameefi kan ragaan fuudhame walitti hindhihaatu. Kunis, kan ragaan argame irraa yeroo ilaallu, xalayaan barreeffamee waajjiricha irraa fuudhame qindoomina yaadaafi barreeffamaa akka hin qabne qoratichi adda baafatee jira.

#### 4.2.1.1.5. Guutummaa Qabaachuu

Guutummaan yaadaa adeemsa barreessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Kunis, yaanni akka darbuuf barbaadame irraa utuu hin hir'atin, ittis utuu hindabalamin akkaataa barbaadameen dubbisaa bira ga'uudha.

Gaaffii 6$^{ffaa}$n gaaffii banaa odeef-kennitoonni akka yaada kennaniif dhihaateedha. Haaluma kanaan, odeef-kennitoonni xalayaa yeroo barreessan yaalii addaa akka hintaasifne ibsanii jiru. Darbee darbee garuu, qindeessanii barreessuu akka yaalan himaniiru.
Bifuma kanaan, afgaaffii gaafatameef odeef-kennitoonni yaada isaanii yeroo kennan xalayaa yeroo barreessan itti yaadanii qindoominaan barreessuuf akka hin yaalle ibsanii jiru. Yaanni kun immoo, xalayaan qindoomina dhabuu isaatiif karaa ta'a.

- "Dhimmi isaa: Gabaasa Amajjiifi Hangaa Ji'aa kan isiniif erguu ta'a. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalle Gabaasa Ji'a Amajjii fi Hangaa ji'aa kan adeemsa Na/Tiraafikaa fi Dhi/Taj/Geejjibaa Hojjennee Xalayaa geggeessituu Fuula ___

waliin erguu keenya kabajaan ibsina" jedha. Kunis, xumura waraqaa kanaarratti Dabalee $D_2$ irraa argama.

Barreeffamni armaan olii kun kallattiidhaan W/A/T/Ge/A/G/Qeebbeetii waraabame. Guutummaan ergaan barreeffamichaas ta'e, jechoonni barreeffamichi ittiin barreeffaman hanquufi ergichis ciccitaa yoo ta'an ergaan barreeffamichaa akka yaadametti galma ga'uun hafee ciccitaa ta'a. Haaluma kanaan, barreeffama kana yoo ilaalles, hanqina jechootaatiin guutuu waan ta'aniif ergaan barreeffamichaas beekamaa miti. Kunis, barreeffamicha keessatti "Gabaasa Amajjii fi hangaa ji'a kan isiniif erguu ta'a." kan jedhu jechoonni hedduun waan keessaa hafaniif mata-durichuma irratti ergaan isaa hubatamuun kan irra ture akka hin hubatamne ta'ee jira. Waajjirri xalayaan kun keessaa barreeffame kunis ergichi ga'aadha jedhee qaama barbaadeef erguun isaa baay'ee kan nama qaanessuudha. Kunimmoo, hanqinni akkasii kun barreeffama xalayaa waajjiraalee keessa jiraachuu isaa nuuf mirkaneessa.

- ❖ Haaluma walfakkaatuun, barreeffamni xalayaa waajjiraa Dhi/D/Daa'i irraa waraabame kun, "Dhimmi isaa:- Tilmaama Guddina Daa'immanii tokkoof ji'atti barbaachisuu tilmaamee erguu ta'a. Olitti ibsuuf akkuma yaalame M/M/A/G/Qeebbee irraa gaafa 24/09/2010 xalayaa lakk. 13209 manni murtii nuuf erge irratti hundaa'uun tilmaama daa'imaa, umuriin isaa waggaa 3 daa'immaa tokkof kan oolu kan ji'a akkaataa armaan gadii tilmaamnee erguu ilaallata" jedha.

Waraabbii kanarraa kan hubannu, jechoonni ittiin himoonni sun barreeffaman hir'uu waan ta'aniif himoonni xalayichi ittiin barreeffaman illee hir'uudha. Kana malees, yaanni xalayichaa ciccitaa ta'uurraan kan ka'e wanti barreeffamuuf barbaadame karaatti hafee jira. Haalli kunimmoo, hanqinni guutummaa xalayaalee waajjiraalee keessa jiraachuu nuuf mirkaneessa.

Walumaagala, yaada gaaffii banaafi afgaaffiin gaafatame yeroo ilaallu, odeeffannoon odeef-kennitoonni ibsan walirraa fagoo miti. Kunis, odeeffannoon gama lamaaniin argame xalayaa yeroo barreessan qindoominaan akka barreessaa jiran adda niba'a. Yaanni kun garuu, dhugaa jiruun ragaa waajjiraalee kanneennii fuudhamaniin walbira qabamanii yeroo ilaalaman faallaa ta'anii argamu. Ragaa sakatta'ame yoo ilaalle, xalayaan barreeffamee waajjiraaleedhaa fuudhame hanqina qindoomina yaadaa bal'aa akka qabu hubatameera. Kanaaf, dhugaa jiruun yoo ilaalamu xalayaaleen waajjiraaleedhaa barreeffaman hanqina qindoominaa qabaachuun isaa bira ga'ameera.

#### 4.2.1.1.6. Sirrummaa Qabaachuu

Amaloota xalayaa gaarii keessaa tokko sirrummaa qabaachuudha. Namni xalayaa barreessu tokko waantota xalayaa keessatti haammatamuu qaban kanneen akka qubeessuu, qubguddeessaa, sirna tuqaaleefi kan kana fakkaatan haala sirriin barraa'uu isaa mirkaneeffachuu qaba. Kunimmoo, xalayaan sun ergaa sirrii akka qabaatuuf bu'aa guddaa qaba. Dabalees, hanqina sirrummaa barreeffama xalayaalee waajjiraalee mul'atan kana ilaalchisee odeeffannoon funaanaman akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

**Gabatee 9: Xiinxala Bargaaffii Sirrummaa Waliin Walqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 5 | Xalayaan isin barreessitan sirrummaa ni qaba jettanii yaadduu? | A. Eeyyee | 7 | 3 | 10 | 62.5 |
| | | B. Lakkii | 1 | - | 2 | 12.5 |
| | | C. Hanga tokko | 3 | 2 | 5 | 31 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 9 gaaffii 5$^{ffaa}$rraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 10 (62.5%) ta'an eeyyee jedhanii deebisaniiru. odeef-kennitoonni 2(12.5%)ta'an lakkii jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 5 (31%) ta'an immoo, hanga tokko jedhanii deebisaniiru. Yaada odeef-kennitootaa kana irraa waanti hubatamu, xalayaan waajjiraalee akka iddattooo qorannichaatti fudhataman keessaa ba'an sirrummaa yaadaafi barreeffamaa qabaachuu isaaniiti.

Yaaduma kana bifa afgaaffiitiin gaafatameef, odeef-kennitoonni xalayaan barreeffamu darbee darbee hanqina tokko tokko yoo qabaate illee, sirrummaa yaadaatiin akka barreeffamu ibsaniiru. Yaada kanarraas kan hubatamu, xalayaaleen waajjiraaleedhaa barreeffamanii ba'an hagas mara hanqina sirrummaa kan qabu akka hin taaneedha. Haaluma walfakkaatuun, xalayaa hanqina sirrummaa yaadaa qabaniin walqabatu tokko kallattiin waajjira irraa waraabame akka itti aanutti xiinxalamee jira

- "Dhimmi isaa:-Akkeekachiisa isiniif ga'uu ta'a. Akkuma olitti ibsuuf yaalametti Manni hojii A/T/Ge/A/G/Qeebbee osoo hin beekini Dambii fi Qajeelfama geejjibaa cabsuun beekamti tokko osoo Waajjiricha irraa hin argatiin Aangoo fi fedha mataa keessanii guutachuuf nagahee konkolaataa qaama hin beekamne waliin..." jedha.

Barreeffamni kun kallattiidhaan waajjira D/M/G/tii kan waraabameedha. Xalayaan tokko sirrummaan isaa ga'aadha kan jedhamu, qubeessuu sirrii, qubguddeessa sirrii, sirna tuqaalee sirrii, caasluga sirriin yoo barraa'eedha. Barreeffamni xalayaa kana ammoo yoo ilaalamu, hanqina qubeessuu, qubguddeessaa haalaan fayyadamuu, sirna tuqaaleetiin guutuudha. Akka fakkeenyaatti, ...walcaalmaa adda addaa geggeessaa jiraachuun keessan bira ga'ameera;kunimmoo..."dhuma hima kanaatti tuqaan goolabamuun kan irra ture qoodduu jabaadhaan qoodamee jira. Kana malees, jechoonni hiika dabarsuuf barbaadaman dhiisanii hiika biroollee argatanii jiru. Kunis, "...guyyaa xalayaan kun isin ga'ee kaastanii hojii kana akka ***dhabdan*** cimsinee..." kan jedhu keessatti akka dhaabdan jedhamuuf kan barbaadame gara kanatti jijjiiramee jira. Kuniif kanneen biroon barreeffamicha keessatti ergaan barreeffama xalayichaa sirrii akka hin taane ga'ee guddaa taphatanii jiru. Kunimmoo, barreeffamni xalayaa waajjiraalee hanqina kanarraa bilisa akka hin taane nuuf mirkaneessa.

#### 4.2.1.1.7. Jechoota Salphaatti Hubatamaniifi Ifaa Ta'aniin Barreeffamuu

Xalayaa gaariin tokko kan ittiin beekamu, jechoota salphaatti dubbiftootaaf galuu danda'aniifi yaada barreeffamuuf barbaadame sana akka barbaadametti dhiheessuu danda'uun kan barreeffame yoo ta'eedha. Yaaduma kanaan walqabatee, hanqina jechoota salphaatti hubatamaniifi ifaa ta'aniin barreeffamuu xalayaalee waajjiraalee mul'atan ilaalchisee odeeffannoon funaanaman akka armaan gadiitti xiinxalmaniiru

**Gabatee 10: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Jechoota Salphaatti Hubatamaniifi Ifaa Ta'anii Barreeffamuu Waliin Waalqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 6 | Xalayaan waajjira keessanii jechoota salphaatti hubatamuu danda'aniifi ifoo ta'aniin ni barreeffamuu? | A. Eeyyee | 8 | 3 | 11 | 69 |
| | | B. Lakkii | 1 | 1 | 2 | 12.5 |
| | | C. Hanga tokko | 2 | 2 | 4 | 25 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 10 gaaffii 6^ffaa armaan olii kanarraa hubatamutti, odeef-kennitoonni 11(69%)ta'an eeyyee jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 2(12.5%)ta'an immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Haaluma kanaan, odeef-kennitoonni 4 (25%) ta'an hanga tokko jechuun deebii isaanii ibsaniiru. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa kan hubatamu, xalayaaleen waajjiraaleedhaa barreeffaman guutummaatti yoo ta'uu baatan illee, jechoota salphaafi ifaa ta'aniin akka barreeffamaa jiran kan nutti agarsiisuudha.

Bifuma kanaan, afgaaffii dhimma kanarratti gaafatameef odeef-kennitoonni jechoota filachuun, himoota salphaatti hubatamuu danda'an bal'inaan kan hin xiyyeeffanne akka ta'an ibsaniiru. Kunis, xalayaadhuma altokko barraa'ee achumatti waan barbaachisu qofa gulaaluun barreeffamuuf itti yaadee namni haala kanarratti xiyyeeffannoo kennu akka hin jirre ibsaniiru. Haaluma kanaan, xalayaa hanqina jechoota ifaafi salphaatti namaaf ifuu danda'aniin walqabatu tokko akka armaan gadiitti kallattiin waajjira irraa waraabame akka kanaan gadiitti xiinxalamee jira.

- ❖ Xalayaan Waajjira M/Murtii/A/G/Qeebbeetiif jedhamee lakkoofsa xalayaa 206/Dhi/Du/Daa'i/2010 gaafa guyyaa 29/9/2010 barreeffame, "Dhimmi isaa:- Tilmaama Guddina Daa'immanii tokkaaf ji'atti barbaachisu tilmaamee erguu ta'a. Olitti ibsuuf akkuma yaalame M/M/A/G/qeebbee irraa gaafa guyyaa 24/09/2010 xalayaa lakk. 13209 manni murtii nuuf erge irratti hundaa'uun tilmaama daa'imaa, umuriin isaa waggaa 3 daa'imaa tokkoof kan oolu ji'a akkaataa armaan gadii tilmaamnee erguu ilaallata" jedha.

Hanqinaaleen kunis, barreeffamni xalayaa kanaa irra deddeebii jechootaatiin guutee waan barreeffameef dubbisaa xalayichaa kan nuffisiisuudha. Himoonni barreeffamichi ittiin barreeffames haala salphaafi gabaabaan ergaa guutuu dabarsuu utuu danda'anii gaara naanna'aa waan oolan fakkaata. Haala kanaan barreessuun kun immoo, ergaa xalayaa hubannaa dhowwachuu bira darbee dubbiftoota illee hamilee dhowwachuu danda'a. Hanqinaaleen akkasii xalayicha keessa jiraachuun immoo, hanqinichi xalayaalee waajjiraalee keessa jiraachuu nuuf mirkaneessa.

Walumaagalatti, yaada odeef-kennitootaa irraa bifa bargaaffiifi afgaaffiitiin argame kan ragaa sakatta'ame irraa argame walbira qabnee yeroo ilaallu, kan bargaaffii irraa argame xalayaa eroo barreessan jechoota ifaafi salphaatti namaaf hubatamuu danda'an ni fayyadamna jedhanii yoo deebisan illee, yaanni afgaaffiifi ragaa sakatta'ame irraa argame hanqinni yaada kanaa jiraachuu nuuf mirkaneessee jira.

#### 4.2.1.1.8. Hanqina Kaayyoo Qabaachuu

Jechoonni xalayaan ittiin barreeffaman kaayyoo aggaamameef kan galmaan ga'an ta'uu qabu. Kunis, jechoota idileetiin barreeffamuu qabu. Kaayyoo aggaamaniif sana haalaan hinibsan taanaan ergaan xalayichaa galma ga'iinsa hin argatu. Kanaafuu, kaayyoon barreeffama xalayaa tokko sirriitti akka hubatamuuf bu'uura guddaadha. Haaluma kanaan,

hanqina xalayaa kaayyoon barreessuu waajjiraalee keessatti mul'atan ilaalchisee odeeffannoo funaanaman akka kanaan gadiitti xiinxalamaniiru

**Gabatee 11: Xiinxala bargaaffii Hanqina Kaayyoo Qabaachuu Waliin Walqabate**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 7 | Xalayaa yammuu barreessitan kaayyoo barreeffameef galmaan ni ga'a jettanii yaadduu? | A. Eeyyee | 9 | 4 | 13 | 81 |
| | | B. Lakkii | 2 | 1 | 3 | 18.8 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 11 gaaffii 7[ffaa]rraa argamutti, odeef-kennitoonni 12 (75%) ta'an eeyyee jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 4 (25%) immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Walumaagalatti, deebii odeef-kennitootaa kanneeniirraa waanti hubatamu hojjetoonni mootummaa waajjiraaleedhaa xalayaa barreessan dhibbantaan olaanoo ta'an hanqina kaayyoon barreessuu akka hin qabne ibsaniiru. Kana malees, muraasi isaanii immoo kaayyoo hamma tokko galmaan ga'uu akka danda'uudha. Gaaffii kanarratti maaliin mirkaneeffattan? jedhamee gaafatameef, odeef-kennitoonni waanti hojjetamu kamiyyuu kaayyoo mataa isaa waan qabuuf hamma tokko kaayyoo barbaadame akka galmaan ga'utti barreessina jechuun dhugaa jiru haaluuf yaalanis, sakatta'a dookumantii taasifameen hanqinni kaayyoo galmaan ga'uu akka jiru nuhubachiisa.

Haaluma kanaan, dhimma kanarratti xalayaa kallattiidhaan waajjiraaleedhaa waraabame akka itti aanutti xiinxalamee jira.

- Xalayaan W/A/T/Ge/A/G/Qeebbeef jedhee lakk.98/A/T/Ge/2010 gaafa guyyaa 15/5/2010 barreeffame, "Dhimmi isaa:- Gabaasa Amajjii fi Hangaa ji'aa kan isiniif erguu ta'a. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalle Gabaasa ji'a Amajjiifi Hangaa ji'aa kan Adeemsa Na/Tiraafikaa fi Dh/Taj/geejjibaa hojjennee xalayaa geggeessituu Fuula __waliin erguu keenya kabajaan ibsina" jedha.

Hanqinni jedhame kunis, olitti akkuma mul'atu kaayyoon yaada barreeffamuun barbaadameefi waanti barreeffamee dhihaate kan wal hin simanneedha. mata-dureerratti, "Gabaasa Amajjiifi Hangaa ji'aa kan isiniif erguu ta'a" jedha. Kun yoo ilaalamuu, Amajjiifi hangaa kan jedhamu akaa waan gabaafamuutti barraa'e. Amajjiifi hangaa kan jedhamu garuu ofkeessatti hiika dhabaniiru. Ergaa isaa bal'inaan barreeffame yoo ilaalles, dhibba keessaa dhibba kaayyoon aggaamamee ka'ameefi waanti barreeffame homaa

walitti dhiheenya hin qaban. Kaayyoofi waanti barreeffame adda adda ta'uun ergaa darbuuf barbaadamerratti dhiibbaa fida.

Toora interneetii http:/www.vistaprint.com/logo-design/add text.aspx?xnav=Tsr Itemand rd=2. Yeroo ibsu, "elements of good letter you make sure your present your objective in aclear manner and consice manner" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, ulaagaalee xalayaa gaarii tokko barreessuuf nu fayyadan keessaa tokko kaayyoo ibsuuf deeman bifa ifaafi hubatamuu danda'uun ibsuu akka ta'eedha. Kunis, ergaa xalayichaatiif bu'uura guddaa buusa.

Walumaagalatti, odeeffannoo bifa afgaaffiifi bargaaffiin argamerraa waanti xiinxalamu, odeef-kennitoonni xalayaa yeroo barreessan kaayyoo akka galmaan ga'utti barreessina jechuun yaada yoo kennanillee, odeeffannoon ragaa dookumantiirraa argame hanqinni kun jiraachuu isaa mirkaneessee jira. Gama biraadhaan, yaada dhimma kana irratti madda interneetii irraa argamellee faallessee jira.

#### 4.2.1.2. Hanqina Fayyadama Afaanii

Kutaa kana jalatti dhimmoonni xalayaan walqabatan karaa fayyadama afaaniitiin raawwataman xiinxalamuun kan ibsamaniidha. Akkaataa namoonni itti waajjiraalee keessaa itti xalayaa barreessan yeroo hedduu ergaa barbaadame dabarsuuf jecha jechoota afaan biroo fayyadamu. Haaluma hojii waajjiraatiin fayyadamni afaanii kan mul'atu yoo ta'ellee, baay'een isaa yeroo xalayaan barreeffamu kan adeemsifamuudha. Rakkooleen fayyadama afaaniifi ijaarsa jechootaatiin uumaman kunneen guddina afaanichaarratti dhiibbaa kan qabaniidha. Kana malees, namoonni ergaa xalayichaa haalaan akka hin hubanne taasisuu danda'a.

Yaaduma kana Nambiar (2014) yeroo ibsu, "The language used in aformal letter must be appropriate in style. And do not use abbreviations" jedha. Yaada kana irraa waanti hubannu, barreeffama xalayaa hojii keessatti haalli itti fayyadama afaanii mijataa ta'uu akka qabuudha. Kana malees, gabaajewwan barreeffama xalayaalee hojii keessatti fayyadamuun ergaa dabarsuu irratti sirrii akka khin taane hubanna.

##### 4.2.1.2.1. Hanqina Afaan Kabajaa Fayyadamuu

Barreeffama xalayaa keessatti afaan kabajaa fayyadamuun beekamaadha. Kunis, iyyanni waajjiraalee mootummaatti dhihaatuufi waajjiraa nama birootti barraa'u ulaagaa guutuu qabu qaba. Akkuma dubbii afaanii keessatti kabajaanan gaafakdha jedhanii dubbatan

barreeffama keessattillee kabajaanan gaafadha, atoomaanin gaafadha, kabajaan isin beeksifna jedhan nidhihaatu. Kun immoo, afaan waajjiraalee keessatti fayyadamnu kan bakka birootti fayyadamnu irraa addummaa qabaachuu isaa argina. Haaluma kanaan, hanqina xalayaa jechoota kabajaan fayyadamanii barreessuu keessatti mul'atan ilaalchisee odeeffannoon funaanaman akka kanaan gadiitti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 12: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Afaan kabajaa fayyadamuu irratti**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 8 | Xalayaa yeroo barreessitan jechoota kabaja ibsan barreeffama keessatti ni fayyadamtuu? | A. Eeyyee | 1 | 1 | 2 | 12.5 |
| | | B. Lakkii | 4 | 1 | 5 | 31 |
| | | Darbee darbee | 6 | 3 | 9 | 56 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee12 gaaffii 8$^{ffaa}$rraa argamutti, odeef-kennitoonni 2 (12.5%) ta'an eeyyee jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 5 (31%) immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennitoonni 9 (56%) ta'an immoo, darbee darbee akka fayyadamaa jiran ibsaniiru. Walumaagalatti, deebii odeef-kennitooti kennanirraa waanti hubatamu hojjetoonni mootummaa waajjiraaleedhaa xalayaa barreessan dhibbantaan olaanoo ta'an hanqina jechoota kabajaa barreeffama isaanii keessatti akka yaadametti fayyadamuu akka qabaniidha. Haaluma kanaan, dhimma kanarratti xalayaan kallattiidhaan waajjiraaleedhaa waraabaman akka itti aanutti xiinxalamanii jiru.

- ❖ Xalayaan Lakk.314/Bul/2010 gaafa guyyaa 18/03/2010 barreeffame "Ol-mata dureen ibsuuf akkuma yaalame hojii kanaan dura hojjechaa jirtan irratti dabalachuun isin Fedirashenii Dubartootaa ta'uudhaan filatamuu keessan beektanii gaafa 1/3/2010 irraa eegaltanii hojii isinitti kennamee kan amanamummaa fi of-eeggannoodhaan akka raawwattan isin beeksifna" "Nagaa Wajin" jedha.

Xalayaan kun jalqabarratti ***Aadde*** Roomee Shifarraatiif jechuun kan barreeffame barreeffama xalayaa keessatti dhufuun isaa kan deggeramuudha. Kunis, nama ergaa sana fudhatu onnachiisuun hamilee hojichaa itti horuu danda'a. Barreeffamicha guutummaatti yoo ilaallemmoo, bakka kamittillee jechoota kabajaa namni sun hojicha akka galmaan ga'uuf fayyadaman hin mul'atu;irra caalaayyuu akka akeekkachiisaatti nama sanatti kan barreeffame fakkaata. Fakkeenyaaf, xumura himichaa keessatti "...ofeeggannoodhaan

akka raawwattan isin beeksifna" kan jedhu keessatti jechi kabajaa nama sanaaf taasifamu; kanneen akka, atoomaan, kabajaan, hayaataan isin gaafanna jedhamuun itti dabalamuun kanirra ture gidduudhaa hafeera. Kunimmoo, fudhatamummaa ergichi dubbisaa xalayichaa biratti qabu gadi bu'aa taasisa.

Haaluma kanaan, dhuma xalayichaa irratti xalayicha ittiin goolabuudhaaf jecha "nagaa Wajjin' jedhutti fayyadamaniiru. Jechi kun caalmaatti ergichi goolabamuu isaa ibsuuf yoo yaalellee ga'aadha jechuun nama rakkisa. Sababni isaas, jechoonni jecha kana caalaa ibsuu danda'an kanneen akka ulfaadhaa, galatoomaa jedhaman waan jiraniif. Walumaagala, xalayaan armaan olitti argamu kun fayyadama jechoota kabaja ibsanii hamma tokko yoo qabaatellee hanqinaalee adda addaa qabaachuun isaa xiinxala kanaan bira ga'ameera.

- Haaluma walfakkaatuun, xalayaan Lakk. 55/Bul/2010 gaafa guyyaa 18/11/2010 barreeffames, "Bakka bu'iinsa isinii kennuu ta'a. Ol-mata duree irratti akkuma ibsame itti gaafatamaa waajjira BLTO/A/G/Qeebbee kan turan Obbo lammeessaa Taasisaa Itti gaafatamaa irraa ka'uun isaan beekamaadha" jedha.

Barreeffama xalayaa kana keessatti, mata-dureen isaa bakka bu'iinsa isinii kennuu ta'a kan jedhurratti waanti bal'inaan ibsame hinjiru. Barreeffamicha keessatti garuu, akka waan waanti barreeffamuuf barbaadame gararraatti yookaan mata-durecha irratti bal'inaan ibsameetti barreeffamichatti yeroo seenu olmata duree irratti 'akkuma ibsame' jedhee yaada barbaadamemmoo itti fufee gajjallaatti ibse. Erga mata-duree irratti ibsameera ta'ee itti fufee barreeffama keessatti ibsamuu hin qabu; irra deddeebii illee ta'uu waan danda'uuf. Kanaafuu, mata-dureerratti akkuma tuqame jedhamee utuu barreeffamee filatamaa ta'a. Kunis, yaada mata-duree irratti tuqametu barreeffama keessatti bal'inaan dhihaata waan ta'eef.

Walumaagalatti, yaada bargaaffiidhaan odeef-kennitoota irraa argame yoo ilaalle, gaaffii gaafatameef odeef-kennitoonni jechoota kabajaa yeroo hedduu utuu hin ta'in, darbee darbee fayyadaman ta'uu isaaniiti. Ragaan kallattiidhaan sakatta'ames, yaaduma odeef-kennitootaa kana kan deggeruudha. Kun immoo, hanqinni fayyadama jechoota kabaja agarsiisanii barreeffama xalayaa keessatti akka barbaadametti fayyadamuun dhibuu isaa agarsiisa.

#### 4.2.1.2.2. Afaan Walkeessa Makanii Fayyadamuu

Afaan walkeessa makanii fayyadamuun sadarkaa dhamjechaa, jechaafi ciroowwaniitti illee kan jiraniidha. Haaluma kanaan, barreeffamoonni xalayaalee waajjiraalees hanqina kanaan guutuudha. Dabalees, hanqina xalayaa jechoota afaan adda addaa walkeessa makanii gargaaramuun barreessuu keessatti mul'atan ilaalchisee odeeffannoon funaanaman akka kanaan gadiitti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 13: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Afaan Walkeessa Makanii Fayyadamuu**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 9 | Haala fayyadama afaanii ilaalchisee xalayaa barreessuu keessatti akka rakkootti kan isin quunnamu maalfa'i? | A. Jechoota makuu | 6 | 2 | 8 | 50 |
| | | B. Caasluga | 1 | - | 1 | 6.5 |
| | | C.Gabaajee fayyadamuu | 4 | 3 | 7 | 43.8 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Gabatee13 gaaffii 9[ffaa]rraa akkuma mul'atu, odeef-kennitoonni 8 (50%) ta'an jechoota afaan adda addaa walitti makuun fayydamuu jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennaan 1(6.5%) caasluga jedhee yeroo deebisu, odeef-kennitoonni 7 (43.8) ta'an immoo, gabaajee fayyadamuu jedhanii deebii isaanii ibsaniiru. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamu, hanqinni jechoota walitti makanii barreeffama xalayaa keessatti fayyadamuu jiraachuu isaati. Dabalees, akka yaada odeef-kennitoota kanaatti waanti, barreeffama isaanii keessatti gabaajee adda addaa fayyadamuun hanqina kana akka fidu ibsaniiru.

Kana qofaa miti, afgaaffii biroon itti fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee irra caalaa rakkoolee akkamiitu isin mudata jedhamee gaafatameef yeroo baay'ee hanqina jechootaa, xalayaa barreeffamu keessatti haala dhihaannaa gaarii ta'etti fayyadamuun barreessuu dhabuu jechoota afaan biroo fudhachuun itti gargaaramuufi fayyadama gabaajeewwaniiti jedhanii deebisaniiru. Kunis, xalayaa keessatti jechoota baay'ee wal'aaluu, gabaajeewwan adda addaa hedduun hiikuun /diddiriirsuun isaanii nama rakkisan barreeffamicha keessatti waan argamaniif akka ta'e nihubatama. Bifuma walfakkaatuun, dhimma kanarratti xalayaaleen sadii kallattiidhaan waajjiraaleedhaa waraabaman akka itti aanutti xiinxalamanii jiru.

- ❖ Xalayaan W/MM/A/G/Qeebbeef jedhee lakkofsa xalayaa 85/QMB/2010 gaafa guyyaa 15/8/2010 barreeffame, "Dhimmi isaa: Murtoo koree revolving fund bittaa qorrichaa yaala Beeylladaa isiniif erguu ta'a. Armaan olitti ibsuuf akkumaa yallamet murttoo koorre revolving fund bittaa qorichaafi kittibaatii yaalla beeylladaa kan ibsu xalayaa geggeessittuu fuula 1(tokko) qabuun walqabsiisfnee isiinif erguu keenya nutis kabajaan isin beekisifna" jedha.

Waraabbii armaan olii kanarraa akkuma hubatamu, hanqinaaleen fayyadama afaanii keessatti kan baay'ataniidha. Hanqinaalee kanneen keessaa inni tokko jecha afaan biroo mallattoo tokkoo malee afaanicha keessatti fayyadamee jira. Kunis, murtoo koree jechuudhaan erga jalqabee booda afaan ittiin xalayaa barreessaa jiruun ala kan ta'e jechoota adda addaa utuu qofaatti adda baasuudhaan hinagarsiisin walkeessa makuun barreessuu isaati. Inni lammataan, filannoo jechootaa kan hin qabne ta'uu isaati. Kana jechuun jechootuma afaan xalayichi ittiin barreeffameen hiika mataasaanii otoo jiranii jechoota afaan birootiin jiran akkuma jirutti fudhachuun itti fayyadamee argama. Akka fakkeenyaatti 'kittibaatii' jedhu talaallii yaalaa beeyladaa jechuun barreessuun kan ergaa xalayichaa ibsuufis ta'e itti fayyadama afaanii mana hojichaa keessatti jiru haala gaariin qaama xalayichi barreeffameef hubatamuu danda'u ture. Inni biraan, yaanni xumura xalayichaa irratti ...isinii erguu keenya 'nutis' kabajaan isin beeksifna jedhu keessatti qaamni xalayaa kana barreesse nutis jedhee fayyadamuun isaa waajjirri biroonis akka xalayaa biraatiin dhimmicha ibsee jirutti fakkeesse. Kun immoo, qaama xalayichi barreeffameef irratti dhiibbaa uumee dogoggorsuu mala.

- ❖ Xalayaan lakk.176/Dhi/Du/Daa'i/2010 gaafa guyyaa 13/7/2010 barreeffames, "Mata duree irratti ibsuuf akkuma yaalame Dhaabbanni maqaan isaa Gartuu Tajaajila Wangeelaa Phaawuloos jedhamu gandoolee aanaa keenyaa adda addaa keessatti ijoollee (barattoota) abbaafi haadha hin qabne harka qalleeyyii ta'an dabtaraa fi Yuunifoormii bituufiin gargaaraa kan jiru yeroo ta'u, gara fuulduraattis aanaa keenya 'target area' godhachuun irratti hojjechuuf..." jedha.

Barreeffama xalayaa kanarraa afaan adda addaa ykn jechoota afaan adda addaa walkeessa makuun yeroo fayyadaman argina. Himni dabtaraafi yuunifoormii jedhu ergaan isaa ifaa yoo ta'ellee jecha afaan adda addaarraa argameedha. Jechoonni kun ergaan isaanii ifaa yoo ta'anillee makiinsa barreeffa xalayaa mana hojii keessatti dhiibbaa geessisu qabaachuu danda'a. Namoonni hiika jechoota kanaa hin hubanne jiraachuu waan danda'aniif. Haaluma walfakkaatuun, barreeffamicha keessatti jechi 'target area' jedhu

nama hundumaaf hubatamuu dhiisuu danda'a. Kun immoo, ergaa dabarsuuf barbaadame irratti danqaa geessisu qabaata. Kanaafuu, namoonni waajjiraaleedhaa xalayaa barreessan haala kanarratti ofeeggannoon hujjechuun barbaachisaadha.

- Haaluma walfakkaatuun, xalayaa lakkoofsi galmee isaa 599/QMB/2010 barreeffamerraa kallattiin waraabames, "Maanni hojii keenya akkaataa Qajeelfama raawwii Guddinaa sadarkkaa hojjetoota Mootummaa lakk 61/1994 basse irratti hundaa uudhaan gaafaa guyyaa 25/9/2010 beeksisa guddinaa sadaarikaa baasuun isaa ni beekamaa dha haaluma kanaan isin dorgommii taasiffame keessaa qabaxii caalmaa kan argattan waan ta'ee f guyyaa 1/9/2010 irraa jammaree waamama gitaa hujii Raawwataa H/F/S/Beeylladaa/T/A/B/A/VI Lakk Eenyummaa 36/G16-A09-11 sadarkaa PS 6 irratti guddinaa sadaarkaa kan argatan waan ta'eef miindaa ji'aan duraan isiniif kaffalamaa ture Qar. 4867 / kuma afurii fi dhibba saddee tiif jahaatamii torba irratti Qar. 437/ dhiiba afuuri fi soddomii torba / isiniif dabalamee miindaa ka'umsa iddochaaf hayyamamee qar. 5304/ Qarshii kuma shanii fi dhiibbaa sadii fi afur/ isiniif kanffalamaa gahee isin irraa eegamu amanamummaa fi ciminaan akka raawwatan isin beekisifna" jedha.

Waraabbii kallattii kana irraa akka argamutti jechoonni afaan adda addaa walmakanii afaanicha keessatti ni mul'atu. Jechoonni kanneenis, tokko 'biiroo paabiliki sarvisii' kan jedhuudha. Kun immoo jecha afaan biroo waan ta'eef qaamni xalayaa kana dubbisu akka hin hubanne dhiibbaa gochuu danda'a. Kanaafuu, biiroo tajaajila uummataa ta'uun utuu sirratee irra caalmaa afaan xalayichi ittiin barreeffame xiyyeeffachuu agarsiisa. Kana malees, jechoonni akka, 'jammaree, cod, level' jedhaman afaan xalayaan kun ittiin barreeffame keessatti beekamtiifi hiika kennuu waan hin dandeenyeef afaanicharratti dhiibbaa geessisuu danda'u. Kanaaf, jechi 'jammaree' jedhu, eegalee jecha jedhuun bakka bu'uu danda'a. Jechoota afaan oromootiin hiika qaban utuma jiranii jechoota afaan birootti fayyadamuun dhimma dhabummaafi dhibaa'ummaa guddaan barreessuu agarsiisa. Kanneen akka 'cod, level' jedhaman immoo, jechoota ergisaa waan ta'aniif hiika kallattiin afaan oromootti argachuu dhiisuu waandanda'aniif itti yaadamuu qabu.

Haaluma kanaan, akkaataa armaan olii kanatti waajjiraaleedhaa xalayaa barreessuun sababa jechoota afaan biroo afaan oromoo bakka buusuudhaan barreeffamuuf ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Kanamalees, afaanichi ofdanda'ee akka hin dhaabanne dhiibbaa geessisuu danda'a.

Elise (2016:9) yeroo ibsu, "if alanguage is not clearly and accurately, the communication process can not be successfully completed." jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, jechooti afaan itti fayyadamnuu, ifaafi amansiisaa ta'uun waliigalteen akka galma ga'u gochuun danda'uu isaati.

Walumaagalatti, yaada bargaaffiifi afgaaffii irraa argameefi kan ragaa sakatta'ame irraa argame walbira qabamee yeroo ilaalamu, walsimataadha. Kunis, odeef-kennitoota irraa kan argame jechoota afaan adda addaa walkeessa makanii fayyadamuufi gabaajewwan fayyadamuun hanqina isaanii akka ta'eedha. Ragaa funaaname irraas kan argame hanqina kana kan ofkeessaa qabuudha. Gama biraadhaan, hanqinni sakatta'ame yaada hayyuun Elise jedhamu olitti ibse faallessee argama. Kunimmoo, hanqinni olitti ibsame akka waliigalaatti jiraachuu isaa mul'isa.

### 4.2.2. Qaaccessa Unka Xalayaa

Unka xalayaa seera barreeffama afaanii ilaalchisuun jecha, hima, keeyyataafi barreeffama biroo keessatti, jechooti walitti qindaa’anii ergaa barreeffamaa dabarsan unka sirriin hinbarreeffamne taanaan ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa fida (Byrne, 1988). Akkasumas, Misgaanuu (2011:88) akka jedhutti, “Unki barreeffama tokkoo sirriitti baratamuufi to’atamuu qaba” jedha. Egaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti haalaan adeemsifaman gama kanaan yeroo xiinxalaman:
a, Mateessa:Askeessatti waajjira xalayaa barreesseefi waajjira xalayaan barreeffameeftu mul’ata. Mateessi waajjira xalayaa barreessee gara harka mirgaa golee oliirratti jalqaba lakkoofsa barreessee, itti aansuun guyyaa barreessee argama.Mateessi waajjira xalayaan barreeffameef immoo gama harka bitaa golee oliirratti, toora tokkoon mateessa waajjira isa barreessuu irraa gad siqee barreeffamee mul’ata.Kunis,maqaa waajjira barreeffameefi bakka (argama) waajjira sanaatuu jira.
b,Qaama: Xalayaaleen waajjiraalee mootummaa kunniin jalqabarratti mataduree dhimmichi irratti barreeffamaniin kan eegalaniidha. Kunis, jala sararamuun barreeffamee mul'ata. Itti aansees, ibsa dhimmichaatu haala ifaafi qabatamaa ta’een barreeffama. Dhumarratti cuunfaatu kaa’ama. Yaadni xalayicha keessatti dhiyaate cuunfamee bakka itti taa'uudha.
c, Cufiinsa: Karaa harka mirgaa miilla jalatti gaaleewwan cufuuf gargaaraniin tumsamuun maqaafi mallattoo hogganaa kan fudhatu ta’a. Haaluma kanaan, xalayaalee waajjiraalee mootummaa gama unka waraqaan jiran qaaccessi taasifaman kanuma mirkaneessa.

Haata'u malee, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hanqinaaleen ittifayyadama seera afaanii bal'inaan kan mul'ataniidha. Kun immoo, yaada hayyootni xalayaaf qabanii wajjin kan walfaallessu ta'ee argama. Yaada kanaa wajjin kan walqabatu, W. Ross (1988:260) akka ibsutti, "A business letter should be neat. It should contain no mistakes in spelling, grammar, punctuation, and follow the business letter form exactly" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, unki xalayaa waajjiraalee qulqullina yookaan seera qabeessummaa afaanii hordofuun hanqinaalee qubeessuufi sirna tuqaalee irraa bilisa ta'uu akka qabuudha. Egaa unka xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hanqinaaleen haala ittifayyadamaa afaanii mul'atan, kanneen akka hanqinaalee sirna tuqaalee, qubeessuufi qubguddeessaa akka armaan gadiitti matadureen qoqqoodamanii qoratichaan xiinxalamaniiru.

### 4.2.2.1. Hanqina Dogoggora Barreessuun Dhufan

Sirni tuqaalee barreeffama Afaan Oromoo keessatti fayyadan akkaataa seerri afaanichaa heyyamuun fayyadamuun faayidaa guddaa qaba. Tashoomaa (1994:9) yaada kana yeroo ibsu,

> *Barreeffamni tokko dubbisaadhaaf salphaatti akka galutti mallattooleen buufata mijaawaatti, hidhaa hidhaatti hin hiramne taanaan kuufamni dubbii barreeffama keessa jiranii guduunfituu sirrateen walitti yoo hin hidhamin hafaniif qulqullinni barreeffamichaa ni xiqqaata. Kanaafuu, yeroo barreeffama Afaan Oromoo barreessinu sirna tuqaaleetti haalaan fayyadamuu beekuun qulqullina barreeffamaaf barbaachisaadha (Tashoomaa1994:9).*

Yaada kanarraa wanti hubatamu, sirna tuqaalee barreeffama keessatti haalaan fayyadamuu dhiisuun ergaa dabarsuun yaadame sanarratti hir'ina uumuu akka danda'uudha.

#### 4.2.2.1.1. Hanqina Itti Fayyadama Sirna Tuqaalee

Xalayaaleen waajjiraalee mootummaatii argaman kanneen rakkoolee sirna tuqaalee hedduu kan qabaniidha. Hanqinaaleen mul'atan kanneenis, xumura himaatti tuqaa fayyadamuu dhabuu, walqabsiiftota booda qoodduu fayyadamuu dhabuu, sarara xiqqaa bakka barbaachisutti fayyadamuu dhabuufi kkf. fa'i.

**Gabatee 14: Xiinxala Bargaaffilee Xalayaalee Barreessuu Keessatti Hanqinni Sirna Tuqaalee Maal Akka Ta'an Adda Baasuun Walqabatan**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 10 | Afaan Oromootiin xalayaa yeroo barreessitan qulqullina barreeffamaa waliin walqabatee sirna tuqaalee armaan gadii keessaa hanqinni keessan isa kam? | A.tuqaa fayyadamu | 2 | 1 | 3 | 18.8 |
| | | B. qoodduu | 4 | 1 | 5 | 31 |
| | | C. sarara xiqqaa | 1 | 1 | 2 | 12.5 |
| | | D. Hunda | 4 | 2 | 6 | 37.5 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 14 gaaffii 10$^{ffaa}$rraa argamutti, odeef-kennitoonni 3(18.8%) hanqina qulqullina barreeffama waliin walqabatee hanqinni isaan qaban sirna tuqaalee keessaa tuqaatti sirnaan fayyadamuu akka ta'e ibsaniiru. Odeef-kennitoonni 5 (31%) ta'an immoo hanqina qoodduutti sirnaan fayyadamuuti jedhanii ibsan. Dabalataan, odeef-kennitoonni 2(12.5%) hanqina sarara xiqqaa yeroo jedhan, odeef-kennitoonni 6(37.5%) immoo, qabxiilee filannoo irratti dhihaatan hundumaa irratti hanqina akka qaban ibsanii jiru.

Haaluma walfakkaatuun, gaaffii maaliif jedhu yeroo deebisan, itti fayyadama sirna tuqaalee haalaan wal'aaluu akka ta'e ibsanii, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamuuf hubannoo akka hin qabne ibsaniiru. Kana malees, tuqaa, qoodduufi sarara xiqqaatti fayyadamuu irratti xiyyeeffannoo akka hinlaannee ibsaniiru. Kunis, xalayaa barreessuu keessatti qulqullinni barreeffamaa haalaan akka eegamuuf sirna tuqaalee, kanneen olitti ibsaman barreeffama kamillee barreeffama gaarii kan taasisaniifi ergaan sirriitti darbuu akka danda'uuf gumaacha guddaa akka qaban xiyyeeffannoon ilaaluu dhabuu akka ta'e nihubatama.

Kana malees, afgaaffii biroon Afaan Oromoon xalayaa yeroo barreessitan qulqullina barreeffamaa ilaalchisee maalfaarratti hanqina qabna jettanii yaaddu? gaaffii jedhuuf, odeef-kennitoonni hanqina sirna tuqaalee himoota keessatti bakka barbaachisutti fayyadamuu dhabuudha jedhanii deebisaniiru. Haaluma kanaan, xiinxalli dookumantii irraa argames yaaduma kana cimsa jechuudha.

Walumaagalatti, waraabbii xalayaalee, afgaaffiifi bargaaffiidhaan argaman faallaa yaada hayyoonni sirna barreeffamaa irratti kennanii akka ta'e iddoo tokkotti fiduun yoo ilaalamu

hanqinni fayyadama sirna tuqaalee bal'aan barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee keessatti akka argaman nuhubachiisa.

#### 4.2.2.1.1.1. Hanqina Tuqaa Fayyadamuu

Barreeffama kamiyyuu keessatti himni tokko xumuramuu isaa agarsiisuuf tuqaatti fayyadamuun barbaachisaadha. Bakka tuqaan barbaachisutti yoo hinfayyadamne ammoo ergaan barreeffama keenyaa akkaataa barbaadame sanaan galma nuuf gahuu dhaba jechuudha.

Addunyaa (2014:136) "Tuqaan himni tokko xumuramuun gaaffii kan hin kaafne ta'uu agarsiisuuf dhumarra gala" jedha. Yaadni kun, tuqaan sirna tuqaalee keessaa yaada tokko xumuruuf kan gargaaru ta'uu isaati. Akkasumas, himi tokko ergaa guutuu dabarsuu isaa mallattoon kun dhuma isaa jiraachuudhaan kan mirkanaa'uudha. Yaadni kanaan gadii akkuma jirutti xalayaalee waajjiraa irraa kan waraabameedha.

- ❖ Dhimmi isaa:- waraqaa deggersaa kennuu ta'a. Olmata dureen akkuma ife dargaggoo maqaan isaa Wandimmuu Tarrafaa Raggaasaa jedhamu jiraataa G/Q/Wallaggaa A/G/Qeebbee Ganda Guddattuu Qeebbee kan tureefi yeroo ammaa kana Godina Addaa Oromiyaa Naannoo Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti Ganda Aannee Diimaa Buraayyuutti garee__ keessa jiraachuu barbaadee jira."

Barreeffama armaan olii kanarraa hanqinni fayyadama tuqaa nimul'ata. Akkuma gararraa xalayichaatti ibsame, tuqaan yaadni xumuramuu kan agarsiisuudha. Garuu, xalayaa kanarraa akkuma argamu ergaan xalichaa yoo darbes, tuqaan bakka barbaachisu galee himicha xumuree hinjiru. Kanaafuu, barreeffamichi hanqina fayyadama tuqaa qabaachuu mirkaneessa.

#### 4.2.2.1.1.2. Hanqina Qoodduu Fayyadamuu

Sirnoota tuqaalee barreeffama keessatti itti fayyadamnu keessaa qoodduun yeroo hedduu irra deddeebiidhaan kan mul'atuufi itti fayyadamnuudha. Kunis, tajaajilaan walqabsiiftota akka gaaleetti tajaajilan boodaan dhufuudhaafi. Wantoota toora galanii dhufan gidduu galuun jijjiirama hiikaa illee yoo fiduubaatan adeemsa yaadaa qindeessuun hubachiisuuf ga'ee guddaa qabu (Levin 1996:26-27).

- "Yaanni armaan gadii kun kallattiidhaan xalayaa waajjira Ganda Guddattuu Qeebbeerraa kan waraabameedha. "Innis Olmata dureen ibsuu akkuman yaale Ga/Gu/Qeebbee Zoonii Gawoo keessatti wal-shakkiifi hanna horii iraati hawaasi zoonichaa waltajjii ba'ee mari'achuun ofkeessaa kan saaxilan abboti 34 kabinee 3dargaggo 14ta'anii wajiin haala nageenyaa naannichaatii fi hanna horii irratti marii bal'aan ta'ee nama 2 ofkeessaa saaxilaniiru."

Ragaa armaan olii kanarraa akkuma hubatamu, itti fayyadamni sirna tuqaalee barreeffama xalayaa keessa jiranii rakkoo akka qaban ifatti mul'achuu isaaniiti. Hanqinni akkasii kun immoo, barreeffama xalayaa keessa jiraachuun ergaan barbaadame haala barbaadameen darbuu dhabuu agarsiisa.

- "Haata'u malee qarshiin isiniif ajajame geejjiba dhaqaafi galaa kan magaalaa Finfinnee geessee deebi'u waan ta'eef qarshii irraa hafe akka deebi'uuf Waajjirri W/M/D xalayaa lakk..."

Waraabbiin olii kun immoo, xalayaa W/A/Tuurizimii irraa kallattiin kan fudhatameedha. Waraabbii kana keessatti walqabsiiftuu haata'u malee jettu booda akka seera afaaniitti qoodduun dhufuutu irra ture. Amma garuu, homaallee utuu hin fayyadamin walumatti fufuun barreessanii darbanii jiru. Haala kanaan xalayaa barreessuun kun immoo ergaan haala ifaan akka hindabarre taasisee jira. Kun immoo, barreeffamni xalayaalee waajjiraalee hanqina kanaan guutuu ta'uu isaa mirkaneessa.

#### 4.2.2.1.1.3. Hanqina Sarara Xiqqaa Fayyadamuu

Geetaachoo (2007:162) Sarara xiqqaan jechoota jecha lamarraa ijaaraman addaan qooduuf akka galuufi himootatti fayyadamnee yaada keenya barreeffamaan otoo ibsinuu bo'oo tokkorratti osoo hin xumuramin yoo hafe bo'oo itti aanutti ce'uuf akka gargaaru ibseera. Yaada armaan olitti ibsame xalayaalee waajjiraaleedhaa fuudhaman waliin haa ilaallu.

- Xalayaan kallattiidhaan waajjira Bulchiinsaatii fudhatame, "Sirreeffama iskeelii miindaa adda bahe irraatti hundaa'uudhaan gaafa 1/8/2009 irraa eegalee miindaa duraan argachaa jirtan qarshii 5979/kuma shanii fi dhibba sagaliifi fi torbaatamii sagal? irratti qarshii 57/***shantamii torbaa***/ isiniif dabalame Qar. 6036/kuma ja'aafi ***soddomii ja'a***/ argachaa..." jedha.

- "Armaan olitti ibsuuf akkuma yaalamet obbo biqilaa dinquu kan jedhamu kanaan ***duu raa*** beeksisa waajjira keenyaaf ba'e dorgomtanii eeggataa ta'uun keessan beekamaadha" jedha.

Waraabbiin kun immoo, kallattiidhumaan waajjira Ejensii Beeyladaatii fudhatame.

Qabxiilee kanaan olitti dhihaatan kana keessatti jechooti gurraacheffamanii jala sararaman hanqina fayyadama sarara xiqqaa akka qaban nu agarsiisa. Kunis, waraabbii jalqabaa keessatti kan gurraacheffaman gidduu sararri xiqqaan utuu hin fayyadamin hafuu isaati. Waraabbii lammaffaa keessatti immoo, birsagni gurraacheffame addaan citee waan deebi'eef dhuma isaarra sararri xiqqaan galee hinjiru. Walumaagala, Xalayicha keessatti itti fayyadamni sarara xiqqaa akka seera afaaniitti seeraan bakka barbaachisutti galee tajaajilee hinjiru. Kun immoo, xalayaaleen waajjiraalee kanaa hanqina kanaan guutuu ta'uu isaa mirkaneessa.

### 4.2.2.1.2. Hanqina Qubeessuun Walqabatan

Gurmuun sagalootaa ishee xiqqoon afaan tokko keessatti jechi inni tokko isa biroo irraa buusaafi hiikaan adda ta'uu kan mirkaneessan dhamsaga jedhamu. Haaluma kanaan, dhamsagoonni kun seera afaanichaa eeguun akkaataa itti afaanicha keessatti qubatan kan mataa isaanii qabu. Kanaafuu, xiinxala kana keessatti dhimmoonni qubeessuu ilaallatan: jabeessuu, laaffisuu, dheeressuufi gabaabsuun akkataa kanaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

**Gabatee 15: Xiinxal Bargaaffii Hanqina Qubeessuun Walqabatanii Mul'atan**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 11 | Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu keessatti kanneen armaan gadii keessaa irra caalaatti rakkoon si quunnamu kam? | A.Qubeessuu | 7 | 4 | 13 | 81 |
| | | B. Qubguddeessa | 2 | 1 | 3 | 19 |
| | | C. Hudhaa | 1 | - | 1 | 6.5 |
| | | D. Dubbifamaa sadiin barreessuu | 1 | - | 1 | 6.5 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Akka gabatee 15 gaaffii 11ffaa irraa xiinxalamutti, odeef-kennitoonni 13 (81%) hanqinni isaanii inni guddaan qubeessuun kan walqabate akka ta'e ibsanii jiru. Odeef-kennitoonni 3 (19%) ta'an qubguddeessa fayaadamuu jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennaan 1 (6.5%) immoo, hanqina hudhaa jechuun deebiseera. Akkasumas, odeef-kennitoonni 1 (6.5%) ta'an immoo, dubbifamaa sadii walfaana fayyadamuu jedhanii deebisaniiru. Yaada odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamu, harki caalu hojjetoonni mootummaa hanqinni isan

qaban kan qubeessuu waliin walqabate ta'uu qoratichatti agarsiisee jira. Qubeessuun sagalee iddoo malee dheeressuu, iddoo malee gabaabsuu, akkasumas, jabeessuufi laaffisuu dabalatee hanqina qindoomina sagalee qabaachuu isaanii nutti agarsiisee jira. Kanaafuu, xiinxalli bargaaffii kun qabxiilee qabxiilee gara gadiitti dookumantii keessatti mul'atan mirkaneessee jira.

#### 4.2.2.1.2.1 Hanqina Dheeressuufi Gabaabsuu Sagalee Dubbachiisaa

Barreeffama keessatti sagaleen dheeraan sagalee dubbachiiftuu gosa tokko ta'an lama walitti aansanii barreessuudha. Sagalee dubbachiisaa irratti hundaa'uun jecha tokkoon sagalee gabaabaa yookaan dheeraa qaba jechuu dandeenya. Xalayaalee waajjiraalee mootummaa xiinxalaman keessatti seerri fayyadama afaanii kanneen akka dheeressuufi gabaabsuu sagalee kun haala sirriin hojiirra hinoolle.

Rakkooleen sagalee dubbachiisaa bakka dheerachuu qabanitti dheeressuu dhabuufi iddoo gabaabbachuu qabutti immoo dheeressanii barreessuu nimul'ata. Dubbachiisaa seeraan qubeessuu dhabuun ammoo, ergaa barreeffamichaa hiika dhowwata. Kun immoo, ergaa karaa barreeffamaatiin dubbisaadhaaf ergamu sana gufachiisuu danda'a. Hanqinni qubeessuu sagalee dubbachiisaa kun sakatta'a taasifame keessatti bal'inaan nimul'ata. Hanqinaalee kanas gabatee gadii keessatti dogoggoraafi sirreeffama isaanii walbira qabuun qoratichi xiinxalee jira. Haaluma kanaan, Xiinxala dookumantii irraa argame haala kanatti aanee jiruun haa ilaallu.

**Gabatee 16: Hanqina Gabaabsuufi Dheeressuu Sagalee Dubbachiisaa irratti**

| 1 | Hanqina sagalee dubbachiisaa gabaabsuufi dheeressuu | Jecha sirrii |
|---|---|---|
| | - hojjettu | Hojjettuu |
| | - adde | Aadde |
| | - hundooftani | Hundooftanii |
| | - guddinaa | Guddina |
| | - sadaarkaa | Sadarkaa |
| | - keessaan | Keessan |
| | - basse | Baase |

**Hanqina gabaabsuu sagaleerratti mul'atan warabbii kallattiin**

- Xalayaan lakk. 421/A/T/2010 gaafa guyyaa 28/10/2010 barreeffame, "Ol mata dureen ibsuuf akkuma yaalame ***hojjettu*** waajjira ***kessani*** kan tahan ***Adde*** Baaccuu Alamuu Hordoofaa ***jijjirran*** fudhachuuf xalayaa ***deggersa***_laanneef irratti ***hundooftani*** gaafa guyyaa 28/10/2010 xalayaa lakk 1063/Bar/2020 tiin gadi nuuf dhiisuu keessan nu ***beeksiftani*** jirtu." jedha.

Xalayaa kana keessatti hanqinni jechootaa akkaataa galumsa barreeffamichaatti baay'ee mul'atu. Asjalatti wanti xiinxalamu garuu, hanqina gabaabbachuu jechootaa waan ta'aniif jechoonni gurraacheffamanii luucceffaman hanqina gabaabina sagalee dubbachiisaa waraabbii kana keessatti qababaniidha. Jechoonni kun xalayichi dhaamsa barbaadamu akka hindabarsine taasisanii jiru.

**Hanqina dheeressuu sagaleerratti mul'atan waraabbii kallattiin**

- "Dhimmi isaa:- ***guddinaa*** sadaarikaa ***keessaan*** isin beekisisuu ta'a. ***Maanni*** hojii keenya akkaataa Qajeelfama raawwii Guddinaa sadarkkaa hojjetoota Mootummaa lakk 61/1994 basse irratti hundaa uudhaan ***gaafaa*** guyyaa 25/9/2010 beeksisa guddinaa sadaarikaa baasuun isaa ni beekamaa dha haaluma kanaan isin dorgommii taasiffame keessaa qabaxii caalmaa kan argattan waan ta'ee f guyyaa 1/9/2010 irraa jammaree waamama gitaa hujii Raawwataa H/F/S/Beeylladaa/T/A/B/A/VI Lakk Eenyummaa 36/G16-A09-11 sadarkaa PS 6 irratti guddinaa sadaarkaa kan argatan waan ta'eef miindaa ji'aan duraan isiniif kaffalamaa ture Qar. 4867 / kuma afurii fi dhibba saddee tiif jahaatamii torba irratti Qar. 437/ dhiiba afuuri fi soddomii torba / isiniif dabalamee miindaa ka'umsa iddochaaf hayyamamee qar. 5304/ Qarshii kuma shanii fi ***dhiibbaa*** sadii fi afur/ isiniif kanffalamaa gahee isin irraa eegamu amanamummaa fi ciminaan akka raawwatan isin beekisifna" jedha.

Xalayaalee armaan olii irraa yeroo xiinxallu, jechoonni gurraacheffamanii luucceffaman galumsa barreeffamichaa keessatti gabaabbachuu utuu qabanii dheeratanii barreeffamanii jiru. Fakkeenyaaf, 'guddinaa' kan jedhu maqaa namaa yeroo ta'u, dhiibbaa kan jedhu immoo dhibba jechuuf kan yaadame hafee miidhaa kan jedhutti jijjiiramee jira. Kanaafuu, bakka ergaa sana dabarsuufi fayyaduuf dhufan sanatti immoo hanqinni mul'achuun ergaan haalaan akka hindabarre dhiibbaa geessisee argama. Kun immoo, hanqinaaleen akkasii

xalayaalee waajjiraalee mootummaa waraabamanii xiinxalaman hedduu keessa jiraachuu nuuf mirkaneessa.

- Xalayaan armaan gadii kun immoo, kallattiidhaan waajjira Dhi/Du/Daa'itii fudhatame, "Olitti ibsuuf akkumaa ***yalamee*** namoota sadarrkaa guddinaa argachuu qaban nugaafatanii waan turtaniif unkaa kana ***gunee*** isinii erguu ***kenya*** xalayaa fulaa_ qabuu walqabsiifnee isinii erguu keenya isiin ***beksifnaa***." jedha.

Jechoonni armaan olitti barreeffaman kunneen jechoota Afaan Oromoo osoo hin ta'in jechoota afaan biroo fakkaatanii mul'atu. Kanaafuu, hanqina sagalee dheeraa gabaabsuu, gabaabaa dheeressuu guutamanii jiru. Kanaafuu, ergaa darbuuf barbaadame akka barbaadametti akka hindabarre taasisuu yookiin dabsee dabarsuu akka danda'utu mul'ata.

Walumaagalatti, xiinxala kanarraa kan hubannu, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa hanqina jecha dheeressanii barreessuufi gabaabsanii barreessuu hedduufi hanqinaalee sirna barreeffama Afaan Oromoo keessatti barbaachisan kan biroo akka qaban xiinxala qorannichaatiin adda bahuu danda'aniiru.

#### 4.2.2.1.2.2 Hanqina Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee Dubbifamaa

Barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti barraa'an keessaa lama filachuun sagalee dubbifamaa ilaalchisee sakatta'iinsi taasifamee jira. Afaan Oromoo keessatti sagaleewwan jechoota keessatti yemmuu barreeffaman jabeessuufi laaffisuun hiika adda addaa akka kennu beekamaadha. Sagalee jabaan kan uumamu yeroo sagaleen dubbifamaa gosa tokkoo lama ta'anii walitti aananii barreeffamun kan dubbifamaniidha. Sagalee laafaan immoo, dubbifamaan tokko qofaa yeroo ta'udha.

Hanqinni dubbifamaa barreeffama keessatti kan uumamu, yeroo isa laafuu qabu jabeessaniifi isa jabaachuu qabu immoo, laaffisanii itti fayyadamaniidha. Haalli kun immoo, hiika jechichaas ta'ee barreeffamichaa nijijjiira. Yaada kanarraa wanti hubannu jabaachuufi laafuun sagalee hiika jijjiiruu akka danda'u nutti mul'isa. Kana malees, dhamsagni tokko dachaa ta'ee yeroo barreeffamuufi qeenxee ta'ee yeroo barreeffamu hanga hiika jijjiiruu danda'etti garaagara ta'uu isaanii nutti agarsiisa.

Dhimma kana irratti, xalayaalee waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti geggeeffamee yeroo sakatta'aman seera afaanichaa guutee kan hinbarroofne ta'uutu mul'ata. Kanaafuu, xiinxalli kun kan agarsiisu rakkoon qubeessuu sagalee jabaafi laafaa

barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa kana keessa akka jiru nuuf mirkaneessa. Dhamsagni tokko seera afaanii keessatti hiika jijjiiruu dandeessi. Haalli kunis, wanta yaadaniifi wanta barreessan faallaa walii taasisuun ergaa isaa maksa. Hanqinoonni kana keessatti argaman haala kanaan gadii keessatti gabateedhaan dogoggoraafi haala itti sirraa'uu qabuun xiinxalamee jira. Akkasumas, kallattiin xalayaarraa waraabames ibsi itti kennamee jira.

**Gabatee 17: Hanqina Sagalee Dubbifamaa Jabeessuufi laaffisuurratti Mul'atan**

| 3 | Jecha dogoggoraa | Jecha sirrii |
|---|---|---|
| | - eegattaa | Eeggataa |
| | - beeylladaa | Beeyladaa |
| | - dorgomtanii | Dorgomtanii |
| | - hojjettaa | Hojjetaa |
| | - rraatii | Irratti |
| | - amanamumaa | Amanamummaa |
| | - rimidii | Rimiddii |

**Hanqina jabeessuu sagaleerratti mul'atu waraabbii kallattii**

- "Dhimmi isaa:- Waa'ee ***Qicirii eeggattaa*** saayinsii ***beeylladaa*** kanaan duraa isin beeksisuu ta'a. Olitti ibsuuf akkuma yaalameetti obbo Biqilaa Dinquu kan jedhamu kanaan dura beeksisa ***wajiira*** keenyaaf bahe ***dorggomtanii*** eeggataa ta'uun isaanii beekamaadha. Hata'u malee, beeksisa yeroo ammaa waajjira keenya iddoo duwwaa ***diree*** irraa qabu irratti nuuf baasaa jedhe dhiheeffate osoo hin ***bassin*** akkaataa seeraaf qajeelifamaa jiruun eeggataan kun niqarama yoo ta'ee akka nuuf qartan cimsinee isin beeksifna," jedha.

Yaanni kun xalayaa Waajjira Ejensii Beeyladaatii kallattiidhaan fudhatameedha. Barreeffama kana keessatti jechoota gurraacheffamanii luucceffaman yoo ilaalle kan silaa sagalee jabaan barreeffamuu qaban hafee sagalee laafaan barreeffamanii jiru. Kun immoo, dhaamsi barreeffamichaa sirriitti akka hindabarre dhiibbaa taasisuu danda'a. Kana malees, hanqinni sagalee jabeessuu irratti akka jiru nutti mul'isa.

- "Bakka dhimmi isaa ilaalatu hundaaf, Dhimmi isaa:- Deggersa kennuu ta'a. Olmata duree irratti akkuma ibsame, ***hojjetuu*** W/Dh/Du/***Daa'imanii*** Aanaa Gawoo Qeebbee kan ta'an Aadde Biraanee Abarraa ***Bakakoo*** beeksisa bahe irratti

dorgomuuf deggersa nugaafachuun isaanii beekamaadha. Kana waan ta'eef hojjetuun kun beeksisa baherratti dorgomanii yoo darban kan hin mormine ta'uu keenya isin beeksifna," jedha.

Xalayaan kun kallattiin W/Dhi/Du/Daa'immaniitii fudhatame. Xalayaa armaan olii kana yoo ilaalle, barreeffamichi qaama barateen kan hinbarreeffamne fakkaata. Kunis, hanqinni jechoota jabeessanii barreessuu bal'inaan xalayicha keessatti waan argamuuf. Barreeffamichi ergaas haalaan dabarsaa jira jechuun rakkisaadha. Kanaafuu, hanqinni sagalee jabeessanii barreessuu waajjiraalee keessa akka jiru nimirkaneessa.

**Hanqina Laaffisuu sagaleerratti mul'atu waraabbii kallattiin**

- "Dhimmi isaa:- Faayila ***hojjettaa*** erguu ta'a. Olitti mata-dureen ibsuuf akkuma yaalame, ***hojjettaa*** waajjira Bishaan Albuudaafi Inerjii A/G/Qeebbee kan ta'an Obbo Bayeessaa Waratii Hiikaa gara Biiroo keessaniitti waan jijjiiramaniif faayila dhuunfaa isaanii fuula 38 xalayaa geggeessituu kanaan kan ergine ta'uu keenya beeksifna."

Xalayaan kun, Waajjira Bulchiinsaa keessaa kan fudhatamedha. Xalayaa kana keessatti jechi "hojjettaa" jedhu utuu laafee barreeffamuu qabuu seera afaanii cabsee jabaatee barreeffamee jira. Kun immoo, ergaa barreeffamichaa illee gadi buusee jira.

- "Dhimmi isaa ***Rimidii*** keessaan isin beeksisuu ta'a. ol-matadureen ibsuuf akkuma yaalamee rakkoo hawaasumaa qabdan irraa ka'uun Gaafa Guyyaa 19/11/2010 iyyata waajjira keenyaatii dhiyyeeffachuun keessan beekamaadha" jedha.

Xalayaa kana keessatti mata durichumti akka dhaamsa dhabu kan taasise jecha seera barreeffama Afaan Oromootiin ala utuu jabaachuu qabuu laafee barreeffamedha. Jechichi jecha Afaan Oromoos hin fakkaatu. Kun immoo, hanqina jabeessanii qubeessuu irraa kan ka'edha.

Walumaagalatti, xiinxala bargaaffilee odeef-kennitootaa irraa waanti argameefi xiinxala xalayaalee kanarraa waanti argame walfakaataadha. Kunis, hanqinni jabeessuufi laaffisuu sagalee, hanqinni dheeressuufi gabaabsuu sagalee bal'inaan gama lachuu biratti mul'achuu isaati. Kunimmoo, ergaa xalayichaa dabsuu danda'a. Ragaaleen xalayaa kanaas dabalee qorannichaa keessatti dabalamanii argamu.

#### 4.2.2.1.2.3. Hanqina Sagalee Dubbifamaa Sadii Walfaana Fayyadamuu

Afaan kamuu seera mataa isaa qaba. Seera afaanichaa eeganii barreessuun immoo ergaa barreeffama sanaan darbu sirrii taasisa. Xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessaa filataman sakatta'amanii xiinxalamanii jiru.

Haaluma kanaan, hanqinni dubbifamaa sadii walitti aansuun barreessuu nimul'ata. Kun immoo, hojjetoonni mootummaa beekumsa ijaarsa birsagaa wal'aaluu akka ta'e xalayaa isaan barreessanirraa ni argama. Kanaafuu, xalayaa yeroo barreessan seera afaanichaa eeganii xiyyeeffannoon barreessuun gaarii ta'a. Rakkoon gama kanaan mul'ates akka armaan gadiitti gabateefi ibsaan kaa'amanii xiinxalamanii jiru.

**Gabatee 18: Hanqina Dubbifamaa Sadiin Dhiheessuu**

| | | |
|---|---|---|
| 6 | Hanqina qubee dubbifamaa sadii fayyadamuu | Jecha sirrii |
| | - beekssisuu | Beeksisuu |
| | - beeyllda | Beeylada |
| | - murtteessee | Murteessee |

**Sagalee Dubbifamaa Sadii Walfaana Fayyadamuu Waraabbii Kallattiin**

- "Dhimmi isaa Rimiddii bakka hojii keessaan isin ***beekssisuu*** ta'a. Armaan olitti akuma ibsamuu f yalaameet kanaan dura ogummaa saayinsii ***Beeylladaa*** tiin Kolleejjii ***Teekkinikkaa*** fi ogummaa miizan irraa ebifamtanii jiraachuun keessan beekamaata'uudhaan. kanumarratti hundaa'uun ***xalayyaa*** waajjirri PSMQN/A/G/Qee bbee xalayaa lakk722/PSMQN/2010 nuun gahaniin akka isin ***qacaramttan*** nu beekisisanii jiritu kanafu koreen manaagimentii waajjira keenya gafaa guyyaa 17/9/2010 Godhateen ganda Biiftuu cirootti akka ramadamatan ***murtteessisee*** jira," jedha.

Yaada waraabamee fudhatame kana yeroo ilaallu, jechoonni gurraacheffamanii luucceffaman seera qubeessuu afaanichaa eeganii kan barreeffaman miti. Seerri barreeffama Afaan Oromoo sagalee dubbifamaa sadii walfaana fayyadamuu heeyamuu baatus barreeffama xalayaa waajjiraalee kana keessatti rakkoon kun akka hanqinaatti nimul'ata.

#### 4.2.2.1.2.4. Jechoota Hanqina Irrabutaa Qaban

Akka barreessitoonni waa’ee irrabutaa boqonnaa lama jalatti ibsanitti irrabutni yeroo dubbifamaan gosa garaagaraa lama walitti aananii dhufan kan uumamuudha. Hanqinni irra butaa kan uumamu immoo yammuu dubbifamaan gosa garaagaraa walitti aananii dhufan dubbachiiftuu itti saaguun uumamaniidha. Hanqinoonni kanneenis haala armaan gadiin xiinxalamanii jiru.

**Gabatee 19: Jechoota Hanqina Irrabutaan Uumaman**

| 7 | Jechoota hanqina irrabutaan uumaman | Jecha sirrii |
|---|---|---|
| | - eegalttanii | Eegaltan |
| | - beekisisanii | Beeksisanii |
| | - ramadamatan | Ramadamtan |
| | - murtteessisee | Murteessisee |

**Hanqina jechoota irrabutaa qaban waraabbii kallattiin**

- "Armaan olitti akuma ibsamuu f yalaameet kanaan dura ogummaa saayinsii ***Beeylladaa*** tiin Kolleejjii Teekkinikkaa fi ogummaa miizan irraa ebifamtanii jiraachuun keessan beekamaa ta'uudhaan. Kanumarratti hundaa'uun xalayyaa waajjir ri PSMQN/A/G/Qeebbee xalayaa lakk722/PSMQN/2010 nuun gahaniin akka isin ***qacaramttan*** nu ***beekisisanii*** jiritu kanafu koreen manaagimentii waajjira keenya gafaa guyyaa 17/9/2010 Godhateen ganda Biiftuu cirootti akka ***ramadamatan murtteessisee*** jira."

Waraabbii kallattii kana yeroo xiinxallu akkaataa seerri Afaan Oromoo itti heeyyamu malee hanqina irrabutaan qubeeffamee ergaa silaa dabarsuuf barbaadame jijjiiree jira. Kunis, bakka irrabuti sagalee jirutti sagalee dubbachiiftuufi dubbifamaa saaganii argama. Yaanni kun immoo barreeffama xalayaa waajjiraalee keessatti bal'inaan nimul'ata.

#### 4.2.2.1.2.5. Hanqina Gama Hudhaatiin Mul'atu

Hudhaan dubbachiiftuu gosti tokko lamaa ol ta'anii walitti aananii yoo dhufan, dubbachiiftuu gosa adda addaa gidduu, dubbifamaafi dubbachiiftuu gidduu galuun tajaajila. Gabaabumatti, bakka hafuurri sombaa ba'u qoonqoorratti addaan citu galuun tajaajila kenna. Barreeffama keessatti hanqinni hudhaatti fayyadamuun, bakka hudhaa sagalee biroo buusuuniifi bakka galuu qabu galchuu dhiisuun hanqina gama hudhaatiin mul’atudha. Hanqinoonni mul’atan kunis akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru

**Hanqina gama hudhaatiin jiru waraabbii kallattii**

- "Dhimmisaa Murtoo korree revolving fund bittaa qorrichaa yaalaa beeylladaa isiniif erguu ***ta,a***." jedha.

Hima waraabame armaan olii irraa akkuma hubatamu barreeffamni akkasii fayyadama Afaan Oromoo keessa kan jiru miti. Fayyadamni akkasii bareeffama xalayaa keessatti argamuun isaa ergaakn barreeffamichaa qaama barbaadame biratti hiika utuu hin argatin hafuu isaa agarsiisa.

- "Haaluma walfakkaatuun, waraabbiin kallattii waajjira E/Beeyladaatii fudhatame "manni hojii keenyaa akkaataa qajeelfama raawwii guddina sadarkaa hojjetoota mootummaa lakk 61/1994 basse irratti ***hundaauudhaan*** ..." kan jedhudha. Waraabbii kana keessatti hanqinaaleen gama adda addaatiin yoo jiraatanillee kan gurraacheffamee jala sararame hanqina fayyadama hudhaa qaba. Haalli kunimmoo, tajaajila hudhaan fayyadama keessatti qabu hambisa.

**4.2.2.1.2.6. Hanqina Fayyadama Qubguddeessaa**

Qubguddeessi bakka barbaachisaa ta'etti qubee guddaa fayyadamuu akka ta'e Geetaachoo, (2006) ibsee jira. Barreeffama keessatti qubguddeessa fayyadamuun seera afaanii keessaa tokko akka ta'es beekamaadha. Yaada kana bu'uura taasifachuun xalayaalee sakatta'aman yoo ilaallu seerri qubguddeessaa seeraan hojiirra oolee hinjiru. Rakkoon barreeffama kana keessatti hanqina kanaan walqabatee mul'atu kun immoo ergaa utuma hingufachiifnee illee seera barreeffama Afaan Oromoo faallessee jira.

Itti fayyadama qubguddeessaa keessatti bal'inaan mul'atan jalqaba himootaa irratti qubguddeessa haalaan fayyadamuu dhabuu, jechoota gidduu himaatti seeraan ala qubguddeessatti fayyadamuutu xalayaalee waajjiraalee keessatti mul'ata. Kun immoo, hanqinni qubguddeessaa seera barreeffama afaanichaa hin eegne jiraachuu qoratichatti mul'isee jira. Kanas, xiinxala waraabbii kanaan gadiitu mirkaneessa.

**Hanqina fayyadama qubguddeessaa waraabbii kallattiin**

- "Dhaabbata Greenland ***damee gawoo qeebbeetiif*** Dhimmi isaa:- ***nama*** gaafatame isinii erguu ta'a."

Waraabbii kana galumsa keessatti yeroo ilaallu, seerrii fayyadama qubguddeessa Afaan Oromoo haalaan hojiirra hin oolle. Kunis, himni gararraatti barreeffame maqaa

dhaabbataa waan ta'eef jechoonni gurraacheffamanii luucceffaman qubeen jalqaba jalqaba isaanii qubguddeessa ta'ee barreeffamuu qaba. Kana mmalees, nama jedhamee qubee xiqqaan kan barreeffame jalqaba himaa waan ta'eef hanqina qubguddeessaa qaba. Kanaafuu, xalayaan armaan olitti barreeffame hanqina qubguddeessaa qaba.

- ❖ Haaluma walfakkaatuun xalayaan waajjira Bulchiinsaarraa kallattiin waraabame 'Dhimmi isaa:- Qarshii ***Baasii Akka*** ta'uu ***Ajajuu*** ta'a." kan jedhuudha. Barreeffama kana keessatti jechoonni gurraacheffamanii jala sararaman seera afaanii malee qubguddeessaan jalqaba jechootaatti galanii jiru. Kunimmoo, barreeffamni xalayaalee waajjiraalee mootummaa hanqina qubguddeessaa akka qabu mirkaneessa.

Walumaagalatti, akaakuwwan hanqinaan qubeessuu gama dubbachiiftuu (dheeressuufi gabaabsuu), dubbifamaa (jabeessuufi laaffisuu), irraabutaa, hudhaa, bakka qubee tokkoo qubee biroo buusuun qubeessuufi seeraan ala qubguddeessatti fayyadamuu xalayaa hojii waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti argaman akka armaan oliitti xiinxalamanii jiru.

#### 4.2.1.4. Hanqinaalee Barreeffama Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa Mul'ataniif Madda Isaanii Tarreessuu Waliin Kan Walqabate

Madda hanqinaalee barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa ta'uu kan danda'an Bargaaffii fi afgaaffiidhaan walitti guuraman akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

**Gabatee 20: Xiinxala Bargaaffii Hanqina Barreeffama Xalayaa Waajjiraalee Eessaa Akka Maddan Ibsuun Walqabatan**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina Deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | %'n |
| 11 | Hanqinaalee xalayaalee waajjiraa keessatti mul'atan maddi isaanii maal isinitti fakkaata? | A. Shaakala dhabuu | 3 | 1 | 4 | 25 |
| | | B. Ga'umsa dhabuu | 3 | 1 | 3 | 19 |
| | | C. Xiyyeeffannoo kennuu dhabuu | 3 | 2 | 5 | 31 |
| | | D. Hunda | 3 | 1 | 4 | 25 |
| | | Ida'ama | 12 | 5 | 16 | 100 |
| 12 | Sirreeffamniifi leenjiwwan adda addaa xalayaa barreessuurratti kennamuu dhabuun ka'umsa hanqina kanaa ta'uu danda'aa? Akkamitti? | A. Eeyyee | 10 | 4 | 13 | 81 |
| | | B. Lakkii | 2 | 1 | 3 | 19 |
| | | Ida'ama | 12 | 5 | 16 | 100 |

Gabatee 20 Gaaffii 11ffaa irratti akkuma mul'atu, odeef-kennitoonni 4 (25%) ta'an shaakala dhabuu jedhanii deebisan. Odeef-kennitoonni 3 (19%) ta'an ga'umsa barreessuu dhabuu jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 5 (31%) ta'an immoo, xiyyeeffannoo kennuu dhabuu jedhanii deebisaniiru. Odeef-kennitoonni 4 (25%) ta'an immoo, hunduma irratti hanqina akka qaban ibsaniiru.

Deebii odeef-kennitootaa kanarraa kan xiinxalamu, hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataniif maddi isaanii hanqina shaakala taasisuu, hanqina ga'umsaa barreessuu, hanqina xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu akka ta'edha. Kanarraa waanti hubatamu, waajjiraaleen mootummaa yeroo xalayaalee barreessan hanqinaaleen kun jiraachuu isaanii sirriitti kan mirkaneessan ta'uu isaati. Hanqinni shaakalaa gochuu maddoota hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee mootummaa barreessuu keessaa tokko akka ta'e xiinxalli deebii odeef-kennitootaarraa argame kun nimirkaneessa.

Karaa birootiin, deebii odeef-kennitootaa kanarraa waanti xiinxalamu hanqinni namni tokko afaanicharratti ga'umsa barreessuu utuu hinqabaatin yeroo inni ittiin hojii hojjetu hanqina mul'atu akka ta'e beekamaadha. Xiinxala kanarraa kan hubatamu, xalayaaleen kunneen hanqinaalee kanaan walqabatan bal'inaan qabaachuu isaati. Hanqina ga'umsaa kana keessatti immoo, hanqinni xalayaa barreessuu tokkoof bu'uura ta'an ni mul'atu. Kun immoo, ergaa xalayichaarratti dhiibbaa fiduu danda'a. Akka xiinxala kanaatti, madda hanqinaalee xalayaalee barreessuu kan ta'an waa'eedhuma xalayicha barreessuu malee ga'umsi xalayicha barreessuu irratti qaban kan hinilaalamne ta'uudha. Kana malees, xalayaan isaan barreessan muuxannoo hojiitiin malee ga'umsa barreessuutiin akka hin taane xiinxala kanarraa ni mirkanaa'a.

Deebiin odeef-kennitoota biroorraa argame yeroo xiinxalamu, hanqina xiyyeeffannoo kennuu dhabuuti. Kunis, hojjetoonni waajjiraalee mootummaa yeroo xalayaa barreessan dhimmuma sana irratti malee xalayaa gaarii tokko barreessanii ergaa sirrii dabarsuu irratti xiyyeeffannoo ga'aa kan hinlaanne ta'uu xiinxala kanarraa ni mirkaneeffanna.

Yaaduma kana bifa afgaaffiin gaafatamee odeeffannoo argame irraa yeroo xiinxalamu, maddi isaan eeran waajjiraaleen mootummaa hanqina ga'umsa ogummaa xalayaa barreessuu irratti qaban yeroo hedduu tilmaamuuf kan nama rakkisu ta'uu ibsu. Tilmaammiin kun immoo, afaanichaan dubbatanii salphaatti walii galuu waan danda'aniif dhimma barreeffamaa irratti xiyyeeffannoo kan hinlaanne, irra deddeebiin kan hin shaakalle, waan ta'aniifi. Kunimmoo, madda hanqina eeramee ta'uu hubachiisa.

Gabatee 20 gaaffii 12ffaa irratti akkuma mul'atu, bargaaffii dhihaateef odeef-kennitoonni 13 (81%) ta'an eeyyee xalayaa barreessuu keessatti madda ta'uu danda'a jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 3 (19%) immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru.

Odeeffannoo odeef-kennitootaa kanarraa waanti hubatamuu danda'u, sirreeffamniifi leenjiin bu'uura ogummaa xalayaa barreessuu isaanii guddisuuf cimsu kennamuu dhabuun isaanii madda rakkoo kanaa akka ta'e ni hubatama. Xiinxalli ragaalee dookumantii isaanii irraa argames, beekumsi isaan ogummaa barreessuu kanaan qaban gama xalayaa sirriitti barreessuutiin gadi fageenya kan hinqabne ta'uu nutti mul'isa. Kana malees, dhimma xalayaa barreessuu irratti leenjiin adda ba'ee kennamaa kan hinturre ta'uun hanqina barreeffama xalayaa isaanii keessatti mul'atuuf madda ta'uu danda'u.

Walumaagalatti, yaada kanarraa kan hubatamu, namni ogummaa kanaan sirreeffama kennu dhibuun; kana malees, leenjii adda addaa dhimma xalayaa barreessuu irratti kennamuu dhabuun isaa madda hanqina xalayaa barreessuu ta'uu akka danda'e xiinxalli bargaaffiifi afgaaffii xiinxala sakatta'a dookumantii keessaa bahan nimirkaneessa.

**Gabatee 21: Xiinxala Bargaaffii Rakkooleen Xalayaa Barreessuu Waajjiraalee Biratti Mul'atan Akkamitti Fooyya'uu Akka Danda'amu Waliin Walqabatan**

| T/L | Gaaffilee | Filannoowwan | Baay'ina deebiftootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhi | Du | Ida | % |
| 13 | Rakkoolee xalayaa Afaan Oromootiin barreessuu irratti qabdan fooyyeessuuf tattaaffiin isin gootan maal fakkaata? | A. D. Olaanaa | - | 1 | 1 | 6 |
| | | B. Olaanaa | 1 | 1 | 2 | 12.5 |
| | | C. Gadaanaa | 6 | 2 | 7 | 44 |
| | | D. D. Gadaanaa | 4 | 1 | 5 | 31 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |
| 14 k | Afaan Oromoon yeroo xalayaa barreessitan hanqinni jiraachuufi dhibuu hojjetoota biroo waliin yaada waliif nilaattuu? | A. Eeyyee | - | 1 | 1 | 6 |
| | | B. Lakkii | 7 | 2 | 9 | 56 |
| | | C. Darbee darbee | 4 | 2 | 6 | 38 |
| | | Ida'ama | 11 | 5 | 16 | 100 |

Gabatee 21 gaaffii 13ffaa irratti akkuma argamu, gaaffii gaafatameef odeef-kennitoonni 1(9%), daran olaanaa jedhanii yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 2 (12.5%) immoo, olaanaa jedhanii deebisaniiru. Kana malees, odeef-kennitoonni 7 (44%) gadaanaa jechuun yeroo deebisan, odeef-kennitoonni 5 (31%) immoo, daran gadaanaa jedhanii deebisaniiru.

Deebii odeef-kennitootaa kanarraa waanti xiinxalamu, hojjettoonni dhibbantaan caalan sadarkaa gadaanaadhaan hanqina isaanii fooyyeeffachuuf yaalii akka taasisan kan hubachiisuudha. Sadarkaa gadaanaa ta'uun isaa kun immoo, hanqinni kun hundeedhaan akka buqqa'u kan taasisu osoo hintaanee akkuma jiruun akka itti fufu kan taasisu ta'uu isaa mirkaneessa. Walumaagala hanqina gama kanaan mul'atu furuuf yaaliin isaan taasisan kan hinjirre akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Dabalataan, afgaaffiin dhimma kanaan walqabatee wayita dhihaatuuf deebiin isaanii rakkoolee kanneen furuuf hamma tokko fooyyessuuf namoonni tokko tokko yaalaa turuu isaanii ibsaniiru. Hata'u malee, hanqinaalee kanneen bu'uura irraa furuuf hojii cimaan akka isaan hafu dubbataniiru. Hanqina kana furuuf immoo dhimma kanarratti leenjiifi hubannoo kennuun barbaachisaa akka ta'e odeef-kennitoonni fala kaa'aniiru. Xiinxala bargaaffiifi afgaaffii kanarraa kan hubatamu hanqina kana furuuf yaaliin isaan taasisan ga'aa akka hintaaneedha. Hanqinni sakatta'a dookumantii irraa argames kanuma mirkaneessa.

Gabatee 20 gaaffii 14[ffaa] irraa akka hubatamutti, odeef-kennitoonni 1 (6%) ta'an eeyyee jedhanii yeroo deebisan, 9 (56%) immoo, lakkii jedhanii deebisaniiru. Dabalataanis, 6(37.5%) immoo, darbee darbee jedhanii deebisaniiru.

Yaada odeef-kennitootaa kanarraa kan hubatamu, hojjetoonni mootummaa xalayaa bakka barbaadanitti yeroo barreessan hanqinni barreeffama xalayaa yoo jiraates, yoo jiraachuu baates, hojjetoota biroo waliin yaada kan walhinjijjiirre ta'uudha. Kun immoo, hanqina ofiitiifi hanqina nama biroo baruun xalayicha sirriitti barreessuu irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu isaati. Xiinxalli sakatta'a dookumantiirraa argames yaaduma kana ibsa.

Dabalataan, afgaaffiin yaaduma kanaan walqabatee yeroo dhihaateef, odeef-kennitoonni hanqina xalayaa barreessuun walqabatanii uumaman waliif sirreessuuf mala kam illee akka hinfayyadamne ibsaniiru. Kana malees, hanqina uumame waliif sirreessuuf mariifi yaalii tokko illee akka hintaasifne deebii kennaniiru. Kunis, bargaaffiidhaan deebii argameefi yaada odeef-kennitootaa afgaaffii kanarraa argame, akkasumas yaada sakatta'a dookumantii irraa argame waliin walsimata.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa Argannoofi Yaada Furmaataa

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun, xiinxala barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti xiyyeeffatamee kan geggeeffameedha. Qorannichi mata duree kana irratti akka geggeeffamuuf barreeffama xalayaalee keessatti hanqinni ulaagaalee xalayaa barreessuu, hanqinni fayyadama afaaniifi qulqullina barreeffamaa mul'atan qoratichaaf ka'umsa ta'aniiru.

Kaayyoo ijoon qorannichaa barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee Xiinxaluudha. Xiinxalli kunis, hanqina barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'ataniif furmaata barbaachisaa kan kaa'eedha. Yaanni hayyoonni hedduun dhimma barreeffama xalayaatiin walqabsiisanii kaa'an boqonnaa lama jalatti yaadrimee bal'aarraa gara dhiphaatti mata dureewwan adda addaa jalatti qoodamuun dhihaachuun isaa qorannoon kun cimina akka argatu godhee jira. Akkasumas, malli qorannoon kun ittiin geggeeffame mala makaadha. Qoratichis maluma kanatti gargaaramuudhaan odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabuudhaan ragaalees xiinxalee jira.

Qorannoo kana keessatti qoratichi madda ragaalee ta'uufii kan danda'an waajjiraalee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee keessa jiran keessaa kaayyeffatee waajjiraalee saddeet filachuun achi keessaa namoota odeeffannoo kennuufii danda'an mala akkaayyootiin filachuun hojjetoota 23 ta'an irraa odeeffannoo funaannatee ragaa qorannoo isaa taasifatee jira. Haaluma kanaan, ragaalee dookumantii, bargaaffiifi afgaaffiin walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaatti gargaaramuun xiinxalee jira. Kana malees, ragaaleen funaanaman tartiiba gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo gooreetiin xiinxalamanii jiru. Xiinxalli kunis, dura sakatta'a dookumantii taasisuun bu'aa isaa xiinxala bargaaffiifi afgaaffiitiin mirkaneeffamee jira. Bu'aan xiinxala adeemsifame kana irraa argames gaaffilee dhihaataniif deebii kennuudhaan akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

Rakkooleen xalayaa waliin walqabatanii mul'atan, hanqina ulaagaa xalayaan tokko ittiin baarreeffamuu qabaachuun isaanii mirkanaa'ee jira. ulaagaaleen jedhaman kunis, xalayaaleen waajjiraalee kunneen: ergaan isaanii haala barbaadameen ifaa kan hintaane, xalayaan barreeffame sun dubbiftoota giddugaleeffatanii kan hinbarroofne ta'uu,

keeyyatatti qoqqoodamanii kan hinbarreeffamne ta'uu, qindoomina yaadaa ga'aa ta'e kan hinqabne, yaadni barreeffame sun guutummaa yaadaa kan hinqabne, sirrummaa barreeffama xalayichaa kan hineegamne ta'uu, barreeffamichi himoota salphaatti hin hubatamneefi jechoota ifaa hintaaneen barraa'uufi kkf. irratti hanqinni kan mul'atu ta'uun bira ga'amee jira. Dabalataanis, xalayaaleen waajjiraaleedhaa barreeffaman hanqina fayyadama afaanii kanneen akka jechoota afaan biroo walitti makanii fayyadamuu qabaachuun isaanii mirkanaa'eera. Kana jechuunis, jechoota Afaan Oromoo keessaa yaadrimee barbaadame bakka bu'uu danda'an utuu jiranii jechoota afaan biroorraa ergifachuun itti fayyadamuu fa'i. Kana malees, gabaajewwan beekumsa dubbisaatii olta'anitti fayyadamuun xalayaa barreessuufi jechoota kabaja agarsiisan barreeffamicha keessatti bal'inaan gargaaramuu dhabuufi jechoota afaanicha keessatti hiika hinqabne fayyadamuufaa akka ta'an bira ga'amaniiru. Akkasumas, qulqullina barreeffamaan walqabatee hojjettoonni waajjiraalee mootummaa keessaa xalayaa barreessan hubannoofi beekumsi isaan qaban gadaanaa akka ta'e adda baafameera. Kanneenis, sagalee dheerachuu qabu gabaabsuu, kan gabaabbachuu qabu dheeressuu, kan laafuu qabu jabeessuu, kan jabaachuu qabu laaffisuu, jechoota irrabuta qaban seera afaanichi heeyyamuun ala sagalee dubbachiiftuutti fayyadamuu, jechoota hudhaatiin barraa'uu qaban qoodduudhaan bakka buusuun barreessuu, seera afaanichaa cabsuun qubee dubbifamaa sadii walitti aansuun barreessuu, qubguddeessa fayyadamuurratti hanqinni jiraachuu. Haaluma walfakkaatuun, itti fayyadama sirna tuqaalee irrattis xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti hanqinaaleen bal'inaan kan argamaniidha. Kunis, xalayaalee isaanii keessatti sirna tuqaalee bakka barbaachisutti seeraan kan hin gargaaramne ta'uun kan argameedha.

Walumaagalatti, xalayaaleen waajjiraalee mootummaatii barreeffaman hanqinaalee ulaagaa xalayaan ittiin barreeffamuu qabaachuu, hanqina fayyadama afaanii qabaachuufi hanqinaalee qulqullina barreeffamaa qabaachuu akka ta'e qoratichi adda baasee jira.

## 5.2. Argannoo

Akka argannoo qorataa kanaatti madda hanqina barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa kan ta'e shaakala barreeffama xalayaa sirriitti barreeffamuu qabuu wal'aaluu akka ta'e mirkanaa'ee jira. Kana malees, hojjetoonni waajjiraalee mootummaa namoota ogummaa barreessuutiin dhimma xalayaa barreessuurratti bobba'an ta'uu dhabuun isaanii hanqina xalayaa barreessuutiif kan isaan saaxile ta'uun adda baafameera. Dabalataan,

namoota waajjiraalee keessaa xalayaa barreessaniif namoonni sirreeffama ogummaa xalayaa barreessuu irratti kennan dhabamuu, namoota haareyyii gara waajjirichaa dhufaniif gorsiifi leenjiin madaqiinsaa kennamuufii dhabuu, erga madakfamanii hojii eegalanii boodas leenjiin dhimma xalayaa barreessuu waliin walqabatan kennamuu dhabuun ka'umsa hanqina xalayaalee barreessuu ta'uun isaa adda ba'eera. Kana malees, namoonni waajjiraalee keessaa xalayaa barreessan xalayichuma barreessuun qaama barbaadame biraan ga'uu malee itti yaadanii xiyyeeffannoon akka barbaadamutti barreessuu dhabuun ka'umsa hanqina xalayaa barreessuu akka ta'es adda baafameera. Akkasumas, waajjiraaleen mootummaa ogeessota afaanii kan barreeffama xalayaa isaanii isaaniif gulaalu dhabuun isaanii ka'umsa hanqina xalayaa barreessuu akka ta'e adda baafameera.

Hanqina barreeffama xalayaalee barreessuu fooyyessuuf yaaliin namoota xalayaa waajjiraalee mootummaatii barreessanii dadhabaa ta'uufi xalayaa tokko barreessuuf shaakala barbaachisaa akka hin taasifne qoratichi bira ga'ee jira. Kana malees, xalayaalee kanneen erga barreessanii booda barreeffamni xalayaa isaanii hanqina qabaachuufi dhabuu isaa yaada waliif akka hinlaanne qoratichaan bira ga'amee jira. Dabalees, xalayaan erga barreeffamee booda utuu bakka barbaachisutti hin ergamin dura gulaalliin tokkollee akka hintaasifamne adda baafameera. Haaluma kanaan, hanqinaalee mul'ataniif akka furmaata bu'aa xiinxalaatti kan argaman shaakala xalayaa barreessuu taasisuun namoota xalayaa mana hojii sana barreessanirraa akka eegamu, xalayaa yeroo barreessanis xiyyeeffannoo waan barreessan sanatti kennuu akka qabaniifi xalayaalee barreessan ga'umsaan barreessuun barbaachisaa akka ta'e xiinxallii taasifameen adda baasuun danda'amee jira. Hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee kanneen keessatti mul'atan fooyyessuuf sirreeffamaafi haaromsi ogummaa yeroo yerootti yoo kennameef fudhachuuf fedha qabaachuu isaanii fala ta'a jechuun eeruu isaanii qoratichi ibsee jira.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Ragaalee dhihaatanii xiinxalaman gaaffilee bu'uuraafi deebii kanneen irratti hundaa'uudhaan yaada furmaataa kaa'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qaamoleen dhimmichi ilaallatu; barreessitoonni xalayaalee hojii, Hooggantoonni, Abbaan Adeemsa Hojiifi qaamni xalayaa hojii waajjiraaleedhaa barreessu kamiyyuu rakkoowwan gama xalayaa hojii kanaan mul'atan furuuf carraaqqii gochuun barbaachisaa ta'ee argama. Haaluma kanaan, hanqinoonni barreeffamoota xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa

Aanaa Gawoo Qeebbee  keessatti mul'ataniif yaada furmaataa ta'uu danda'u jedhamanii kan yaadaman akka armaan gadiitti kaa'amanii jiru.

- Haaluma walfakkaatuun, ulaagaa xalayaan hojii waajjiraalee mootummaa ittiin barreeffamu irratti leenjiin hubannoo cimsu namoota xalayaa hojii barreessaniif kennamuufii qaba. Akkasumas, xalayaa yeroo barreessan ergaa xalayichaatiif xiyyeeffannoon hinkennamu yoo ta'e ergaan akka darbuuf yaadame faallaa yaadichaa ta'uu waan danda'uuf namoonni waajjiraalee keessaa xalayaa barreessan ergaan xalayichaa ifaa akka ta'uuf xiyyeeffannoon barreessuun gaarii ta'a. Dabalataanis, dubbiftootaaf xiyyeeffannoo kennuu, xalayichi ifaa akka ta'uuf keeyyatatti qoqqooduu, yaada qindaa'aadhaan barreessuu, guutummaafi sirrummaa akka qabaatutti barreessuu, himoota gabaaboofi jechoota ifaa ta'aniin sirriitti barreessuufi akka kaayyoo aggaamame galmaan ga'utti barreessuun gaarii ta'a.
- Dabalataanis, namoonni waajjiraalee keessaa xalayaa barreessan haala fayyadama afaaniitti seeraan dhimma ba'uu dhiisuun utuu jechoota Afaan Oromoo keessaa yaadrimee barbaade bakka bu'uu danda'u jiruu jechoota afaan biroo irraa liqeeffachuun itti fayyadamuun hubannoo hawaasaa daangessuu waan danda'uuf jechoota afaanicha keessa jiran barbaaduudhaan barreessuun ergaa barbaachisaa dabarsuun gaarii ta'a. Akkasumas, gabaajeewwan hubachuun isaanii dubbiftoota rakkisan barreeffama xalayaa keessatti fayyadamuudhiisuun barbaachisaa ta'a.
- Akaakuwwan hanqinaalee barreeffama xalayaalee hojii keessatti mul'atan kanneen seeraan ala sagaleen isaanii gabaabbatan, dheeratan, laafan, jabaatan, bakka qubee tokkoo qubee biroo buusuu, hanqina irrabutaa, hanqina hudhaafi seeraan ala qubguddeessatti dhimma bahuu hafee akka seera afaanichi heyyamutti dhimma ba'uun barbaachisaa ta'a. Kana malees, namoonni waajjiraalee keessaa xalayaa barreessan jechoota keessaa sagalee hambisuufi jechootatti sagalee dabaluun barreessuun jecha sana hiika waan dhowwatuuf tajaajila sagaleen tokko jecha keessatti qabdu mirkaneessuuf hubannoon barreessuun gaariidha. Akkasumas, namoonni waajjiraalee keessaa xalayaa barreessan sirna tuqaalee akkaataa barbaachisummaa isaaniitti bakka barbaachisutti sirna tuqaalee fayyadamuun gaarii ta'a.
- Haaluma kanaan, xalayaaleen waajjiraalee mootummaatii barreeffaman caasaa Afaan Oromoo eeggachuun qulqullinaan barreeffamuudhaan dhaloota afaan

kanaan barataa jiraniif fakkeenya gaarii akka ta'uuf namoonni waajjiraaleedhaa xalayaa barreessan ariitii malee, yeroo dadhabanii hinjirre tasgabbaa'anii akka dhimma dhuunfaa isaaniitti xiyyeeffannoodhaan utuu barreessanii gaariidha.

- Akkasumas, ga'umsa seera barreeffama afaan tokkoo wal'aaluun ka'umsa hanqina barreessuu ta'uu waan danda'uuf kitaabilee dhimma barreessuu irratti beekumsa dabalataa kennan dubbisaa deemuudhaan ga'umsa ofii cimsachuufi ogeessi barreeffama xalayaa kana gulaaluu danda'u waajjiraalee kanneenii utuu kaa'amee gaariidha.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee" Oromiyaa.

_______.(2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinee, Oromiyaa:Alem PrintingPlc.

_______.(2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.Far East Trading plc.

Allen, D .(1992). *Adressing Overseas Business Letters*. London: W. Foulsham.

Bulloo Boshee. (2015) . "Xiinxala Dogoggora Xalayaalee Hojii: Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaaffaafi Qophaa'inaa Gudayyaa Biilaa Irratti Xiyyeeffate". WWU. Qorannoo MA. (Kan hin maxxanfamne).

Clandinin, D. (2000). *Narrative Inquiry: Experience And Story In Qualitative Research San Francisco Jossey Bass Cook, G(2003) Applied Linguistics.* Oxford: Oxford University Press.

Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design*. (2nded.).sag publication icon.

Mary Cross. (1987). *Persuasive business writing.* 135 west 50th street, New York, NY 10020

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Boolee

Dawson, L. (2004). *School letter.* India: pentagon press

D. Mergia, (2002). *Vital Letters*: Addis Ababa: Aster Nega publishing enterprise.

Elise, D. (2016) . *Cognitive and Linguistic factors in writing development*. Netherlands: Radboud University.

Fergus, M. (1983). *Spelling Improvement*: a program for self instruction (4th ed). Newyork: Mcgraw-Hill, Inc

Fedhaan Nagaasaa. (1999). *Bu'uraalee Barreeffama Afaan Oromoo*. Hidhata-II. Finfinnee: Dhaabbata mala quunnamtii giddu-galeessaa.

Geetaachoo Rabbirraa. (2007). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo:* Finfinnee: Dhaabbata Kurraaz Internaashinaal.

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromia*: An introduction. Kartum Sudan.

Gerald Levin .(1996). *A Brief Handbook of Rhetoric Harcourt*: Brace & world, Inc. New York/ Chicago/ Burlingame.

Gragg. G. (1976). *Oromo of Wallaga in The Non Semitic Language Of Ethiopia*: Ed. Ml Bender, pp. 166-195. East Lansing. Michigan state university press.

Hizqeel Tashoomee. (2010). "qaaccessa Unkaafi Qabiyyee Xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa: Haala Aanaa Laaloo Assaabiirraa Waajjiraalee Filataman Godina Wallaggaa Lixaa. AAU. Qorannoo MA (kan hin maxxanfamne).

Kothari, C.R. (1990). *Research Methodology, Methods and Techniques (second Rivised Editions).* India: University of Rajashan.

Kumar, R. (2005). *Research Methodology*. A Step By Guide For Beginners. London: Sage Publication.

Makuria Bulch (1994). Onesmos Nasib's Pioneering Contribution to Oromo Writing. Sweden. Uppsala Unpublished.

Mihiretu Miressa and Melkamu Dumessa (2011) *"Investigating Factors Contributing To Grade Nine Students' Spelling Errors At Don Bosco High And Preparatory School In Batu*," Jimma: Jimma University Journal of Language and culture vol. 2pp. 103-113.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Kattaa: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee: Oromiyaa.

Moster, S and Kalton, G. (1972). *Survey Methods in Social Investigation, 2nd edition*. New York: Basic Book Inc, Publishers.

Nunan D, (1989). *Designing tasks for the classroom*. Cambridge. Cambridge university press.

Robert W. Bly, .(2004). *Letter Writing Handbook*: By Wiley publishing, Inc., Indianapolis.Indiana.

Robbins, B. (2001). *Weaving workplace writing into the English classroom*. English Journal-Illinois.

Sarantakos , S.(2005). Social Research. New York:Pal Grave Macmillan.

Seglin.L.J.(2001).The AMAHand Book of Business Letters(Third edition). New York: Printed in the United States Of America

Sinclair, J. (2001). *English Dictionary For Colvi Advanced Learners*. (3rd.ed) Collins; cobuild:Harper Collins publisher.

Tafarii Ayyaanaa. (1998). *New Systematic Book Series*. Fininnee: Oromiyaa.

Tashoomaa. (2000). *Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa tokkooffaafi lammaffaa barnoota Fagoo*. Dhaabbata Mala Giddugaleessaa:Ministeera Barnoota Itoophiya.

Wallace, M.J.(1998). *Action Research For Language Teachers*. London: Heinemann Education Book Ltd.

Zawudee Xilahuun. (2016). "Qaaccessa Barreeffamoota Hojjetoota Mootummaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Arsii Aanaa Collee": Yuunivarsiitii Addis Ababaa. Qorannoo MA (kan hin maxxanfamne).

Technical...tps://Openorigon.pressbooks.pub

http://www.vistaprint.com/logo-design/add-text.aspx?xnav=Tsr Itemandrd=2.

Website **www**.qsstudy. com

**Dabalee 'A'**

Yuunvarsiitii Finfinneetti,

Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi

Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,

Ogbarruufi Fookloorii

Bargaaffii Hojjetoota Waajjiraalee Mootummaaf Qophaa'e

Bargaaffiin kun xiinxala xalayaalee waajjiroolee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti odeeffannoo qulqulluu funaanuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu, deebiin isin kennitan dhimma qorannoo kanaa galmaan ga'uuf qofa kan oolu ta'uu beektanii amanamummaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

**Deggersa naaf gootaniif galatoomaa!**

Gaaffilee isiniif dhihaataniif filannoo keessan duratti mallattoo (√ ) saanduqa keessa kaa'uun deebisaa. Yaada dabalataa yoo qabaattan barreessuun dhiheessuu ni dandeessu.

A. Waajjira keessaa hojjeettan ____________________ B. Ga'ee Hojii ______________

C. Koorniyaa Dhi. ☐ Dha. ☐

D. Umurii: 25-30 ☐ 31-45 ☐ 46fi isaa ol ☐

E. Bara tajaajilaa 1-5 ☐ 6-10 ☐ 11-15 ☐ 16-20 ☐ 21-25 ☐ 26-30 ☐ 31fi ol ☐

F. Sadarkaa Barnootaa: Dhaabbata Leenjii ☐ Dippiloomaa ☐ BA/BSc ☐ MA/MSc ☐

G. Gosa Barnootaa ittiin leenji'e/te ___________________

1. Xalayaa yeroo barreessitan iftoomina ergaa qabaachuu isaa itti ni amantuu?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐ C. hamma tokko ☐

2. Xalayaa tokko yeroo barreessitan dubbiftoota keessaniif hagam xiyyeeffannoo laattu?

A. Akka gaariitti ☐ B. Hanga tokko ☐ C. Hagas mara miti ☐ D. Homaa ☐

3. Yeroo xalayaa barreessitan keeyyatatti qoqqooduun ni barreessituu?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐ C. Darbee darbee ☐

Yoo keeyyatatti hin qoqqooddan ta'e maaliif?

______________________________________________________________

5. Xalayaan isin barreessita qindoomina yaadaa ni qabaa?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐ C. Hanga tokko ☐

6. Xalayaan isin barreessitan guutuu akka ta'uuf yaalii gootan naaf ibsaa?
______________________________________________________________

7. Xalayaan isin barreessitan sirrummaa ni qaba jettanii yaadduu?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐ C. Hanga tokko ☐

8. Xalayaan isin barreessitan kaayyoo barreeffameef galmaan niga'a jettanii yaadduu?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐

Eeyyee yoo jettan maaliin mirkaneeffattan? Lakkii yoo jettan rakkoon isaa maal jettanii yaaddu? ______________________________________________________________

9. Afaan Oromootiin xalayaa Yeroo barreessitan qulqullina barreeffamaa waliin kan walqabate sirna tuqaalee armaan gadii keessaa hanqinni keessan isa kam? Maaliif?

A. Tuqaa ☐ B. Qoodduu ☐ C. Sarara xiqqaa ☐ D. Hunda ☐

10. Afaan Oromootiin xalayaa barreessuu keessatti kaneen armaan gadii keessaa irra caalaatti rakkoon si quunnamu kam?

A. Qubeessuu B. Qubguddeessa C. hudhaa D. Dubbifamaa sadii fayyadamuu

11. Hanqinaalee xalayaalee waajjiraalee barreessuu keessatti mul'ataniif maddi isaanii maal isinitti fakkaata?

A. shaakala barreessuu dhabuu ☐ B. Ga'umsa dhabuu ☐

C. Xiyyeeffannoo kennuu dhabuu ☐ D. Hunda ☐

12. Sirreeffamniifi leenjiiwwan adda addaa xalayaa barreessuu irratti kennamuu dhabuun ka'umsa hanqina xalayichaa ta'uu danda'aa?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐

13. Rakkoolee xalayaa Afaan Oromootiin barreessuu irratti qabdan fooyyessuuf tattaaffiin isin gootan maal fakkaata?

A. Daran Olaanaa ☐ B. Olaanaa ☐ C.Gadaanaa ☐ D. Daran gadaanaa ☐

14. Afaan Oromoon yeroo xalayaa barreessitan hanqinni jiraachuuf dhibuu hojjetoota biroo waliin yaada waliif nilaattuu?

A. Eeyyee ☐ B. Lakkii ☐ C. Darbee darbee ☐

**Dabalee 'B'**

Yuunvarsiitii Finfinneetti,

Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi

Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,

Ogbarruufi Fookloorii

Af-gaaffii Hojjetoota Waajjiraalee Mootummaaf Qophaa'e

Af-gaaffiin kun xiiinxala xalayaalee waajjiroolee mootummaa Aanaa Gawoo Qeebbee irratti odeeffannoo qulqulluu funaanuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu, deebiin isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'uu beektanii amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

**Deggersa naaf gootaniif Galatoomaa!**

1. Xalayaalee yeroo barreessitan ergaan isaanii ifaa akka ta'uuf xiyyeeffannoo ni taasiftuu?
2. Afaan Oromootiin xalayaa yeroo barreessitan dubbiftootaaf xiyyeeffannoo ni kennituu?
3. Xalayaa yeroo barreessitan keeyyatatti qoqqooduun ni barreessituu? maaliif?
4. Xalayaan keessan qindoomina yaadaa barbaachisaan barreeffamaa jira jettanii ni yaadduu?
5. Himoota salphaatti hubatamaniifi jechoota ifaan xalayaa barreessaa jirra jettanii yaadduu?
6. Xalayaan isin barreessitan guutummaa yaadaa akka qabaatuuf yaaliin taasiftan jiraa?
7. Xalayaan isin afaan oromootiin barreessitan sirrummaa qaba jettanii yaadduu?
8. Xalayaa barreessuu keessatti fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee irra caalaatti rakkoolee akkamiitu isin mudata?
9. Afaan Oromoon xalayaa yeroo barreessitan qulqullina barreeffamaa ilaalchisee maalfaarratti hanqina qabna jettanii yaaddu?
10. Ka'umsi hanqinaalee xalayaa hojii barreessuu keessatti mul'atan maalfa'i?
11. Yeroo xalayaa barreessitan malleen akkamiitiin hanqina isin biratti uumaman sirreessuuf yaaltu?
12. Hanqinaaleen barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul'atan akkamiin furamuu danda'a jettanii yaaddu?

**Dabalee 'C'**

Yuunvarsiitii Finfinneetti,

Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi

Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,

Ogbarruufi Fookloorii

**Safaree Sakatta'a Dookumentiif Qophaa'e**

Safaree sakatta'a dookumantii qorataan qopheeffatee xalayaalee Waajjiraalee Aanaa Gawoo Qeebbee keessatti argamann ittiin sakatta'e akka armaan gadiitti dhihaatee jira. Bakka rokkinichi mul'atutti mallattoo √ fayyadamee jira.

**Gabatee 22: safaree sakatta'a dookumantii**

| T/L | Safaree sakatta'a dookumantii qophaa'e | Rakkinichi jira | Rakkinichi hinjiru | Meeqa ta'u? |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Hanqina ulaagaalee xalayaa barreessuu qabaachuu | | | |
| 1.1 | Hanqina iftoomina ergaa dabarsuu qabaachuu | | | |
| 1.2 | Rakkoon dubbiftoota xiyyeeffachuu jiraachuu | | | |
| 1.3 | Hanqinni keeyyatatti qoqqooduu jiraachuu | | | |
| 1.4 | Hanqinni sirrummaa barreeffamaa jiraachuu | | | |
| 1.5 | Hanqinni guutummaa yaadaa jiraachuu | | | |
| 1.6 | Hanqinni qindoominaa jiraachuu | | | |
| 1.7 | Hanqinni himoota gabaaboon barreessuu jiraachuu | | | |
| 2 | Rakkoon itti fayyadama afaanii jiraachuu | | | |
| 3 | Rakkoon qulqullina barreeffamaa jiraachuu | | | |
| 3.1 | Rakkoon sirna tuqaalee kanneen akka qoodduu, sarara xiqqaa, tuqaa, waraabbii, | | | |
| 3.2 | Rakkoon qubguddeessaa jiraachuu | | | |
| 3.3 | Hanqinni qubeessuu jiraachuu | | | |
| 3.4 | Jechoonni hanqina irra butaa qaban jiraachuu | | | |
| 3.5 | Jechoonni hanqina hudhaa qaban jiraachuu | | | |

**Dabalee 'D'**

Yuunvarsiitii Finfinneetti,


Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi

Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,

Ogbarruufi Fookloorii

**Ragaa Xalayaalee Waajjiraaleedhaa sakatta'amanii**

Dabalee $D_1$



*Haala waliigalaa akka Waajjirichaa tti*

Akkataa karooraa KGT qophaa'ee jiruun hojii keessaa galee kan jiruu yammuu ta'uu haala amma jiruun sochiin Waajjirichii irra jiruu bifa armaan gadiitti kan ibsame ta'a

Ergamaa : -sirna daldalaafi gabaa ammaya`aa haqa qabeesaa ta `e diriirsuun ummatni fayyadamaa akka ta`u tasiisuudha.

Mul`ata:- Bara 2012tti Aanaa keenyaa kessatti misoomni daldalafi gabaa dagaagee jiruufi jireenya ummataa aanichaa foyya`ee gara biyyoota galii g/galeesaa argatanitti guddatee arguudha.

*Rakkoolee Gurguddoo Baraa karooraa keessatti salphisuuf karoorfamaan*

- Daldala seeraan alaa dhabamsiisuu
- Bu'aa argame gamaggamuun hir'ina raawwii hojii mul'atan hordofuu fi qorachuun yaada furmaataa laachuun jijjiirama barbaachisu argamsiisuu
- ***Rakkoolee gurguuddoo hojii keessatti nu mudataan*** Gabaasa raawwii hojii yeroonqophessuun qaama barbaaduuf qulqullinaan dabarsuu


*Karoora Galmaan gahuuf kallattiwwaan rawwii gaababinaan*

- Bu'aa argamee gamagaamuun ciminaa fi hanqinaa jiruu adda baasuun hanqina jiruu irratti hojeechuu .
- Ijjaarsaa dandeetii hojeetootaa cimsuu

*Tooraa Xiyyeefannaa fi bu'aalee Tooraa Xiyyeeffannoo*

Tooraa Xiyyeeffannoo 1ffaa : *Haqa Qabeessummaa daldalaa*

Dabalee $D_2$



Lakk ________

Guyyaa 15/15/2010

A/T/Ge/GO/Qe/Wallaggaa tiif

Qeebbee

Dhimmi isaa :.**Gabaasa Ammaajji fi Hangaa Ji'aa kan isiniif erguu ta'a**

Akkuma armaan oliitti ibsuuf yaalle Gabaasa ji'a Ammaajji fi Hangaa ji'aa kan Adeemsa Na/Tiraafikaa fi Dhi/Taj/Geejjibaa Hojjennee Xalayaa Geggeessituu Fuula ___waliin erguu keenya kabajaan ibsina.

*"Nagaa Wajjiin "*

Caaltuu Bafiqaaduu

Dabalee $D_3$



***Lakk.*__43__*/DMg/2010***

***Guyyaa 14/09/2010***

***w/m/w/A/G/Qeebbeetiif***

***Qeebbee***

*Dhimmi isaa :- Fedhii bitta meeshaa dhiyyeessuu ta'a*

*Akkumaa armaan ol irratti ibsuuf yaalaame akka W/DMG/A/G/Qeebbeetti fedhii bittaa meeshaa bara 2011 akka nuf bitaamuuf gosa meshaalee fi gatii ittiin dhiyyatuu waliin qopheessinnee unka fula* __01__ *qabuun wal qabsiifinnee erguu keenyaa kabajan ibsina .*

*Nagaa Wajjiin*

I/A/I/W/Waajjira DMG A/G/Qeebbee fi Qindeessaa Dhima Hojii Daldalaa

Dabalee $D_4$

Lakk 599/QMB/2010

Guyyaa 12/10/2010

Obbo Daggafaa Dirribsaa tiif

B/Jirtanitti

**Dhimmi isaa: Rimiddii gita hojii mala qabxiin sadarkeessuu (JEG) keessan isin beeksisuu ta'a**

Qorannoo madaallii fi sadarrakeessuu hujii (JEG) sadarkaa biyyoolessaatti geggeeffama ture xumuramuudhaan yaaliin hojiirra oolmaan manneen hojjii federaalaa fi naannolee hunda keessatti kan eegalame ta'uun isaa ni beekamadha. Hojiirra oolmaa sirna madaallii hojii karaa kanaafis qajeelfamni raawwii ramaddii hojjetoota biroo Paabilikii Sarvisii Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa irraa guyyaa 22/10/2009 lakk BPSMQNOWG12/21/430 daraberratti hundaa'uudhaan gara dambii madaallii hojii haaraa kanatti ceesisuuf ramaddiin hojjetoota mana hojii keenya geggeeffamuun isaa waan beekamuuf haaluma kanaan guyyaa 12/10/2010 irraa jammaree sadarkaa gitaa hojii levelXII cod addummaa gita hojii Og/Qa/foonii lakk Eenyummaa gitaa hojii 36/G/16-A09-10 tiin galmaa'ee kana beekamu irratti ramadamtanii hanga miindaa gita hojichaa murtaa'utti miindaa ji'aan amma isiniif kanffalamaa jiru Qar.3740 (kuma sadiif torbaa afurtama) argachaa bakka hojjettan kan murtaa'e ta'uu isaa ibsaa, tajaajila isinirraa eegamu kan kanaan dura haala adda ta'een kutannoo cimaan ofeeggannoo fi amanamummaan akka raawwattan ni beeksifna.

Nagaa Wajjin

Iyaasuu Tasammaa Atoomsaa

**G/G**

- Waajjira Bul/a/g/Qeebbee f
- Waajjira M/W/D/A/G/Qeebbee tiif
- Qeebbee

Dabalee $D_5$

Lakk 65/QMB/2010

Guyyaa 15/8/2010

Obbo Biqilaa daaqaa Wadaajoo tiif

Dhimmi isaa:- **Rimiddii bakka hojii keessaan isin beekssisuu ta'a.**

Armaan olitti akuma ibsamuu f yalaameet kanaan dura ogummaa saayinsii Beeylladaa tiin Kolleejjii Teekkinikkaa fi ogummaa miizan irraa ebifamtanii jiraachuun keessan beekamaa ta'uudhaan. kanumarratti hundaa'uun xalayyaa waajjirri PSMQN/A/G/Qeebbee xalayaa lakk722/ PSMQN/2010 nuun gahaniin akka isin qacaramttan nu beekisisanii jiritu kanafu koreen manaagimentii waajjira keenya gafaa guyyaa 17/9/2010 Godhateen ganda Biiftuu cirootti akka ramadamatan murtteessisee jira. Isinis kana hubatanii guyyaa xalayaan kun isin qaqqaberraa eegalttanii akka hojii keessaniitti argamtuudhaan ,hojii isinitti kenname amanamummaa fi quliqulliinaan akka raawwattan isin hubbachiisaa ,qaamni xalayaan kun galagalcha ta'eefis kana beke deggeersa barbaachisaa ta'e akka isinii f godhan kabajaan gaffanna.

'Nagaa Wajjin's

Iyaasuu Tasammaa Atoomsaa

**G/G**

Waajjira Qonnaaf Q/Uumamaa /A/G/Qeebbee tiif


Qeebbee

Waajjira Bulchiinsaa Ganda Biiftuu Cirii tiif

To'ataa H/M/Damee Tu/Shimalaa tiif

B/J

Dabalee D6



Lakk 246/dhi/dub/da/2010

Guyyaa 1/12/2010

Addee Caaltuu Birihaanuutiif

**B/J**

*Dhimmi isaa:-* ***Rimidii keessaan isin beeksiisuu ta'a.***

Ol-mata dureen ibsuuf akkuma yaalamee rakkoo hawaasumaa qabdan irraa ka'uun Gafaa Guyyaa **19/11/2010** iyyata waajjira keenyaatii dhiyyeeffachuun keessan beekamadha.

Halumaa kana Waajjiri Eegumsa Fayyaa A/G'Qeebbe Xalayaa Lakk *WEF/ 99 /2010* gaafa Guyyaa **26 /11/2010** nu barreessun qulqulleessanii erguun isaanii beekamadha.

Nutis kana irrattii hunda'uun Gitaa duwaa qabnuu iraatii **Wamama gita Ra/Ho/Fin/Sos/Haawaasa VI** Lakk **Eenyumma** gita hojii **03/G16-A09-07** Sadarkaa Gitaa hojii **Ps-5** irrattii ramadamtanii Mindaa Amma argacha jirtan (Qar **3740**(kuma sadiif dhibba torbaaf Afurtama) isiniif kaffalamu qabattanii gaafa Guyyaa **1/12/2010** irraa eggaltanii hojii isinitti kennamee amanamuumaf itti gaafatamuuman akka hojjeetan cimsiinee isin beeksifna.


Nagaa waijin

**G/G**

- W/PSQMN /A/G/Qeebbeetiif
- W/MWD/A/G/Qeebbeetiif

**Qeebbee**

Dabalee D7



Lakk. 223/Bu/2010

Guyyaa 25/12/2010

**Biiroo Eeg/Fayyaa Oromiyaatiif**


**Finfinnee**

Dhimmi isaa:- **Buufata Fayyaa Gaafachuu Ta'a**

Ol-mata duree irratti akkuma ife Aanaan Gawoo Qeebbee Godina Qellem Wallaggaa keessatti kan argamtu yeroo taatu haalli teessuma Aanaa kanaa baayyee bu'aa bayii fi rakkisaa kan ta'ee fi Fageenyi Qaxanaan buufata hin qabne buufata Ollaa irraa qabu baayyee guddaa jechuun giddu galeessaa 30 km waan ta'eef fayyaa hawaasaa ,Dubartoota Ulfaa,Fayyaa haadholii fi fayyaa Daa'immanii ilaalchisee rakkoo guddaa keessa gallee kan jirruu dha. Kanaaf Rakkoon nuti keessa jirru kun nuuf ilaalamee qaxanaa 3(sadii) jechuun Qaxanaa Iluu Goondee ,Qaxanaa Haroo Abbaa Gammadaa fi Qaxanaa Diillaa Waayyuu irratti Buufatni Fayyaa akka nuuf heyyamamuuf raga dhimma kana ilaallatu waraqaa fuula ____________ irratti guutnee xalayaa geggeessituu kanan walqabsiifnee gaafachuu keenya kabajaan isin beeksifna.

Nagaa Waijin

Dabalee $D_8$



Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Gaawoo Qeebbeettii Waajjira Aadaa fi Tuurizimii

Lakk.428/A/T/2010

Guyyaa15/12/2010

Obbo/Addee *Maabiraatee Tolaa* tiif

Dhimm isaa ;- ***Guddinaa sadarkaa keessaan isin beekssu ta'a***

Ol- mata duree irratti ibsuuf akkuma yaalamee **W/T/A/G**/Qeebbeettii Ogeessaa babal'ina sona aadaa ***Lakk .Eenyummaa gita hojii -31/GXX***-AXX-04 Irrattii beeksisa gaafa guyyaa ***20/10/2010*** ba'e dorgomtanii qabxii olaanaa fiduun waan mo'attaniif gaafa guyya 1/11/2010 irraa eegaltanii waamamaa gita hojii Ogeessa babal'in sona aadaa lakk Eenyummaa gita hojii ***31/GXX-AXX-04*** sadaarkaa gita hojii **PS-5** irratti Guddina sadarkaa kan argattan waan ta'eef miindaa duraan isiniif kaffalamaa ture **2872**(***kuma lamaafi dhibbaa saddeetiifi torbaatamii lama***) irrattii Qarshii ***707***(dhibba torbaa fi torba ) isiniif dabalamee walumaa galattii qarshii ***3579(kuma sadii fi dhibba shanii fi torbaatamii sagal***) ji'aan argachaa hojii isinitti kennamee amanamummaa fi qulqullinaan akka hojjettan isin beeksisna

Nagaa Wajjiin


Itti Gaafatamaa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii A/G/Qeebbee

**G/G**

- W/MWD/A/G/Qeebbeetiif
- w/PSMQN/A/G/Qeebbeetiif
- W/BU/A/G/Qeebbeetiif

**QEEBBEE**

Dabalee $D_9$



GolQellam Wallaggaatti Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii A/G/Qeebbee

Lakk 46/Dhi/Dub/Daa'im

Guyyaa 5/11/2010

**Dhaabbata Greenland dame gawoo qeebbeetii**

**Qebbee**

**Dhimmi isaa;. nama gafatame isiniif erguu ta'a**


Olitti ibsuuf akkuma yalame leenjii dhukkuba feestullaa irratti namni tokko akka irratti argamuuf xalayaa gaafa guyyyaa **3/9/2017** nu gahe irratti hundaa'uun akka waajjira Dhi/Dub/Daa'immanii irraa **obbo Habtaamuu shawaaraggaa** kan jedhaman akka irratti argamaniif xalayaa kanaan isin beeksifna .

Nagaa wajjin

Qorqixxuu Tamsgeen

I/G/ W/Dhiloo

Dabalee $D_{10}$



Lakk 629 /MQB/2010

Guyyaa 29/10/2010

***Obbo Taamirat Kabbadee Oliqaa tiif***

***B/Jirtanitti***

***Dhimmi isaa ;-Guddina Sadarkaa keessan ilaallata***

*Manni hojii keenyaa akkaataa Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjetoota Mootummaa* ***Lakk.61/1994*** *baase irratti hundaa'uundhaan gaafa guyyaa* ***25/9/2010*** *beeksisa guddina sadarkaa baasuun isaa beekamaa dha.*

*Haaluma kanaan isin dorgommii taasifame keessaa qabxii caalmaa kan argattan waan ta'eef guyyaa* ***1/9/2010*** *irraa eegalee Waamama gita hojii* ***Raawwataa /H/F/S/Beeyladaa/T/A/B/A/VI Lakk.Eenyummaa 36/G16-A09-11*** *Sadarkaa* ***PS 6*** *irratti guddina sadarkaa kan argattan waan ta'eef miindaa ji'aan duraan isiniif kaffalamaa ture Qar.****4867 /Kuma Afurii fi Dhibba saddeetii fi jaahatamii torba/*** *irratti* ***qar.437 /Qarshii Dhibba afurii fi soddomii torba*** */ isiniif dabalamee mindaa ka'umsa iddochaaf hayyamamee* ***qar.5304 /Qarshii kuma Shanii fi Dhibba sadii fi afur*** */isiniif kaffalamaa gahee isin irraa eegamu amanamummaa fi ciminaan akka raawwattan isin beeksifna.*

***Nagaa wajjin***

*G/G*

*W/PSMQN /Oromiyaa tiif*

***Finfinnee***

*W/PSMQN /Go/Qe/Wallaggaa tiif*

*W/MWD/ Go/Qe/Wallaggaa tiif*

***D/Dolloo***


*W/Bu/A/G/Qeebbeetiif*

*W/PSMQN /A/G/Qeebbee tiif*

*W/MWD/ A/G/Qeebbetiif*

***Qeebbee***

Dabalee $D_{11}$



Lakk 206 · Dhi · Dub · Dao · 2010

Guyyaa 29-9-2010

M/Murtii/A/G/Qeebbeettif

**Qeebbee**

Dhimmi isaa :- **Tilmaama Guddina Daa'immanii tokkaaf ji'atti barbaachisuu tilmaamee erguu ta'a.**

Olitti ibsuuf akkuma yaalame M/M A/G/Qeebbee irraa gaafa **24/09/2010** Xalayaa lakk. **13209** manni murtii nuuf erge irratti hundaa'uun tilmama daa'imaa ,umuriin isaa wagga3 daa'immaa tokkof kan oolu kan ji'a akkaataa armaan gadii tilmaamnee erguu ilaallata.

| *Waantoota barbaachisan* | *Qarshii* |
|---|---|
| 1, uffata | 400 |
| 2, Barnootaaf | 120 |
| 3, Nyaataa fi dhugaaati | 2000 |
| 4, Mana Yaalaaf | 200 |
| 5, Aannaniif | 250 |
| Ida'ama | 2970 |

Yeroo ta'u waggaatti yeroo tokko kan guutamuuf qabu meeshaalee barnootaaf barbaachisan

| | |
|---|---|
| 1. Borsaa | Qarsh. 100 |
| 2. Dabtara | 50 |
| 3.Qalama | 20 |
| 4. Qodaa itti nyaataa | 65 |
| 5. Qodaa bishaanii | 50 |


Ida'a **285** ta'uu isaa kabajaan isin beeksifna.Ida'ama waaligala **3255**

Nagaa wajjin

Hubachisaa

Meeshaleen barnoota tareefaman yeroo Daa'imni kun barnootaaf geesuu ta'a

Dabalee $D_{12}$



Lakk. 248/ATG/09

Guyyaa 24/08/04

Obbo Akaliluu Likkaasaatii tiif

**B/Jiraanitti**

Dhimmi isaa **Akkeekachiisa isiniif ga'uu ta'a.**

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti Manni hojii AT/GeejjibaaA/G/Qeebbee osoo hin beekini Dambii fi Qajeelfama geejjibaa Cabsuun beekamti tokko osoo Waajjiricha irraa hin argatiin Aangoo fi fedha mataa keessanii guutachuuf nagahee konkolataa Qaama hin beekamne waliin walii galtee geggeessitanii gurguruun Uummata baasii guddaa fi wal- caalmaa adda addaa geggeessaa jiraachuun keessan bira ga'ameera, kun immoo danbii Geejjiba Oromiyaa Lakk. 143/2004 ba'e cabsitanii waan argamtaniif guyyaa xalayaan kun isin ga'ee kaastanii hojii kana akka dhabdan cimsinee isin akkeekachiifna.

*Nagaa Wajjin*

Naadoo Shaagaa Calaasaa

Itti Gaafatamaa Wa/A.T Geej
A/G/Qeebbee


*G/G*

*A/T/Gej/G/Qel/Wallaggaatiif*

*W/Poolisii A/G/Qeebbeetiif*

*Qeebbee*

Dabalee $D_{13}$



Lakk 85/QMB/2010

Guyyaa 15/8/2010

W/MM/A/G/Qeebbee f

Qeebee

Dhimmi isaa:- **Murttoo Koree revolving fund bittaa qorrichaa yaala Beeylladaa isiniif erguu ta,a.**


Armaan olitti ibsuuf akkumaa yallamet murttoo koorre revolving fund bittaa qori chaafi kittibaatii yaallaa beeylladaa kan ibsu xalayaa geggeessittuu fuula 1(tokko) qabuun wal qabsiisfnee isiinif erguu keenya nutis kabajaan isin beekisifna.

Nagaa Wajjin

Iyaasuu Tasammaa Atoomsaa

G/W/Q/M/E/F/Beeyladaa
A/G/Qeebee

Dabalee $D_{14}$



Lakk. 314/Bul2010

Guyyaa-18/03/2010

**Obbo/** Aadde **Roomee Shifarraa tiif**

**Qeebbee**

Dhimmi isaa:- **Hojii Dabalataa isiniif kennuu ta'a.**

Ol-mata dureen ibsuuf akkuma yaalame hojii kanaan dura hojjechaa jirtan irratti dabalachuun isin Fedirashenii Dubartootaa ta'uudhaan Filatamuu keessan beektanii gaafa **1/3/2010** irraa eegaltanii hojii isinitti kennamee kana amanamummaa fi of-eeggnnoodhaan akka raawwattan isin beeksifna.


Nagaa Wajjin

G/G

- W/Dh.D.U.O/ A/G/Qeebbee tiif
- W/Dhi/Du/Daa'immanii IA/G/Qeebbee tiif

Qeebbee

Dabalee $D_{15}$



Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Godina Qellem Wallaggaatti
Waajjira Bulchiinsa
Aanaa Gaawoo Qeebbee

Lakk-55/Bu/2010

Guyyaa 18/11/2010

Obbo Ifaa Caalaa tiif

B/Jirtanitti

Dhimmi isaa.- **Bakka bu'iinsa hojii isinii kennu ta'a.**

Ol-mata duree irratti akkuma ibsame Itt gaafatamaa Waajjira BLTO A/G/Qeebbee kan turan Obbo Lammeessaa Taasisaa Itt gaafatamumaa irra ka'un isaan beekamadha.

Kana waan ta'eef hanga beeksisi ba'ee namni ulaagaa guutuu dorgomee ramadamutti Itti gaafatama BLTO bakka buutani hojii idilee keessan irratti dabalattani hojii itt gaafatamaa manicha akka hojjettan kan bakka isin buufne ta'u keenya isin beeksifna.

Nagaa wajjin

Gammachuu Gumeessaa Simoo

Bulchaa Aanaa

G/G

- W/PSMQN/A/G/Qeebbee tiif
- W/MWD/A/G/Qeebbee tiif

Qeebbee

Dabalee $D_{16}$

Guyyaa 13/7/2010

**Bakka Dhimmi ilaallatu Hundumaaf.**

**Bakka jiranitti**

Dhimmi isaa :- **Waraqaa Oggersaa Kennuu Ta'a.**

Mata duree irratti ibsuuf akkuma yaalame Dhaabbatni maqaan isaa **Gartuu Tajaajila Wangeelaa Phaawuloos** jedhamu gandoolee aanaa keenyaa adda addaa keessatti ijoollee(barattoota) abbaa fi haadha hin qabne harka qalleeyyii ta'n dabtaraa fi yuuniifoormii bituufiin gargaaraa kan jiru yammuu ta'u,gara fuula duraattis anaa keenya " **target area** " godhachuun irratti hojjechuuf:-

1. **Daa'imman abbaa fi haadha hin qabne (harka qalleeyyii).**
2. **Haarmootii harka qalleeyyii,** akka aanichaa tti jiran **raga isaanii** nuun gaafatanii waan jiraniif, nutis akka waajjira keenyaatti raga isaan nuun gaafatan kana akkaataa unka fuula itti aanuu tti guutnee kennaafii, qaamolee hawaasaa armaan olitti caqasaman kanaaf gargaarsa barbaachisaa ta'e kamiinuu yoo godhaniif kan hin morminee fi xalayaa deggersaa kana kennuufii keenya kabajaan isin beeksifna.

**Nagaa Wajjin**

Aonfitu Tamasgeen

I/G/W/Dhi/Dub/ fi

Daa'i/A/G/Qeebbee

Dabalee $D_{17}$

Lakk 390/2010

Guyyaaa 18/11/2010

Godina Addaa Oromiyaa Naannoo Finfiinnee Bul/Magaalaa Buraayyuutti Ganda Aanne Diimatif

Buraayyuu

Dhimmii isaa:- waraqaa degeerisa keennuu ta'a

Ol-mata dureen akkumaa ifa dargaggoo maqaan isaa Wandiimmuu Tarrafaa Raggaasaa jedhamuu jiraataa G/Q/Wallagaa Aanaa Gawoo Qeebbee Ganda Guddattuu Qeebbee kan tureefi yeroo ammaa kana Godina Addaa Oromiyaa Naannoo Finfiinnee Bul/Magaalaa Buraayyuutti Ganda Aanne Diima Buraayyuut ti garee keessa jiraachuu barbaadee jira

Kanaafu namni kun saala dhiira umurii 26 sadarkaa barnootaadigirii haala matii kan hifuune haala hojii hojii barbaadaa maqaan haadha isaa aadde Altaayyee Taakkalaa Shaagirdii yeroo ta'u dargaaggoon kun turtii naannoo keenya ture keessatti nama nagaa fi namuusa garii qabu akkaasumaas hojii misooma Gandii keenya qabu irraatti hirmaata waan tureef ammaa sabaaba hojii barbaaduuf gara keessan waan dhufeef deggeersa barbaachisu hunda yoo godhaameef kan hin mormiine ta'uu keenya kabajaan ibsaa xaalayaa degeersaa kan laanneerraaf

Nagaa wajjin

Meetii Jaallataa

M/Ganda Guddattuu Qeebbee

Dabalee $D_{18}$

Lakk 412 A/T/2010

Guyyaa20/10/2010

Obbo Faantaa Injiguu tiif

B/i

Dhimmi isaa; **maallaqa deebisuu ta'a** .

Ol mata dureen ibsuuf akkuma yaalame gaafa guyyaa **15/05/ 2010** waltajjii Finfinnee deemuuf baajatni karaa waajjira aadaa fi Tuurizimii isinif ajajamee osoo achi hin ga'in magaala Naqamtee geessani deebi'uun keessan beekama dha .

Haa tahuu malee qarshiin isiniif ajajame geejjiba dhaqaa fi galaa kan magaala Finfinnee geesse deebi'uu waan taheef qarshii irra hafee akka deebi'uu wajjirri **MWD xalayaa lakk.3450/MWD/2010 gaafa 13/10/2010** nuuf barresseen nu gaafate waan jiruuf kana beektani mallaqaa jedhame kana akka kaazinaa mootummatti deebistan isin hubachifna.

Nagaa wajjin

Obsee Yaadasaa

G/G

Waajjira Bu/A/G/Qeebbee tiif

Waajjira DH.D.U.O/A/G/Qeebbee tiif

Waajjira MWD/A/G/Qeebbee tiif

**Qeebbee**

Dabalee $D_{19}$

Godina Qellem Wallaggaa A/Gaawoo Qeebbeetti Waajjira Bulchiinsa Ganda Gu/Qeebbee

Lakk 54/2010

Guyyaa 28/8/2010

W/Bul/N/A/G/Qeebbeetif

Dhimmi:- isaa rakko Ga/Gudaatu Zoonii Gawoo furu ta'a


Innis Ol mata dureen ibsuu akkuman yalee Ga/Gu/Qeebbee Zoonii gawoo keesaati wal-shakii fi Hannaa horii irraati Hawaasi Zooniicha waltajii ba'e mariiachuun ofkeesa kan saxilaan abboti 34 kabinee 3 dargaggo 14 ta'anii wajiin hala nagee nya nannochaa ti fi Hanna horii irraati marii bal'aan ta'e nama 2 (lama) of keesa saxilaniru

Nagaa wajiin

Immiruu Namoomsaa

Ga/Qeebbee

Dabalee $D_{20}$



Lakk421/A/T/2010

Guyyaa28/10/2010

**Waajjira / Bar/A/ G /Qeebbeetiif**

**Qeebbee**

Dhimmi isaa ;- waraqaa qulqullinaa gaafachuu ta'a.

Ol mata dureen ibsuuf akkuma yaalame hojjettu waajjira kessani kan tahan **Adde Baaccuu Alamuu Hordoofaa** jijjirran fudhachuuf xalayaa deggersa laanneef irratti hundooftani gaafa guyyaa **28/10/2010** xalayaa **lakk 1063/Bar/2010** tiin gad nuuf dhiisuu keessan nu beeksiftani jirtu.

Haaluma kanaan hojjettuu kana qulqullesitani yoo gad nuuf dhiiftan kan fudhannuu tahuu keenyaa kabajaan isin beeksifna

Nagaa wajjin


Obsee Yaadasaa

W/A/G/W/A/Tur/A/G/Qeebbee

**G/G**

Baaccuu Alamuu tiif

Dabalee $D_{21}$



Lakk. 910/B11/2010

Guyya 10/8/2010

**Biiroo Bishaan Albuudaa fi Inerjii Oromiyaa tiif**

**Finfinnee**

Dhimmi isaa:- Faayilaa hojjettaa erguu ta'a.


Ol-mata duree irratti ibsuuf akkuma yaalae Hojjettaa W/Bishaan Albuudaa fi Inerjii /A/G/Qeebbee kan ta'an **Obbo Bayeessaa Waratii Hiikaa** gara Biiroo keessanitti waan jijjiramaniif faayila dhuunfaa isaanii fuula **38** Xalayaa geggeessituu kanaan wal-qabsifnee kan erginee ta'uu keenya beeksifna.

Nagaa Wajjin

Keenaasaa Tasammaa Dhinsa

Qindeessaa Adeemsa Hojii Bul/Q/H/Namaa

Dabalee $D_{22}$



Lakk 200/W/Dhi/Dub/Da'iimman

Guyyaa 17/9/2010

Bakka Dhimmi isaa ilaalatu Hundaaf

B/J

Dhimmi isaa:-**Deggersa kennu ta'a**


Ol-mata duree irratti akkuma ibsame hojjetuu W/Dh/Du/Da'iiman Aanaa Gawoo Qeebbee kan ta'an **Adde Birhaane Abarraa Bakakoo** beeksisa bahe irratti dorgomuf deggersa nugaafachuun isan beekamadha.

Kana waan ta'eef hojjetuun kun beeksisa bahe irratti dorgomanii yoo darban /mo'atan/ kan hin mormine ta'u keenya isin beeksifna.

Nagaa wajiin

Caaltuu Immiruu

Dabalee $D_{23}$



Go/Qellam Wallaggaatti
Waajjira Dhimma Dubartootaa
fi Daa'immanii A/G/Qeebbee

Lakk 207-Dhi-Dub-Da-201

Guyyaa 30-9-2010

Wajjira PSMQN ttif

**Qeebbee**

Dhimmi isaa :- **Namotaa sadarkaa gudinaa qaban isinii erguu ta'a**

Olitti ibsuuf akkumaa yalamee namoota sadrkaa guddinaa argachuu qaban nugafatanii waan turtanif unkaa kana gunee isinii erguu kenyaa xalayaa fulaa_____________qabuu wal qabsifnee isinii erguu keenya isiin beksifnaa

Nagaa wajjin

Caaltuu Immiruu

I/A/I/G/W/Dhi/Dub/Geggeessaa/
Hoj/Koordiin/W/Dhi/Dub/
Da'ii/A/G/Qeebbee

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame, hojiin qorannoo kanaa hojii jalqabaafi yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti dhimma kanaan walfakkaatuuf kan hojiirra oole akka hin taane. Kana malees, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Tolaa Ayyaanaa Yaaddessaa

Mallattoo __________________

Guyyaa ________________